# QAACCESSA WAALLEE GEENGOO QULQULLINA BARNOOTAA: HAALA MANA BARUMSAA SADARKAA TOKKOFFAA HAROO NAADOO AANAA MANA SIBUUN

QIXXAATAA TOTTOOBAA

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

# QAACCESSA WAALLEE GEENGOO QULQULLINA BARNOOTAA: HAALA MANA BARUMSAA SADARKAA TOKKOFFAA HAROO NAADOO AANAA MANA SIBUUN

**QIXXAATAA TOTTOOBAA**

**GORSAAN: DR, ADDUNYAA BARKEESSAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

**Yuuniversiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi Og-barruu Barsiisuun guuttachuuf Qixxaataa Tottoobaa Yaadataa Mataduree "*Qaaccessa Waallee Geengoo Qulqullina Barnootaa: Haala Mana Barumsaa Sadarkaa Tokkoffaa Haroo Naadoo*" jedhu sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'ee guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa________________________________Mallattoo__________Guyyaa___________

Qoraa keessaa______________________________Mallattoo__________Guyyaa__________

Gorsaa_____________________________________Mallattoo__________Guyyaa__________

_____________________________________________________________________

Itti gaafatamaa muummee ykn Qindeessaa Digirii Lammaffaa (MA)

# Axereeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa Geengoo qulqullina barnootaa keessatti waallee dubbiisaa qaaccessuu yemmuu ta'u, akka mana barumsaa sadarkaa 1ffaa Haroo Naadootti wanti jedhamuufi godhamu ergaa maalii akka dabarsu, Barsiisotaafi barattoota biratti ilaalcha akkamii akka qaban sakatta'uudha. Qorannoo kana gaggeessuudhaaf wanti na kakaase, mala baruufi barsiisuu raayyaa misooma barnootaafi tokko shanee keessatti dhimma barumsaan walqabsiisanii siyaasa gaggeessaa waan turaniif, ammas geengoo qulqullina barnootaa keessatti wantootni jedhamaniifi wantootni hojjetaman maal fakkatu kan jedhu ergaasaa sakatta'uufiidha. Yaaxxinoota kanneen akka yaaxina haasgochaafi yaaxxina hariiroo xinqooqa hawaasaa fayyadameera. Bu'uuruma kanaan qorannoon kun malleen qorannoo jalatti odeeffannoon Afgaaffii barsiisotaafi hoggantootaa, mariin garee barattootaafi daawwannaa daree barattootaan funaanameera. Ragaan funaaname jechaan waan ta'eef jechumaan hiikamee mala akkamtaan hiikamee ibsamee taa'eera. Argannoowwan qorannoo kana irraa argaman akka mul'isanitti, Ilaalchi barsiisonniifi barattootni geengoo qulqullina barnootaa irratti qaban kan siyaasaan walqabateefi hoggantoonni duwwaan kan itti amanan ta'uu hubatamee jira. Dabalataanis, keessoon geengoo qulqullina barnootaa siyaasaan kan walqabateefi malawwan baruufi barsiisuu dura turan irraa akka hinfagaannee kan agarsiisuudha. Akkasumas, namoonni jibba qaban, mormii, komiifi aarii keessa isaanii jiru sodaa qabaniin mul'inatti kan hindubbannee bifa afoolata garaagaraan afaanitti fayyadamanii ibsachuu isaanii hubatamee jira. Malli baruufi barsiisuu kun laafaafi egeree barattootaaf bu'aa kan hinqabne ta'uusaa hubatamee jira. Akkasumas, GQB ilaalchisee yaadota bifa raayyaa misooma barnoota qaban keessaa haquun osoo barnoota giddugaleessa gochuun mootummaan dhimma barnootaa qaama barnootaa duwwaaf kennee gaariidha. Dabalees Ilaalchonni dhimma siyaasaa of keessaa qaban qulqullina barnootaa irratti gufuu waan ta'aniif barnootni otoo of danda'ee biiroo barnootaan seekularii ta'ee of bulchee akka furmaataatti ka'amaniiru.*

# Galata

Jalqabarratti Waaqayyoo isa waan hundaa danda'u waan hundaa keessa na dabarsee asiin naga'eef galanni hammana hin jedhamne isaaf haata'u. Qorannoon kun bifa ammaa kana qabatee akka qophaa'uuf yeroo isaanii aarsaa gochuun nuffii tokko malee deggarsa ogummaa naaf kennaa, sirreessaa, jajjabeessaa, gorsaa kan turan gorsaa koo Dr, Addunyaa Barkeessaa galanni guddaan isaan haa qaaqqabu.

Yeroon qorannoo kana gaggeessaa turetti, odeeffannoo barbaachisaa ta'e of qusannoo tokko malee kan naaf kennan barsiisotaafi barattoota Mana barumsaa sadarkaa Tokkoffaa Haroo Naadoo fi Hoggantoota waajjira barnootaa Aanaa Mana sibuuf galannikoo guddaadha.

Hojiikoo kana obsaafi ciminaan akkan hojjedhuuf bakka guddaa kennuufiin yeroo mara kan nacina dhaabbachaa turte haadha warraa koo Barsiistuu Beetel Malkaamuu oolmaashee deebisuufin natti cima, guddaa galatoomi, naaf jiraadhun jedha. Obboleessa koo Ayyaanaa Tottoobaas deggarsa karaa hundaa naaf gooteef galatoomi. Barsiisaa Abbabee Magarsaa gargaarsa maallaqaa kan nadeggere galanni koo sihaa qaqqabu.

Dhumarratti abbaa koo Tottoobaa Yaadataafi haadha koo Abbarrash Abbeessaa warra akka ani kana hunda bira ga'uuf ijoollummaa kootii kaasanii dhandhama barumsaa nakeessatti uumanii sadarkaa kana akkan ga'u godhaniif obbolaawwan koo hundaan naa jiraadhaa iji hamtuu isin hinarginan jedha.

**Jechoota Gabaajeefi Kottoonfachiiftuu**

| | |
|---|---|
| BBO | Biiroo Barnoota Oromiyaa |
| CDA | Critical Discourse Analysis |
| CIRCLE | The Center for Innovation Research Creativity and Leadership in Education |
| ETUCE | European Trade Union Committee for Education |
| Fkn | Fakkeenyaaf |
| GEQIP | General Education Quality Improvement Package |
| GQB | Geengoo Qulqullina Barnootaa |
| SV | Save The Children |
| UDUPA | Upstanding Dandy Uncanny Patience Aptitudes |
| UNESCO | United Nations Educational, Scientific and Cultural Organization |
| UNICEF | United Nations International Educational Children's Fund |
| WB | World Bank |
| WEF | World Education Forum |
| Ykn | Yookiin |

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa ........ i
Galata ........ ii
Jechoota Gabaajeefi Kottoonfachiiftuu ........ iii
Baafata ........ iv
BOQONNAA TOKKO-SEENSA ........ 1
1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........ 4
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 5
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 6
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 6
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 6
1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa ........ 7
1.8. Qindoomina Qorannichaa ........ 8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........ 10
2.1. Seensa ........ 10
2.2. Qulqullina Barnootaa ........ 10
2.2.1. Barbaachisummaa Qulqullina Barnootaa ........ 11
2.2.2. Tooftaalee qulqullinni barnootaa ittiin eegamu ........ 12
2.2.2.1. Himaammata Barnootaa ........ 12
2.2.2.2. Naannoo Mana Barumsaa ........ 14
2.2.2.3. Meeshaalee Mana Barumsaa ........ 14
2.2.2.4. Gahee Barsiisaa ........ 15
2.2.2.5. Maatii Barattootaa ........ 15

2.2.3. Geengoo Qulqullina Barnootaa ........ 15
2.2.3.1. Wantoota Qulqullina Barnootaatti gufuu ta'an. ........ 17
2.2.3.2. Rakkoowwan Qulqullinni Barnootaa dhibamuun dhufan ........ 18
2.3. Yaadrimee Waallee ........ 19
2.3.1. Faayidaa Waallee ........ 20
2.3.2. Gosoota Waallee ........ 21
2.3.3. Waalleefi Yoomessa ........ 23
2.3.4. Waalleefi Illaanya(Idealogy) ........ 24
2.3.5. Waalleefi Aangoo ........ 25
2.3.6. Maleenya Qaaccessa Waallee (Approaches To DiscourseAnalyisis) ........ 25
2.3.7. Qaaccessa waallee liixaa ........ 26
2.4. Waalleefi Barnoota ........ 27
2.5.Yaaxxinaalee Qo'annoon Kun Bu'uureffate ........ 28
2.5.1. Yaaxxina Haasgochaa(Speech Act Theory) ........ 28
2.5.2. Yaaxxina Hariiroo Xinqooqa Hawaasaa (Interactional Sociolinguistics Theory) ...... 29
2.6. Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 30
BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALLEEN QO'ANNOO KANAA ........ 33
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 33
3.2. Mala Qorannichaa ........ 33
3.2.1. Mala Iddatteessuu ........ 33
3.2.2. Madda odeeffannoo ........ 34
3.2.3. Mala Odeeffannoon Ittiin Funaanaman ........ 34
3.3.3.1. Afgaaffii ........ 35
3.3.3.2. Marii Garee ........ 36
3.3.3.3. Daawwannaa ........ 37

3.4. Mala Qaaccessa  Ragaa ........ 37

BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE ........ 38

4.1. Seensa ........ 38

4.2. Duubee Odeeffannoo Kennitootaa ........ 38

4.3. Waan Hawaasni Mana Barnootaa Haroo Naadoo Geengoo Qulqullina Barnootaa Irratti Jedhan ........ 39

4.3.1. Mammaaksa ........ 40

4.3.2. Geerarsa ........ 41

4.3.3. Jechama ........ 43

4.3.4. Malleen dubbii ........ 43

4.4. Geengoo Qulqullina Barnootaa ilaalchisee ergaa wanta namoonni jedhaniin darban ........ 46

4.4.1. Komii ........ 46

4.4.2. Mormii ........ 47

4.4.3. Jibbiinsa ........ 49

4.4.4. Gaabbii ........ 50

4.4.5. Hawwii hindhugoomin hafe ........ 53

4.4.6. Aarii ........ 54

4.4.7. Quuqama (miidhama) ........ 56

4.4.8. Deggersa ........ 58

4.5. Daawwannaa Daree ........ 61

4.5.1. Daawwannaa Daree kan barsiisaa ilaallatu ........ 61

4.5.2. Daawwannaa kan daree barnootaa ilaallatu ........ 63

4.5.3. Daawwannaa meeshaalee deggersa barnootaa ilaalchisee ........ 64

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO .......... 66
5.1. Cuunfaa .......... 66
5.2. Argannoo .......... 67
5.3. Yaboo qorannichaa .......... 68
Wabiilee .......... 69
DABALEE-

# BOQONNAA TOKKO-SEENSA

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Barnootni meeshaa guddinaa, furtuu hiyyummaa fi misooma humna namaa fiduu keessatti gahee olaanaa qaba. Akkasumas idaa'ama adeemsa karaa namoonni dandeettiiwwan ga'umsaa, ilaalchaa, hubannaa, tarsiimoo, naamusaa, ogummaafi bifa amala sona gaarii isaan hawaasa keessa jiran keessatti gabbifataniidha (Derebsa, 2004). Barnootni jiruufi jireenya ilma namaa keessatti ga'ee olaanaa qaba. Dhalli namaa bineensa irraa kan ittiin adda ba'u waa yaadee adda baasee hojjechuu danda'uusaatiin. Yaaduma ilma namaa kana kan gabbisuufi akka inni ittiin hojjetee gara fuulduraatti jijjiirama fooyya'aa agarsiisuu kan isa taasisuu barnoota.

Kaayyoon barnootaa inni duraa lammii beekumsaa fi dandeettii qabu, ofitti amanu, itti gaafatamummaa kan fudhatu, guddina biyyaa kan tumsuu fi jiruu fi jireenya hawaasaa keessatti dhalatee fi keessa jiraatu kan jijjiiru uumuu akka ta'e nama hin mamsiisu. Misoomni qabeenya ilma namaa haal-duree bu'uura ijaarsa biyyaati. Bu'a qabeessummaa yookaan bu'aa dhabeessummaan barnootaa immoo haalotaa fi wantoota wal xaxoo adeemsa barnootaa fi qabatamaa mana barnootaa irratti hundaa'a. Kanaa wajjin wal qabatee, fedhii fi kaka'umsi barattootaa, leenjii fi muuxannoon barsiisotaa fi tooftaa barnootni itti dhiyaatu, haala qophii sirna barnootaa, gurmaa'inni mana bamootaa fi kurfaa'inni barattootaa bu'aa barnootaa argamuu qabu alatti dhiibbaa gaarii yookaan badaa qaqqabsiisuu danda'u. Barnootni galmaa'ee fi qindaa'ee dhiyaatu misooma humna namaa argamsiisuun guddina biyya tokkoo dhugoomsa. Jiruufi jireenya barataa, maatii barataa fi hawaasaa fooyyessa. Gama kanaan Chowdhury fi Chowdhuryiin, (2002:89), bifa itti aanuun yaada armaan gadii kaa'u.

> *The development of human resource is a basic pre-requisite for nationbuilding. Children constitute the most important base of human resourceendowment. This realization has generated immense interest and creativethinking in the field of child development and education. Children needworthwhile skills and experiences to become competent and responsiblecitizens that benefit themselves, their parents and the country at large. This calls for an organized and meaningful education.*

Kun kan agarsiisuu barnootni qindaa'ee guddina daa'imman biyya tokkoof murteessaa ta'uu mul'isa.Hojiin barnootaa karooraafi sagantaadhaan akka haala qabatamaa biyyoota adda addaatti

kangaggeeffamu yommuu ta'u, akkaataan itti dhiyaatus guddachaa fi fooyya'aa dhufeera. Haaluma kanaan, Carraa barnootaaqulqullina qabu wal geessisuu keessatti faayidaan mala baruu fi barsiisuu olaanaadha. Keessattuu, mala baruu fi barsiisuu barataa gidduu-galeessa godhattetti fayyadamuun mala ammayyaa akka ta'ee fi hirmaannaa si'aa'ina qabu barattoota akka gonfachiisu qorannoon addaa addaa ni agarsiisa. Hojiin barnootaa uumama isaatiin hojii hawaasummaa waan ta'eef milkaa'ina isaatiif qaamota gara garaa qindeessanii sochoosuu barbaada. Kana milkeessuuf yeroo gara yerootti maqaa gara garaatiin barsiisota, barattootaa, hoggansa barnootaafi qooda fudhattoota ijaaruun sochoosuuf yaaliin gara garaa godhameera. Ta'us ijaarsi kun haala qabatamaa barnootaa kan hinibsine, waanta'eef ijaarsuma qofaan darbaa ture. Ammas ijaarsa haaraa Geengoo qulqullina barnootaa kan jedhu ijaaramee ittiin hojjetamaa jira. Jaarsi GQB kan hojiirra oole bara 2010 yemmuu ta'u, raawwiin isaa hamma irra jiru garuu laafaafi kan dadammaqina hinqabneedha. Gurmaa'insa kanas kanneen duraa irraa wantootni adda godhan baay'ee waan hinmul'anneef ijaarsasaa kana waallee dubbiin wantoota jedhamaniifi godhaman ergaa isaa qaaccessuuf qorannoon kun irratti gaggeeffameera.

Afaan waliigaltee ilmaan namaa gidduutti uumuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Wantootni jireenya hawaasaatiif barbaachisan kan ittiin ibsaman karaa itti fayyadama afaaniitiin ta'a. Haalli fayyadama afaanii kun ammo iddoowwan garaagaraatti bifa adda addaatiin hojiirra oola. "Language in use is a variety of setting,"(Halliday 1994:233). Akka yaada kanaatti afaan yoomessa adda addaa keessatti haala jireenya irratti hundaa'anii fayyadama afaanii kanneen akka iddoo barnootaa, daldalaa, mana yaalaa, iddoo taphaa, dirree siyaasaafi kkf, keessatti haala garaagaraatiin dhimma itti bahama. Gama birootiinis itti fayyadamni afaanii ilaalchaafi raawwii namootaatiin kan walqabatu ta'uudha. Yaada kanas Hodge and Kress (1993:257) yoo ibsan, "Language is to treat as ideology, actional and relational classification of thoughts and ideas should be taken into consideration"jedhu. Akka yaada ibsame kanaatti fayyadamni afaanii namoota yaada garagaraa qaban  karaa giddugaleessa ta'een walitti fiduun kan waltaasisu ta'uu hubanna.Yaadota gubbaatti dhiyaate kanneen irraa ka'uun afaan haala iddoo garaagaraatti dhimmoota adda addaatiif karaa garaagarummaa qabuun hawaasni waliigalteef kan itti fayyadamu ta'uu hubachuun ni danda'ama. Namootni  yeroo afaanitti fayyadaman haala afaan iddoo sanii beekuufi beekuu dhabuun walqunnamtii gidduu isaaniitti taasifamu irratti dhiibbaa geessisuu danda'a. Hawaasni haala adda addaa keessatti maaliif itti fayyadama afaanii

garagaraatiin akka dhimma bahan, fayyadamni afaanii tajaajila akkamii akka kennu, kutaa hawaasa adda addaa biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf ammo gaaffilee bu'uura xinqooqaa hawaasni afaan eenyutu, eessatti, maaliif, haala akkamii keessatti akka dubbatee itti fayyadamu beekuun barbaachisaadha (Clark, 1996; Fishman 1971 fi Wolff, 2000).
Afaan tajaajila hawaasaa keessatti bakka hedduutti tajaajila garaa garaatiif oola. Yaaduma kana ilaalchisuun, hayoonni Hodge and Kress (1993) akka ibsanitti, Afaan kan dhalli namaa hawwii, fedhiifi yaada isaa mallattoolee adda addaatti gargaaramuun ittiin ibsatuudha jedhu. Kana irraa kan hubannu, afaan handhuura jireenya ilmaan namaa ta'uu isaafi namni miira isatti dhagahame jaalala, jibba, gadda, gammachuufi kan kana fakkaataan afaaniin ibsata. Afaanni gochaawwan sammuu isa guddaa ta'uun waa'ee achii as dhufaatii keenyaa maal akka taane, akka namtokkeetti, akka hawaasaatiifi akka aadaatti kan nuti ittiin of ibsinuudha.

Haalli fayyadama afaanii iddoowwaniifi akkaataa dhimma itti bahan irratti garaa garummaa qabaachuu danda'a. Haaluma kanaan haala fayyadama afaanii ilaalchisee, hawaasni garee tokkoo haala waliin jiraatu irratti hundaa'ee garaa garummaa looga fayyadamuu akka danda'an hubachuun nidanda'ama. Barnootni baay'een osoo bifa qindaa'e hinqabaatin dura bifa waallee dubbiitiin kan fayyadamamaa ture ta'uusaa ni beekama. Sababni isaas, waalleen dubbii kan qindaa'eefi walqabatee akka waallee barreeffamaatti dhihaatu osoo hin taanee yaa'iinsi yaadaa ciccitaafi walqabatiinsa kan hin hiqabne rakkoon waliigaltee yeroo uumamutti dhaggeeffataan ibsa dabalata gaafachuuf, itti fayyadama afaanii keessatti irra deddeebbiin mul'achuufi itti yaadamee utuu hinta'iin yoomessa battalaa keessatti waan gara sammuu dubbataatti dhufe fayyadamuufi kkf bal'inaan mul'atu. Dhimmi afaan keessaa hafe hinjiru: kallattiinis ta'ee alkallatiin jiruufi jireenyi dhala namaa afaanirratti ijaarame. Isa malee baatii galli, allii manni ona. Daangaan hubannoo dubbataa afaan tokkoo murtaawaa ta'uyyuu, afaan waamara.Haaluma kanaan hawaasni gosa hojii garaa garaatti bobba'ee jiraata. Bakka hojii isaatti ammoo, dubbiidhaanis ta'ee barreeffamaan walqunnamtii ni taasisa. Wal-qunnamtii kana keessatti afaan bakka hojii sanaa gahee guddaa qaba. Afaan hojiin ittiin geggeeffamu beekuufi dhiisuun hojichaan gahaa ta'uufi dhiisuu waan murteessuuf, hamma galii keenyaallee ni daangeessa (Addunyaa, 2010). Dabalataaniis *gareen qormaata Afaan Oromoo*(2005:82) Wiley (1996) waabeffachuudhaan yoo ibsu, "Language in education is concerned with designating language(s) of instruction recruiting teachers based on their language and litercy backgrounds, provide for first,second and foreign languge instruction and developing curricula, syllabus and materials that

are sensitive to the language and cultural backgrounds of the students" jedheetti kaayee jira. Akka hayyuun kun ibsetti afaan barnootaa jechuun afaan barnootni ittiin kennamu murteessuu, barsiisota afaanicha barsiisan qopheessuu, meeshaalee barnootaa kan akka silabasii, kitaabaa, meeshaalee barnootaa biroo kan aadaa dub-duubee hawa asaa qopheessuu waliin kan walqabate ta'uu isaa irraa hubatama.

Walumaa galatti afaan bifa waallee dubbiin geengoo qulqullina barnootaa keessatti namootni akkamitti akka itti fayyadaman sakatta'uuf kan gargaaruudha. Kanuma bu'uura godhachuudhaan qorannoon kun haala waliigala waallee geengoo qulqullina barnootaa mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Haroo Naadoo irratti kan xiyyeeffateedha.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Sirna barnootaa biyya keenyaa keessatti Raayyaa misooma barnootaa gurmeessuun tokko-shaneen qulqullina barnootaa akka eegsisu tokkotti fudhatamee hojiirra oolaa ture. Yeroo tooftaa tokko-shaneen kun hojiirra oolaa turetti siyaasaaf barbaadamuusaa malee, bu'aa akka hinqabnee barattootniifi barsiisonni guungumaa turan. Hawaasa keessattis namoota tokko-shaneedhaan ijaaruun siyaasa mootummaa sababa gaggeessaniif, mana barnootaa keessatti milkaa'aa akka hintaane karaa adda addaa ni dhaga'ama ture. Garuu, qaamni isaan dhaga'u  hinturre. Boodarra garuu Biiroon Barnoota Oromiyaa rakkina kana hubatee tokko-shaneen akka hafu taasise. Duras qorannoon waan hin eegalleef, yeroo hafus qorannoo malee hafe. Kan hafe garuu erga hiree barattoota hedduu irratti taphateeti. Barattootni dareetii dareetti darbuu malee waan baratan irratti ga'umsa kan hinqabneefi ittiin galma barbaadamu bira kan ittiin ga'aa hinturredha. Boodarra ammoo, Tokko-shaneen hafee Geengoo qulqullina barnootaatti(GQB) geddarame. Kunis hanga ani beekuutti qorannoon gaggeessamee osoo hintaanee akkasumaan kan biyya biraa irraa fudhatamedha. Geengoo qulqullina barnootaa kanarrattis barattoonniifi barsiisonni guungumaa jiru. Daree barnootaa keessattis hojiirra oolmaan isaa laafee jira. Bu'uuruma kanaan Mana Barumsaa Haroo Naadoo keessattis guungummiin kun waan mul'atuuf qorannoo irratti gaggeessuuf filadheen jira.

Rakkoolee kanneen furuun qulqullinni barnootaa akka mirkanaa'uuf hawaasaf qulqullina barnootaa waan baay'eetu walitti isaan fida. Isaan keessaa muraasni, dhimma fooyya'iinsa qabxii barattootaa irratti mana barumsaa waliin mari'achuun fala barbaaduu, daa'imman isaanii naamusa akka eegan gorsuu, barattoota yeroon gara mana barumsaatti erguu, yeroo isaan itti

qayyabatan kennuufi mana barumsaa yeroo dhaqaniifi galan hordofuufi kana kan fakkaatan hawaasaafi qulqullina barnootaa walittifida. Kanneen armaan olitti ka'an bu'uura godhachuudhaan geengoo qulqullina barnootaa keessatti hawaasni haala kamiin qooda fudhachuu akka danda'u irratti qorannoo geggeessuun waan barbaachisuuf hawwiifi rakkoon qabatamaan yeroo ammaa kana mana barumsaa kana keessatti mul'achaa jiru akkan mata duree kana filadhuuf dabalataan na kakaaseera. Muuxannoo koo irraa akkan beekuutti barattoonniifi barsiisonni mana barumsichaa Geengoo qulqullina barnootaa gara siyaasaatti geessuun si'a tokko tokko shanee si'a tokkommoo geengoo qulqullina barnootaa jechuun nujeequ jedhanii guungumaa jiru. Haalaanis daree keessatti hojiirra oolchaa hinjiran.Kallattiimaan hojii siyaasaan walqabsiisu. kanaaf, gochi isaanii kun qorannoo kana waallee geengoo qulqullina barnootaarratti akkan gaggeessuuf nakakaaseera.

Haaluma kanaan, qorannoon kun gaaffilee armaan gadiitiif deebii kennuu yaala.

1. Geengoo qulqullina barnootaa ilaalchisee Mana Barumsaa Sadarkaa Tokkoffaa Haroo Naaddootti maaltu jedhama?
2. Geengoon qulqullina barnootaa barsiisotaafi barattoota biratti haala kamiin ilaalama?
3. Geengoo qulqullina barnootaa irratti wanti jedhamuufi wanti godhamu ergaa maalii qaba?
4. Geengoon qulqullina barnootaa haala akkamiin hojiirra oolaa jira?

### 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa: Mana Barumsaa Haroo Naaddoo Sadarkaa Tokkoffaa keessatti, waallee Geengoo Qulqullina Barnootaa maal akka fakkaatu qaaccessuudha. Kaayyoowwan gooree ammoo kanneen armaan gadii ta'u.

1. Geengoo Qulqullina barnootaa ilaalchisee Mana Barumsaa Sadarkaa 1ffaa Haroo Naadootti keessatti waan jedhamu adda baasuu
2. Geengoon qulqullina barnootaa barsiisotaafi barattoota biratti haala kamiin ilaalamaa akka jiru xiinxaluu
3. Geengoo qulqullina barnootaa irratti wanti jedhamuufi wanti raawwatamu ergaa maalii akka dabarsan xiinxaluudha.
4. Geengoon Qulqullina Barnootaa haala akkamiin akka hojiirra oolaa jiru xiinxaluudha.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Bu’aan qorannoo kanarraa argamu faayidaalee armaan gadii argamsiisuu danda’a.

- Rakkoowwan qulqullina barnootaa keessatti mul'atan adda baasee, rakkoowwan mul'atan kanaaf furmaata kaa'a.
- Ilaalcha akkamii akka namoonni geengoo qulqullina barnootaa irratti qaban adda baasee ergaa isaa qaaccessee kaa’a.
- Haala fayyadamtoonni geengoo qulqullina barnootaa mala kanarratti jedhan kanneen duraa raayyaa misooma barnootaa, shaneefi siyaasaan walitti hidhamiinsa qabu agarsiisa.
- Beekumsa hayyoonni sirna barnootaa qopheessuu irratti qaban cimsa.
- Namoota gara fuladuratti mata duree kanaan wal-fakkaatu irratti qorannoo gaggeessaniif akka yaada ka’umsaatti madda ta’uu danda’a.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Naannoo Oromiyaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Mana Sibuu Mana Barumsaa Sadarkaa tokkoffaa Haroo Naadoo kutaa $5^{ffaa}$-$8^{ffaa}$ keessatti waallee geengoo qulqullina barnootaa qaaccessuudha. Sababni mana barumsaa kana keessatti daanga’eef ammoo qoratichi barsiisaa mana barumsaa kanaa barsiisuu waan ta’eef barattootaafi hawaasni naannoo sanaa ammoo hubannoo isaan dhimma geengoo qulqullina barnootaa irratti qaban itti dhiheenyaan gaafachuu waan danda’uufi. Akkasumas barattoota mana barumsaa Haroo Naadoo geengoo barnootaan ijaaraman waan barsiisuuf mana barumsaa kana filatee daangesse.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu rakkinni adda addaa muudachuun hinoolu. Qorannoon kun yemmuu geggeeffamutti rakkooleen garaagaraa qoraticha mudatanii ni jiru. Isaanis: Sakatta’a barruu irratti geengoo qulqullina barnootaan walqabatee wantootnni barreeffaman dhibuun hanga dubbise keessaa, akkasumas qajeelfamni kun dhihoo bara 2010 sababa hojiirra ooleef sakatta’a barruu argachuuf kan rakkiseedha.Sababa addaan fageenya lafaafi jeequmsa naannoo sana tureen gorsaa waliin yeroo jedhametti walarguu dhabuun hanqina ta’ee mul’ateera. Deemsa karaa fagoofi meeshaalee qorannoof barbaachisan bituuf bajatni qoratichaaf ramadame waan hinjirreef (dhuunfaa), hanqinni maallaqaa qoratichicha mudateera. Haa ta’uu malee qorataan rakkoowwan kanneeniif jecha qorannoon isaa osoo hingufatin obsaafi garaa kuteenyaan qorannoon isaa akka milkaa’uuf hojjeteera.

## 1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Manni Barumsaa Haroo Naadoo Naannoo Oromiyaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Mana Sibuu Ganda Gomboo Qilxu Jaalee keessatti Bara 1969 kan hundoofteefi sadarkaa 1-8 kan qabduudha. Manni barumsaa kun argamnishee karaa Bahaa Aanaa Qilxukaarraa, karaa Lixaa magaalaa guddoo Aanaa Mana sibuu Mandii, karaa Kaabaa Ganda Rigaa Sacciifi karaa Kibbaa immoo Ganda Harawwee Dambii jedhamtu gidduu kan jirtuufi Magaalaa guddoo Naannoo Oromiyaa Finfinnee irraa kiilomeetira 575 kan fagaattuudha.

Barattootni Mana Barumsaa Haroo Naadoo kanatti baratan yeroo ammaa %75 kan ta'an ganduma Gomboo Qilxu Jaalee keessaa kan ba'aniifi, %25 kan ta'an ammoo gandoota ollaa irraa dhufanii kan barataniidha. Kanneen keessaa %30 kan ta'an ibsaa yemmuu argatan %70 garuu rakkoo ibsaa qabu. Barattootni kun daandii guddaan gandasaanii keessa qofa waan qaxxaamuruuf barattoonni fagoo irraa dhufan rakkoo geejjibaaf saaxilamoodha.

Haala barsiisotaan yemmuu ilaalamu manni barumsichaa magaalaa guddoo aanaa sanaaatti dhihoo waan ta'eef, mana barumsichaa keessa barsiisonni jiran barsiisota buleeyyiifi muuxannoo hojii dheeraa qabaniidha. Haalli ga'umsaafi leenjii isaanii barsiisonni dhi 6fi dub 3 waliigala 9 sadarkaa barnootaa Digirii; dhi 2 dub 7 waliigala 9 immoo Dippiloomaa kan qaban yemmuu ta'an waliigala barsiisonni dhi 8fi dub 10 ida'aman 18 ta'an hundi muuxannoo hojii waggaa 5-35 gidduu jiru kan qabaniidha.

Mana barumsaa kana keessatti meeshaaleen barnootaa yeroo amma reeshoon kitaaba barattootaaa kutaa 1-4, 1:3 yemmuu ta'u gosa barnoota Afaan Oromoo, Saayinsii Naannoofi Barnoota guddinaafi jabeenya qaamaa kutaa 1-4 tasuma mana barumsichaa keessa kan barataa hin jiru. Kutaa 5-8 immoo 1:1 ta'ee kitaaba Afaan Oromoo 5-8 garuu gonkumayyuu barataan kan hin qabneedha. Qajeelchi barsiisaa gosa barnootaa hundaan osoo hin taanee darbee darbee muraasni jira. Manni kitaabaa ga'aan hin jiru, inni jirus kitaaba barbaachisu kan qabu miti.

Haalli ijaarsa gamoowwanii kan ijaaramanii jiran baay'inaan ja'a yemmuu ta'aan kan baay'ee nama hawwatuufi istaandaardii kan guute miti. Manni barumsaa Haroo Naadoo hawwii hedduu qabdi. Hawwii geengoo qulqullina barnootaa ilaalchisee gara fuulduraatti qulqullina barnootaa mirkaneessuuf isheen qabdu deggersa mootummaafi miti mootummaatiin gamoowwan istaandaardii guutan barattoonni geengoo isaaniin mari'achuuf kan ta'u ijaarrachuu, mana dubbisa kitaabaa ijaaruufi kitaabilee guuttachuufi mana barumsichaa hawwataa taasisuuf

deggersa gaafachuun hojiiwwan garaagaraa hojjechuudha. Akkasumas, qe'ee jireenya barsiisotaa ijaaruun barsiisonni fageenyaarraa akka hin deddeebineef haala mijeessuuf hojjetamaa jira. Yeroo ammaa kana rakkoon ulfaataan mana barumsichaa, gamoowwan istaandaardii guutanii ijaaraman dhibuu irraa kan ka'e haalli teessuma barattootaa geengoon mari'achuuf mijaataa kan hintaane ta'uu, rakkoo naamusa barattootaa, barnootaaf fedhii dhabuu barattootaafi barsiisonni bakka taa'umsaa dhabuun fageenyaarraa deddeebi'anii barsiisuun isaaniif hanqina baajetaa guddaan jiraachuun isaan ijoodha.

Walitti dhufeenyi hawaasni mana barumsaa wajjin qabu hirmaannaan humnaanii daran olaanaa yoo ta'eeyyuu maallaqaan deggersi jiru laafaadha. Haata'uyyuu malee, qulqullina barnootaa mirkaneessuuf ga'ee isaanirraa eegamu naamusa barattootaa eeguufi kabajaa isaan qaban kan namatti toluudha.

## 1.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shan qaba. Boqonnaan jalqabaa mata dureewwan xixiqqaa saddeet ofjalatti qabatee jira. Isaanis: ariirrata, ka'umsa, kaayyoo, faayidaa, daangaa, hanqina, Ibsa naannoofi qindoomina qorannichaati. Ariiratni mata duree qorannichaa, qabxiiwwan ijoo qorannichaa kan keessatti ibsameedha. Ka'umsa qorannoo keessatti immoo qoraticha qorannoo kana gaggeessuuf maaltu akka isa kakaase ibsameera. Kaayyoo qorannichaa keessattis qorannichi kan gaggeeffamu maal argachuuf yaaddameet akka ta'e addeeffameera. Faayidaan qorannichaa jalatti immoo bu'aan yookiin argannoon qorannichaa maal fayyaduu akka danda'u ibsameera. Hanqinni qorannichaas kan ibsu qorannichi guutumaan guutuutti mata duree qorannichaa guduunfuufi adeemsa qorannichaa raawwachuu keessatti hanqina maalii akka muudate kan ofjalatti hammatee jiruudha. Qindoominni qorannichaa immoo kutaan qorannichaa jalqabaa hanga dhumaatti akkamitti akka qindaa'ee jiruufi maal maal ofjalatti haammatee akka jiru kan ibsuudha.

Boqonnaan lammaffaanmata dureewwaan kanneen akka Qulqullina barnootaa, barbaachisummaa qulqullina barnootaa, tooftaalee qulqullinni barnootaa ittiin eegamu, Geengoo qulqullina barnootaa, yaadrimee waallee, gosoota wallee, faayidaa waallee, maleenya qaaccessa waallee, yaaxxinniifi barruu walfakkii kan of jalatti haammateedha.

Boqonnaa sadaffaan immoo saxaxa qorannichaafi malleen qorannichaa ofjalatti hammatee jira. Saxaxa qorannichaa keessatti adeemsawwan jalqabaa hanga dhumaatti qorannoon kun keessa

darbetu ibsame. Mala qorannichaa jalatti immoo madda ragaalee, iddattoofi mala iddatteessuu,mala ragaan ittiin funannameefi duubee odeefkennitootaatu ibsamee jira.

Boqonnaa arfaffaanqaaccessa ragaaleetu keessatti adeemsifame.Qaaccessa ragaalee kana jalattis waan namootni mala baruufi barsiisuu geengoo qulqullina barnootaa guunguman ergaasaa fayyadama afaanii keessattis qabiyyeewwan afaaniifi hiika qabiyyee afaanii kanneen hawaasni bifa afoolaan dhimma itti bahan xiinxalamanii hiika argataniiru.

Boqonnaan inni dhumaa goolaba,argannoofi yaboodha. Goolabni adeemsi qorannichaa jalqabaa hanga dhumaatti maal keessa akka darbeefi akkamitti akka raawwate kan keessatti ibsameedha. Argannoo jalatti kaayyoofi gaaffilee qorannoo bu’uuraa qoratichi qabatee qorannicha gaggeesseen argannoon qorannichaa adda bahee ibsameera.Yaboo jalatti immoo argannoo qorannichaa xiinxaluun fuulduratti dhimmoota argannoon wal qabataniin maal ta’uu akka qabu ibsuun hojiin qorannichaa xumurameera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Seensa

Boqonnaa kana jalatti yaada hayyootaa kan waallee geengoo qulqullina barnootaa irratti xiyyeeffatamanii barreeffaman sakata'amaniiru. Akkaataa kanaan, mata dureewwaan kanneen akka Qulqullina barnootaa, barbaachisummaa qulqullina barnootaa, tooftaalee qulqullinni barnootaa ittiin eegamu, Geengoo qulqullina barnootaa, yaadrimee waallee, gosoota waallee, faayidaa waallee, maleenya qaaccessa waallee, yaaxxinniifi barruun walfakkii xiinxalamaniiru. Tokkoon tokkoo mata dureewwan kanneenii jalatti akkaataa barbaachisummaa qorannoo kanaaf ta'uutti qabxiilee ijoon ta'an addeeffamaniiru.

## 2.2. Qulqullina Barnootaa

Qulqullina barnootaa jechuun akkaataa barnootni ittiin safaramuufi sadarkaa barbaachisu keessa kan ittiin darbamuudha. Kunis akkaataa namoonni waan hojjetan ittiin mo'aniifi dandeettii isaanii karaa mul'isuu danda'aniidha(Hoy et al.2000). Yaaduma walfakkaatuun UNESCO(2009), qulqullina barnootaa yeroo ibsu, qulqullina barnootaa barattootni akka kaayyoo qabaatan, akka of danda'anii baratan kan taasisuu fi dandeettiin isaanii cimaa akka deemu, ilaalcha fagoo akka qabaatan taasisa jechuun ibsee jira.

UNESCO(2005), ammo qulqullina barnootaa yeroo ibsuu, qulqullinni barnootaa mana barumsaa keessatti mala barsiisuun barachuudha. Kana jechuun mana barumsaa keessatti kan baratamu qulqullina qabaatee jennaan bu'aan argamus qulqullina barnootaa ni mirkaneessa jechuun kaa'ee jira. Qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti hirmaannaa garaagaraa barbaada. Hirmaannaan kunis qaamotni hundumtuu yoo irratti hinhirmaanne qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti rakkoo guddaatu jira. Hayyoonni Goddard and Leask (1992), qulqullina barnootaa eegsisuu keessatti qaamolee garaagaraa hirmaachisuun akka barbaachisu kaasanii jiru. Keessumaa akka hayyooleen kun jedhanitti,hirmaannaan maatii, hirmaannaan barattootaa, hirmaannaan mootummaa, hirmaannaan barsiisotaafi hirmaannaan dhaabbilee garaagaraa qulqullina barnootaa keessatti ga'ee olaanaa akka qaban kaasu.

Grisay and mahlck (1991), qulqullina barnootaa keessatti wantootni murteessoo ta'an kanneen itti aanan kaa'u; Dandeettii barsiisotaa, ijaarsawwan, sirna qophaa'u, kitaaba barataafi tooftaalee barsiisuu akka ijootti kaasu. Qulqullinni barnootaa mala dhumataa osoo hintaanee, tooftaa ittiin

barsiisonniifi barattoonni ittiin wal hubachiisaniidha. Kunis qulqullinni barnootaa yo jiraatte barattoonni baratan egeree jireenya isaaniif carraa bareedaafi abdii guutuu qabu (ETUCE, 2002).

Walumaa galatti qulqullinni barnootaa safartuu waan baratanii fi waan hojjetanii kan murteessuu, hirmaannaasaa keesatti ammo qaamonni hundinuu ga’ee akka qaban nama hubachiisa. Kanumaan walqabatee waallee geengoo qulqullina barnootaa kan jedhuuf, yaanni hayyooleen armaan olitti qulqullina barnootaa irratti kennan qorannichaaf bu’uura ta’a.

### 2.2.1. Barbaachisummaa Qulqullina Barnootaa

Qulqullinni barnootaa guddina biyya tokkoof karaalee addaa addaa murteessaadha. Karaaa dinadgee, hawaasaa, siyaasaafi wanneen biroof murteessaadha. Leu and Price-Rom(2005), qulqullinni barnootaa kaka’umsa waan karoorsinuufi bu’aa irraa argamuudha. Mul’atni qulqullina barnootaa fedhii biyya sana waliin kan deemuudha. Biyyi barnoota qulqullina qabu argattu guddina saffisaa akka qabdu qabaatu nama hubachiisa. Karaa biroo barbaachisummaa qulqullina barnootaa Coombs(1985), yeroo ibsu qulqullinni barnootaa waan barsiisaniifi waan baratan agarsiisuuf, gaaffiiwwan fuulduraafi boodarra dhufan deebisuuf, ilaalchawwan gaarii ta’an milkeessuuf barbaachisa. Akkasumas, qulqullinni barnootaa imaammata barnootaa qopheessuuf, wantoota galtee barnootaa ta’an ittiin madaaluuf(inputs),(barattoota, barsiisota, meeshaalee barnootaa, dhiheessiifi hojiirra oolmaasaa), kaayyoo barnootaa, teknooloojii barnootaa, hawaasa-dinagdeefi siyaasa biyya sanaa keessatti qulqullinni barnootaa barbaachisaa akka ta’e ibsa.

Kubow and Fossum (2003), jireenya hawaasa biyya tokkoo jijjiiruu keessatti qulqullinni barnootaa agarsiistuu cimaadha. Akka dhuunfaattis ta’e hawaasaatti waan hojjetan qulqullinni isaa yo eegame fuulduree jiraanya ofiif mijaawaadha. Kanaaf qulqullinni barnootaa karaalee namoonni ittiin baratanii hojjetan keessatti tajaajila hawaasaa olguddisuuf nigargaara. Akkasumas qulqullinni barnootaa abdii egeree daa’imman biyya sanaatti. Humni guddinarra jiru barnoota qulqullina qabu yo argate abdii biyya sanaa ta’a. Kanarratti Marry Wornock(1986:182)abdiifi barnoota walbira qabee yeroo ibsu,“I think that of all the attributes that I would like to see in my children or in my pupils, the attribute of would come high, eventop, of the list. To lose hope is to lose the capacity, to want or desire any thing; to lose, infact, the wish to live. Hope is akin to energy, to curiosity, to the belief that things are worth doing. An education which leaves achild without hope an education that has failed” jedha.Yaadni

kun akkuma ibsutti barnootni barattoonni abdiidhaan baratan jireenyasaanii keessatti akka of abdatan gargaara. Kana abdachuuf ammo barnoota qulqullina qabu yoo argataniidha. Kanaaf qulqullinni barnootaa biyya tokkoo barbaachisaa ta'ee mul'ata.

### 2.2.2. Tooftaalee qulqullinni barnootaa ittiin eegamu

Qulqullinni barnootaa guddina biyya tokko keessatti ga'ee olaanaa akka qabu olitti heeramee jira. Qulqullina barnootaa kana ammoo biyyoottan guddina irra jiran keesatti haala ga'aa ta'een qulqulleessuun rakkisaadha. Wantootni qulqullina barnootaa mirkaneessuuf akka ijootti ka'an akka armaan gadiitti jiru.

#### 2.2.2.1. Himaammata Barnootaa

Sirni barnootaa qaama dagaagina sagantaa barnootaafi qo'annoo sirna barnootaati. Sirni kun imaammata waa'ee barnoota waan hundaa sadarkaa hundumaattuu kan of keessatti qabatuudha. yaada kana ilaachisee Richardas (2001 :14) akka kanaa gadiitti kaa'a.

> *Curriculum is an aspect of abroader field of educational activities known as curriculum development or curriculum study. Curriculum development focuses on determining what knowledge, skills and values students learn in shcools. What experiences should be provided to bring about intended learning outcomes and how teaching and learning in schoolsor educational systems can be planned, measured and evaluated. Language curriculum development refers to the field of -applied linguistics that addresses these issues.*

Akkuma ibsa hayyuu kanaa irraa hubatamutti sirni barnootaa dirree bal'aa dagaaginaafi qo'annoon sirna barnootaa ittiin gaggeeffamu yoo ta'u, xiyyeeffannoo guddaanis beekumsa,dandeettiifi sona barattoonni mana barumsaatti argatan muuxannoo qaban wajjin kan walsimaniidha.

Himaammatni barnootaa biyya kam keessatti qulqullina barnootaaf ga'ee guddaa qaba. Addunyaa kanarra biyyootni garaagaraa himaammata barnoota garaagaraa hordofu. Fooramiin barnoota addunyaa Daakar, senegaalitti taa'een (World Educaation Forum)(2000), biyyoottan qulqullinni barnoota isaanii olaanaa ta'e keessatti barattootni barachuuf daran fedhii akka qaban, waan barataniin ammo milkaawoo akka ta'an ibsa. Biyyoottan guddatan keessatti himaammatni barnoota gaarii akka jiruufi hojiirra oolmaasaaf ammo waan hundinuu mijataa sababa ta'eef

bu'aa gaarii argamsiisa. Fakkeenyaaf biyyoottan guddatan kanneen akka Florence, Italy keessatti meeshaaleen barnootaa mana barumsaa keessatti guutuu waan ta'aniif qulqullinni barnootaa biyya sanaa daran olaanaadha(UNICEF,2000). Addunyaarratti dhaabbattootni mootummaafi miti mootummaa ta'an karaalee garaagaraa qulqullina barnootaa eegsisuuf hojjechaa turan, hojjechaas jiraniidha. Fakkeenyaaf, UNESCO, Unicef, WB fi SC carraaqqii guddaa taphachaa jiru(Unicef, 2000). Akka Unicef jedhutti qulqullinni barnootaa kan eegamu malli baruufi barsiisuu mijataa, haalli qilleensa naannoo mijataa ta'uu, naannoon itti laatamu barumsaaf kan tolu, hirmaannaan maatii barataafi barataa cimaan yo jiraateedha jedha.

Biyyoottan Afirikaafi kanneen hinguddatin keessatti ammo hanguma guddina biyya sanaa himaammatni barnoota isaanii qulqullina barnootaa irratti gad aanaadha. WEF (2000), akka kaa'utti biyyootan guddina irra jiran keessatti barnootni waan barbaadamu osoo hin argamsiisin hafa. Barattoonni baratanis barnootuma sana saayinsiisaa baru malee waan baratan hunda ittiin hojjechuun ni ulfaata. Fknf Sudaan kibbaa qulqullina barnootaa eegsisuuf yeroo garaagaraa ni carraaqu garuu bu'aan argamu muraasa(WEF, 2000).

Biyyi keenya Itoophiyaan biyyootan guddinarra jiran ta'uun ishee walnama hinshakkisiisu. Sirnoota darbanii kaasee hanga har'aatti biyyi keenya himaammata barnoota garaagaraa hordofaa dhufte(Bekele, 2004). Himaammanni isheen amma hordoftu kunis qulqullina barnootaa karaa garaa garaa ibsa. MoE(2008), qulqullinni barnootaa waa afur irratti hunda'a "the GEQIP takes aholistic approach to improve the quality of general education by adapting the concept of school effectiveness model"jechuun ka'a.

A. Fooyya'insa imaammataa; himaammata barnootaa yeroo yeroon fooyyeessuu yookaan jijjiirruu, barbaachisummaa kitaabaafi qajeelchitootaa dabaluudha.
B. Ga'umsa barsiisotaa dabaluu; barsiisaan ogummaan cimaa ta'e(taate), kaka'umsa kan qabu, naamusa gaarii kan qabuufi kan shaakalsiisu yo ta'e qulqullina barnootaaf murteessaadha.
C. Hoggansa gaarii diriirsuu; hoggansi gaariin karooraafi abdii egeree biyya tokkooti. Kun ammo biyyaa jalqabee hanga naannoo, akkasumas hanga mana barumsaatti yo diriire qulqullina barnootaa keessatti ga'ee qaba.
D. Fooyya'insa manneen barnootaa; Manneen barnootaa fooyyessuun ijaarsasaan, meeshaalee guutuun, fedhii barattootaa dhiheessuufiin qulqullinni barnootaa akka eegamu ni taasifama.

Qajeelchi qophii, qo’annaafi qorannaan sirna barnootaa (1995) akka jedhutti, “sirni barnootaa yemmuu qophaa’uimaammata barnootaa biyyattii irratti hundaa’a. Akkasumas, meeshaaleen barnootaa adeemsahojii baruufi barsiisuutiif tumsa barbaachisaa taasisan haala xiyyeeffannoo qabuun sirna barnootaa bu’uurefachuun qophaa’u.” jedhee ibsa. Haaluma kanaan, yaaduma kanaan wal fakkaatu, Ministeerri Barnootaa Itoophiyaa (2010:1) “The existing curriculum in Ethiopia is based on the objective of the Educational and Training Policy of 1994.” jechuun ibsee jira.

#### 2.2.2.2. Naannoo Mana Barumsaa

Naannoon manni barumsaa itti argamu qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti ga’ee guddaa qaba. Naannoon haala mijataa qabu, kanneen akka ibsaa, daandii, geejjiba, mana yaalaafi wantoota barbaadan argachuu danda’anitti kan baratan kanneen kana argachuu hindandeenye caalaa ni baratu. UNESCO (1990), yeroo kaa’u irra caalaatti qulqullina barnootaa eeguuf barattoonni waan arganiifi fedhan naannoo isaaniitti argatanii jennaan barnoota isaanii haalaan nicimsatu jedha. Cohen (2006), ammo rakkoon karaa naannoo mana barumsaa jiru qulqullina barnootaa irratti miidhaa akka agarsiisan ni ka’a. Naannoonmana barumsaa sanaa sagalee gurguddaan kan jiru yo ta’e, iddoowwan lolli keessatti uumaman yo ta’e, naannoo garmalee ho’aa ykn diilalla humnaan olii kan qabu yo ta’e qulqullina barnootaa irratti rakkoo fida. Naannoonitti baratan mijataadha taanaan, haalli itti barsiisan, qilleensi naannoollee kan hawwatu yo ta’e barnoota kennamu hubachuuf haala kan mijeessuudha.

#### 2.2.2.3. Meeshaalee Mana Barumsaa

Meeshaaleen mana barumsaa qulqullina barnootaa eeguu keessatti ga’ee guddaa qaba. Kunis guutumaa guutuutti meeshaaleen barbaachisoofi gamoowwan barnootaaf tolan jiraannaan sadarkaan qulqullinni barnootaa itti mirkanaa’u olaanaadha. Biyyootni guddachaa jiran ammo(developing country) warri ta’an meeshaalee kana akka warreen guddatanii(developed country) waan dhiheeffachuu hindandeenyeef qulqullina barnootaa guutumaan guutuutti eeguun rakkisaadha(Williams,2000). Biyyi keenya ammo kanneen guddachaa jiran keessaa ishee tokko waan taateef qulqullina barnootaa keessatti mirkaneessuun ni ulfaata. Garuu yeroo garaagaraatti yaaliin meeshaalee dhiheessuu ga’aa ta’uu baatus ni godhama. Iddoowwan hanga tokko fooyya’oo ta’annittis meeshaalee waan qabaniif barnoota qulqullina qabu ni argatu. Keessumaa manneen barnootaa dhuunfaa keessatti darbee darbee ni mul’ata.

### 2.2.2.4. Gahee Barsiisaa

Akka UNESCO(2004), ibsutti ga'een barsiisaa qulqullina barnootaa eegsisuu keessatti, keessumaa daree barnootaa keessatti jijjiirama guddaa fida. Mala barsiisaan ittiin barsiisuu garaa garaa gargaaramuun barsiisuun qulqullina barnootaaf bu'uura. Leu and Price-Rom(2005) yeroo ibsan, qulqullinni barsiisaa, ga'umsi barsiisaafi dandeettiin barsiisaa qulqullina barnootaaf gumaata guddaa akka qabu ibsu. UNESCO(2004) qulqullinni barsiisaa kan madaalamu, barsiisichi kan baratu, kan qoratu, muuxannoo kan fudhatu, kan dubbisuufi kaka'umsa kan qabu yo ta'e qulqullina barnootaa keessatti daran filatamaa jedhee ka'a. Dabalees barsiisaan mala baruufibarsiisuu cimaa qabu, dandeettiin isaa gabbataa kan ta'e qulqullina barnootaaf daran murteessaadha. Biyyoottan guddataa jiran keessatti kaka'umsa barsiisaan qabu dabaluufi ga'umsa isaanii cimsuun qulqullina barnootaa keessatti qooda guddaa akka qabu hayyoonni ni himu(World Bank, 1995).

### 2.2.2.5. Maatii Barattootaa

Khaliotis(2010) akka ibsutti, maatiin barattootaa qulqullina barnootaa keessatti ga'ee guddaa qabu. Hirmaannaa isaan karaalee garaagaraa mana barumsaa keessatti godhaniin, deggersa maallaqaan, deggersa hojii mana barumsaa kunuunsuun, meeshaalee barnootaa bituun, barattoota isaaniif ammo dhimma barnootaaf waan isaan gargaaru qopheessuufin akkasumas waan isaan baratanii manatti galan harkaa fuudhanii ilaaluufin gargaaruun barattoota isaanii yo jabeessan qulqullinni barnootaa karaa isaanii ni furama. Desforges and Abouchaar(2003), maatiiwwan barattoota isaanii daran cimsan, akkasumas karaa barnootaa gargaaran sadarkaa isaan irra ga'an ni murteessa. Kanaaf walitti dhufeenyi maatii barattootaafi manni barumsaa qulqullina barnootaa eeguu keessatti daran akka olaanaa ta'e karaa nama qabsiisa.

### 2.2.3. Geengoo Qulqullina Barnootaa

Geengoon qulqulina barnootaa tooftaa idilaawaa jaarmiyaa tokko keessatti hirmaannaadhaan oomishtummaa ta'ee tajaajilummaa haala ittiin daballuu fi akkasumas, tooftaa rakkoo tokko hojjatoonni geengoo tokko keessa jiraatan ittiin hiikanii dha. GQB hojjatootaa lakkoofsaan muraasa ta'an dippaartimentii, adeemsa ykn jaarmiyaa tokkoo keessa jiran guyyaa guyyaatti rakkoo isaan mudatu hiikaa kan ittiin deemanii dha. Kanas Udupa (1986), yeroo ibsu "Quality cirle is small group of employees in the same work or doing asimilar type of work who voluntarily meet regularly for about an hour every week to identify, analyse and resolve work to

related problemce, and enrichment of their work life" jechuun ibsee jira. Yaada kanarraa wanti hubannu namootni hojjetan walitti dhufuun mari'atanii waan guyyaa guyyaan jireenya isaanii keessatti mudatu walitti gurmaa'uun akka hojjetan agarsiisa.

Geengoo Qulqulinaa yoo jennu sadarkaa biiroo barnoota oromiyaatii hanga mana barumsaatti humna nama  muraasaa (6-10) ta'uun waa'ee qulqulina barnootaa jiddu galeessa godhatee rakkoo quunname hiikaa kan deemu achumaanis rakkoo carraa, walgitiinsaa fi ga'umsa keessoo barnootaa hiikaa kan deemu jechuu dha. Lakkoofsi humna namaa ijaaramuu guutuu ta'uu qaba. Sababni isaa hundi tokkoof , tokkoo immoo hundaaf waan ta'uuf gayeen nama tokkoo tokkoo tuuta keessa jiru akka walqixa ilaalamu waan garagaaruuf. Geengoon qulqulina barnootaa kan fuullefatu haala baruu fi barsiisuu kessatti baratoonni  bu'uuraan beekumsaan, ilaalchaa fi dandeettiin jijjiirama guddaa akka fidan gargaaruudha. Karaa biraatiinis baratoonni muuxannoo gaggaarii fi yaada kalaqaa akka waljijiiran dirree itti uumamuu dha (BBO, 2009).

Hayyuun Rehder (1981), Geengoo qulqullinaa yeroo ibsu "Quality circle is small group to perform capital quality control activities within the same workshop. This small group carries on continuously as apart of company wide quality control activities self development and mutual development and improvement within the workshop, utilizing quality control techniques with all member participating" jedha. Akka hayyuun kun ibsutti geengoo qulqullinaa jechuun humna oomishtummaa walitti gurmeessuun hojii tokko hojjetanii miseensi hundi akka milkaa'uufi hirmaannaa miseensotaa kan guddisuudha. Geengoon qulqullinaa tooftaa ittiin waan baratan ittiin walshaakalsiisan, walgaafatan, irratti hirmaataniidha."Quality circles are aformal, institutionalized mechanism for productive and participative problem solving interaction among employees" (Lazano & Thomson,1980). Geengoon qulqullinaa tooftaa idilaawaa kan ittiin rakkoo walii walgargaaruun ittiin furataniidha.

Walumaa galatti yaada hayyoonni armaan olitti heeran qulqullina geengoo barnootaaf hiika akka ta'aniifi qaaccessa waallee geengoo qulqullina barnootaa keessatti  gurmaa'insi geengoo qulqullina barnootaa maaliif akka barbaachise kan heeruufi fedha barattootaa irratti hundaa'ee akka wal irraa baratan sababa gargaaruuf, qulqullinni barnootaa eegsisuuf tooftaa mijaawaafi barattoota gargaaruudha.

#### 2.2.3.1. Wantoota Qulqullina Barnootaatti gufuu ta'an.

Hayyuuleen garaagaraa waa'ee wantoota qulqullina barnootaaf gufuu ta'anii yaadolee addaa addaa kahaniiru. Yaadoleen kunneenis;

Ilaalcha Barsiisaa: Akkuma dura mala barataa giddugaleessa godhatee hin hubatin turan, barsiisonni mala geengoo qulqullina barnootaa kana fudhachuu dhiisuu danda'u. kunis sababa kitaabni barnootaa mala kanaan barsiisuuf qophaa'e mijataa ta'uu dhabuu, waa'ee geengoo qulqullina barnootaa hubannoo dhabuu walitti dhufeenya gaarii barattoota waliin uumuu dhiisuufi kkf dha. Akkasumsa leenjii dhabuun barsiisotaa warra gufuu ta'an keessaa isa tokko. Malli barsiisonni itti leenji'aniifi dhihaannaan barnootaa bifa geengoo barnootaa keessatti raawwatamu yoo wal hinsimu ta'e gocha raawwatamuufi barsiisaa gidduutti waliigalteen dhabama. Kun ammoo gochi raawwatamu akka hin milkoofnee taasisuu danda'a (Tudor 1996).

Yeroo malli baruufi barsiisuu tokko hojiirra ooluu barattootnis mala sanaan barachuuf akka hinrakkanneef leenji'uu qabu. Kanaaf Leenjii dhabuun barattootaa gufuu isa biroodha. Dhiyaannaan mala geengoo qulqullina barnootaa kun haaraa waan ta'eef barattoonni leenjii barbaadu. Geengoon barnootaa kun kan hojiirra oolu barataafi barsiisaan waan ta'eefiidha. Kanaaf, barsiisaan akkamitti barsiisuu akka qabu leenjiin akkuma isa barbaachisu dhiyaannaa kanaan akkamitti akka baratan barattoonni dursanii leenji'uu qabu. Hojiirra oolmaa mala dhihaatuu dura barattoonni mala sana irratti leenjii akka qaban Tudor ni ibsa,(Tudor 1996). Karaa biroo meeshaaleen mijatoo dhibuun gufuu qulqullina barnootaa akka ta'e hayyootni ni kaasu. Farrant (1980) akka ibsetti, kitaabileen barnootaa baay'ina barattootaa waliin walsimuu dhabuun, fakkiileen, poostaroonni, chaartonnifi kkf dhabamuun hojiirra oolmaa geengoo qulqullina barnootaa irratti gufuu akka ta'uu danda'an ibseera. Akkasumas baay'inni barataafi dareen barnootaa walsimuu dhabuun akka rakkootti nika'a. Leu (1998) yoo ibsu, barsiisonni daree tokko keessatti barattoota walitti dhiphisanii kan barsiisan yoota'e, kaayyoo barbaadame bira ga'uuf rakkoo uumuu danda'a. Sababni isaas, malleen garaagaraatti fayyadamanii barachuuf ni rakkatu jechuun ibseera. Yaada kanatti dabaluun, Shank(1999) daree lakkoofsi barataa xiqqoon jirutti barsiisuun malleen barachuu adda addaa hojiirra oolchuuf, barattoota hirmaachisuuf, hirmaannaa isaanii kakasuuf baay'ee kan gargaaruudha jechuun ibsa.

Hanqina yeroo:Shank(1999) yoo ibsu, yeroon barsiisuuf kennamu hanqina yoo qabaate mala ittiin barsiisuun barbaadamu filatanii barsiisuun rakkisaadha. Barsiisuuf garuu yoo yeroon ga'aa

jiraate malli Geengoo qulqullina barnootaa hojiirra ooluu danda’a. Tooftaa ittiin hojiirra ooluu garaagaraa ta’e fayyadamuu danda’a garuu, hanqinni yeroo yo jiraate kana gochuun rakkisaadha. Rakkoo haala naannoon walqabatee: Mala geengoo qulqullina barnootaa hojiirra oolchuu kan dadhabsiisan(gufuu ta’an) keessaa tokko haala naannoon kan walqabateedha. Moore(2001:53) “Barnoota qulqullina qabu barsiisuuf bakka mijataa, haala qilleensa gaarii qabaachuu qaba” jechuun ibseera. Yaada kana irraa wanti hubatamu Geengoo qulqullina barnootaa keessatti yeroo baratan barattoonni naannoo qilleensi gaarii jiruufi haala mijataa keessatti barachuu akka qaban dagaagsa.

**2.2.3.2. Rakkoowwan Qulqullinni Barnootaa dhibamuun dhufan**

Biyya tokko keessatti qulqullinni barnootaa hinjiru taanaan rakkoowwan hedduutu mudata. Karaalee garaagaraa dinagdee irratti, hawaasa irratti, siyaasa biyyaa keessatti miidhaa fida. Dinagdee biyya tokkoo keessatti barnoonni bu’aa olaanaa akka qabu beekamaadha. Bu’aan barnootaa kun ammo kan argamu yo qulqullina qabaateedha. Fakkeenyaaf namni tokko baratee hojii dinagdee tokko keessa galee bu’aa gaarii agarsiisuu kan danda’u barnoota qulqullina qabu yo argateedha. Misoomni biyyaa kan dagaagu humna nama barateen. Waan baratame garuu qulqullina hinqabu taanaan garuu waan yaadame agarsiisuu hindanda’u.

Hawaasa biyya tokkoo keessatti hanguma barumsi babal’atee kennamu aadaan saba sanaa, seenaansaa, duudhniifi afaan saba sanaa babbal’achaa deema. Kun ammoo kan argamu yo barnootni qulqullina qabu saba sanaaf kennameedha. Namni barumsa argateef hawaasa isaa hintajaajilu. Garuu barnoota karaa qulqullina qabuun yo argate waan hunda adda baasee hubachuu waan danda’uuf beekumsa argateen hawaasa tajaajila. Gama biroon qulqullinni barnootaa dhabamuun siyaasa biyya tokkoof illee baay’ee miidhaa qaba. Fakkeenyaaf biyyuma keenya keessatti baroottan darban namoonni ragaa sobaa bifa addaa addaan bitachuun hoggansa mootummaa qabatu. Kun ammo rakkoo addaa addaa fidaa ture. Namoonni sun sababa barumsa ga’aafi qulqullina qabu hin arganneef daba addaa addaa ummata ofii isaanii irratti raawwachaa turan, hammas jiraachuu danda’u. Garuu namni barumsa qulqullina qabu argate siyaasa kanaan karaa sammuu nagaa ummatasaa akka tajaajilu ni beeka. Kanaaf qulqullinni barnootaa dhibamuun karaalee addaa addaa miidhaa akka fidu waan hubatamuudha.

**2.3. Yaadrimee Waallee**

Maalummaa waallee ilaalchisee yeroo garaa garaatti hayyoota adda addaatiin hiikaan garaa garaa itti kennamaa tureera. Waallee yeroo jennu wanta barreeffamaan jiru tokko yookaan wanta afaaniin dubbatamu tokko akkasumas, mallattoowwan adda addaa kan hiika dabarsuu danda'an of keessatti hammata. Hayyuun Teubert (2010:115) yaada kana ilaalchisee " It is the discourse that makes reality available to us" jedha. Kana jechuunis, dhugaan tokko akka jiraatu kan taasisuu waalleedha jechuudha. Wanti tokko bifa dubbiitiin, barreeffamaan yookaan mallattoodhaan yoo dhihaate dhugaa tokko nu hubachiisa jechuudha.Dhugaan kunis wantoota hawaasni guyyaa guyyaan raawwatu of keessatti hammata.Waallee jechuun maal jechuu akka ta'e hayyuun Schiffrin (1994: 20-21) haala kanaan kaa'ee jira. "Discourse is often difined in two ways. A particular unit of language (above the sentences) and a particular focus (on language use). These two definitions of discourse reflect the difference between formalist and functionalist paradigm."

Akkuma ibsa armaan oliirraa hubachuun danda'amutti waallee karaalee gurguddoo lamaan hiikuu dandeenya. Tokkoffaa waallee jechuun qaama murtaawaa afaanii kan himaa ol ta'e tokko jechuudha. Akka ilaalcha moodela kanaatti waallee yeroo qacceessinu seerluga afaaniirratti yookaan caasaa afaaniirratti hundoofnee qaacceessina jechuudha. Lammaffaan immoo waallee jechuun faayidaa afaan hawaasa keessatti qabu yoomessa keessatti dubbatame yookaan barreeffame walitti fiduun ilaaluu jechuudha. Hiikaawwan lamaan waalleedhaaf kennaman kunneen garaagarummaa moodelii caasaa bu'uureffateefi tajaajila bu'uureeffate qaban kan agarsiisuudha.

Hayyuun Stubbs (1993:1) maalummaa qaaccessa waallee ilaalchisee haala kanaan ibsa."Discourse analysis is also concerned with language in use in social context and in particular with interaction or dialogue between speakers" jedha. Yaada armaan olii kanarraa wanti hubachuun danda'amu, qaacceessi akka waliigalaatti waallee afaan yoomessa hawaasaa keessatti dubbatame tokko keessatti faayidaa maalii akka qabuufi waliin dubbii namoota gidduutti taasifamu keessatti maal akka fakkaatu qaacceessuuf kan gargaaru ta'uusaati. Hayyuun Yule (2010:142 ) akkana jedha. "The word discourse is usually defined as language beyond the sentence and so the analysis of discourse is typically concerned with the study of language in texts and convestation."

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amutti jechi waallee jedhu hiikaan isaa afaan himaa oliiti jedha. Kanaafuu, qaacceessi waallee afaan yoomessa tokko keessatti maal akka fakkaatuufi waliin dubbii namoota gidduutti taasifamu xiinxaluu irratti xiyyeeffata.

Qaaccessa Waallee jechuun afaan walqunnamtii keessatti qo'achuu yookaan walqunnamtii namoota gidduutti adeemsifamu karaa xinqooqaatiin ilaaluu jechuudha. Kana jechuunis waallee jechuun yeroo namoonni walqunnamtii adeemsisan afaan achi keessatti fayyadaman sun maaliif akka oole ilaaluu yookaan immoo yeroo namoonni waliin dubbii adeemsisan waliin dubbii sana karaa xinqooqaatiin maal akka fakkaatu ilaaluu jechuudha. Qorannoon kunis walqunnamtii namoota gidduutti taasifamu yookaan waliin dubbiin namoota gidduutti adeemsifamu keessatti geengoo qulqullina barnootaa irratti afaan itti fayyadaman maaliif akka ooleefi jechoonni itti fayyadaman haala kamiin akka dhufan qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

### 2.3.1. Faayidaa Waallee

Waallee haala ittiin afaaniitti fayyadamuudhaan yaada sammuu ofii keessa jiru tokko dhaggeeffataa, dubbisaa yookaan daawwataaf ittiin dabarsuu yookaan akkaataa itti ergaa afaaniin, barreeffamaafi mallattoolee garaagaraa gargaaramuun dhiyaate tokko hubataniifi hiika itti kennaniidha. Hiika waalleef kenname kana keessatti ergaa dabarsuun barbaadame tokko afaaniin, barreeffamaan yookaan mallattoolee hawaasa afaan sana dubbatu biratti hiika qaban gargaaramuun ta'uu ni danda'a. Haata'u malee afaan keessatti waalleetti fayyadamuun ergaa dabarsuufis ta'e ergaa fudhannu hiikti isaa kan xiinxalamu sadarkaa himaatiin olitti. Kana jechuunis waalleen yommuu xiinxalamu ergaan inni ofkeessatti qabatee jiruufi wanti afaaniin dubbatame, wanti jechootaan barreeffamee mul'atu akkasumas mallattoon ijaan arginuufi dhaamsa dabarsuun barbaadame sana gidduu garaagarummaan guddaan kan jiru ta'uu isaa namatti agarsiisa. Kanarraa ka'uudhaan itti fayyadama afaanii keessatti qalbii namootaa hawwachuuf, dhimmi tokko irratti xiyyeeffannaan akka kennamu gochuuf, fedhii namootaa kakaasuuf, yaadni tokko akka dafee hin irranfatamne gochuufi haalota kana fakkataniin yaada ofii ibsuuf waalleen tajaaajila guddaa qaba. Gama kaaniinis itti fayyadama afaanii keessatti waalleetti dhimmi bahuun dandeettii fayyadama afaanii nama tokko guddisuuf kan gargaaru ta'uu isaa cinatti waan jedhame tokkoon waan hin jedhamiin jechuu yookaan waan barreeffame tokkoon waan hinbarreeffamiin ibsuun gahumsa itti fayyadama afaanii kan agarsiisu ta'uu irra darbee dhaggeeffataan yookaan dubbisaan ergaa waallee kanaa qotee baasuun dhaamsa isaa

hubachuuf wal'aansoo taasisu keessatti gahumsa afaanichaan qabu akka fooyyeffatuuf daran isa gargaara.

### 2.3.2. Gosoota Waallee

Maalummaa waallee ilaalchisee, waalleen dandeettii namni tokko yoomessa itti fayyadama afaanii sirrii ta'e keessatti afaan tokko gahumsaan fayyadamuun yaada sammuu isaa keessa jiru tokko akka ofii yaadutti namni biraan akka hubatu gochuuf qabu kan agarsiisu ta'uu isaa ibsamee jira. Waallee gargaaramuun yaada ofii ibsachuuf immoo gosoota waallee adda baasanii beekuun barbaachisaa ta'a. Fayyadama waallee keessatti dhalli namaa karaalee garaagaraa sadii gargaaramuun yaada isaa ibsachuu nidanda'a. Karaaleen sadeen kunniinis, waallee dubbii, wallee barreeffamaafi waallee mallattoodha.

Waallee dubbii kan jedhamu dubbii(haasawaa)afaaniin taasifamu keessatti haala namni tokko afaan itti fayyadaman kan ilaallatuudha. Dubbii (haasawaa) afaaniin taasifamuufi afaan namni tokko barreeffama keessatti gargaaramu gidduu garaagarummaan guddaan ni jira. Kunis afaan dubbiifi afaan barreeffamaa amaloota mataa mataa isaanii kan qaban ta'uu isaanii nama hubachiisa. Kunimmoo gama isaatiin fayyadama afaanii keessatti yoomessi fayyadama afaanichaa murteessaa akka ta'e kan ibsuudha. Gosa waallee kana keessatti dubbataafi dhaggeeffataan fuulaafi fuulatti wal arguun odeeffannoo waljijjiiru. Kanarraa kan ka'e waallee dubbii keessatti dhaggeeffataan yaada dubbataa sirriitti hubachuun akka danda'u dubbataan dubbii afaaniin dubbatu cinatti tooftaalee biroo dabalataan ni gargaarama. Haata'u malee himootni dubbataan itti gargaaramu guutuummaan guutuutti seera afaan ittiin waliigalanii kan eege hin ta'u. Kanaafuu, waallee dubbii keessatti yaa'insi yaadaa ciccitaa ta'uu, rakkoon waliigaltee yeroo uumamutti dhaggeeffataan ibsa dabalata gaafachuuf itti fayyadama afaanii keessatti irra deddeebbiin mul'achuufi itti yaadamee utuu hinta'iin yoomessa battalaa keessatti waan gara sammuu dubbataatti dhufe fayyadamuufi kkf bal'inaan mul'atu. Yaada kana ilaalchisee Cook(1989:8), "Oral discourse considered to be less planned and orderly than the written one,more open to the intervention by the receiver…..oral intervention is a part of ashared situation which include both speaker and listener in such situation information is also clearified by gesture,posture facial expression and intonation etc."

Yaadni kun waallee dubbii keessatti waan dhaggeeffataaf hingalle irra deebiin dubbataan akka ibsuuf kan mul'isuudha. Haaluma kanaan qorannoon kun Geengoo qulqullina

barnootaa Mana Barumsaa Haroo Naadoo keessatti haala itti fayyadama afaanii Barattoonniifi barsiisonni dhimma Geengoo qulqullinaa barnootaa irratti yaada isaan qaban qaaccessuun haasawaa isaanii sakatta'uudha.

Gosoota waallee yaada ofii namoota biroof ibsuu keessatti dhimmi itti baanu keessaa kan biraan waallee barreeffamaati. Waalleen barreeffamaa afaan barreeffamaa keessatti tooftaa barreessaan tokko barreeffama isaa keessatti jechoota fayyadamuun ergaa dabarsuuf karoorfate karaa miidhagaa ta'een dhaamuuf dhimmi itti bahu keessaa isa tokko. Kunis barreessaan tokko hojii barreeffamaa isaa keessatti jechoota gargaarameen alatti ergaa gad fagoo ta'eefi waan hinbarreeffaminiin waan hinjedhamne jedhee gahumsa afaan sana fayyadamuu irratti qabu ittiin mirkaneessu jechuudha.

Kan biroon waallee mallattooti. Hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti wantoota aadaa, duudhaa, safuu, ilaalcha, amantiifi kkf calaqqisiisan hedduu isaanii mallattoolee adda addaatiin bakka buusa. Kana irraa kan ka'e hawaasni kun muuxannoo jiruufi jireenya isaa keessatti horate waalleen bakka buusa jechuun nidanda'ama. Yaadni kunis waallee jechi jedhu akka uumamuuf sababa ta'eera. Gosti waallee kun mallattoolee hawaasni Oromoo wantoota garaagaraa bakka buusuun ittiin waliigalu fayyadamuutiin yoomessa barbaachisaa ta'e keessatti mallattoolee kanneen dhimmi bahuun yaada ofii ittiin ibsanii dha.

Haala qabatamaa hawaasa Oromootiin aadaa, amantii, siyaasaafi kkf keessatti bakka bu'aa yaada hawaasichaa ta'uun tajaajilan hedduun ni argamu. Waalleen mallattoo kun bakka bu'oota yaada namootaa kanneen qaqqabamuufi mul'achuu danda'an yookaan warra qaqqabamuufi mul'achuu hindandeenye ta'uu danda'u. Kanamalees, hawaasa oromoo biratti sagaleen lubbu qabeeyyii adda addaa waallee hawaasichaa biratti hiika garaa garaa qabu ta'ee ni tajaajila. Yaada kanaaf ragaan hawaasa keessaa argamu akka agarsiisutti sagaleen bosonuu kakattuu yoo dhagahamu hawaasa oromoo bakka baay'ee biratti akka Milkii gadheetti waan ilaalamuuf battala sagalee bosonuu kakattuu dhagahetti bakka itti deemuuf karaa irra jiran sana dhiisuun gara mana isaaniitti akka deebi'an kanneen gorsan nijiru .Yaadni kunis kan agarsiisu sagaleen bosonuu kun hawaasa oromoo tokko tokko biratti waallee mallattoo milkii gadhee ta'ee hiikti kan kennameef ta'uu isaati. Gama biraatiinis hawaasuma oromoo naannoo tokko tokko biratti durba qarree akka mallattoo qulqulluu (ija waaqaa fuulduratti cubbuu kan hinqabne) godhamee kan fudhatamu

akka ta’e qorataan muuxannoo hawaasa keessatti dhalatee guddate keessatti muuxannoo horate irraa hubannoo niqaba.

### 2.3.3. Waalleefi Yoomessa

Yoomessa jechuun hawaasni tokko afaan isaatti fayyadamee yeroo gochaalee adda addaa raawwatu haala isaan afaan sana keessatti dubbatan jechuudha. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Malinowski (1923: 307) haala armaan gadiitiin kaa’ee jira.

> *Without some imperative stimulus of the moment, there can be no spoken statement. In each case, there fore, utterance and situation are bound up inextricably with each other and the context of situation is indispensable for understanding of the words. Exactly as the reality of spoken or written languages, aword without linguistic context is a mere frigament and stands for nothing by itself, so in the reality of spoken living tongue, the utterance has no meaning apart from in the context of situation.*

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda’amuutti, namni tokko secondii muraasaaf illee fedhii isaa malee jecha tokko dubbachuu hinbarbaadu. Dubbiifi haalli keessatti dubbatamu walitti dhufeenya guddaa qabu. Akkasumas, dubbii dubbatame tokko hubachuuf haalli itti dubbatame baay’ee barbaachisaadha. Barreeffama yookaan haasawa guyyaa guyyaan taasifamu keessatti jechi tokko yoomessa xinqooqaa malee yoo dubbatame yookaan barreeffame waan tokko ibsuu akka hindandeenye ibsee jira. Hayyuun Van (2009:1) akkana jedha “ It is generally agreed that in order to fully understand discourse we need to understand it in its context.” Kana jechuunis, waallee tokko hubachuudhaaf yoomessa keessatti dubbatame hubachuu qabna jedha. Kanaafuu hiikaan dubbii dubbatame tokkoo yoomessa irratti kan hundaa’eedha. Jechi dubbii keessatti itti fayyadamnu tokko kan hubatamuu danda’u karaa waan nuti jecha sanatti gargaaramnee hojjanneedha. Yoomessa qorannoon kun keessatti geggeeffames geengoo qulqullina barnootaa hojiirra oolchuu keessatti.

Walumaagalatti, waallee guyyaa guyyaan godhamu keessatti dubbiin tokko yoomessa keessatti dubbatame malee faayidaa akka hinqabne yaada kanarraa hubachuun nama hin rakkisu. Haala kenniinsa barnootaa keessatti qulqullina barnootaa mirkaneessuuf yeroo addaa addaatti mootummaan tooftaawwan yookiin gurmaa'insa garaagaraatti fayyadamaa ture, fayyadamaas jira. Yeroo ammaa kana hojiirra oolaa kan jiru geengoon qulqullina barnootaa osoo hin qophaa'in

dura Raayyaa Misooma Barnootaatu ture. Innis kan inni irratti bu'ureffamee qophaa'e gurmaa'insa raayyaa ittisa biyyaan walqabsiifameeti. Haata'u malee, ija siyaasaan walqasiisuurraan kan hafe bu'aa buuse waan hin qabneef, yeroo ammaa kana Geengoo qulqullina barnootaa diriirsee itti fayyadamaa jira. Ammas shakkii akka qaban barattoota biraas barsiisota irraas guungummiin adda addaa ni dhaga'ama. Shakkii siyaasaan walqabata kan jedhuudha.

### 2.3.4. Waalleefi Illaanya(Idealogy)

Yaadrimeen illaanya jedhu kun qaaccessa waallee gadifageenyaa keessatti baay'ee barbachisaadha. Ilaalchi walitti qindaa'ina tuuta aadaa tokkoo ta'ee kan hojiirra oolmaa aadaa tokkootiif ija hawaasni walqixummaa yookaan wal caalmaa aadaa sana itti ilaalu kan keessatti balbaloomsinuudha. Ilaalchi fedhiifi aangoo garee hawaasa tokkoo hubachuudhaaf nu tajaajila. Ilaalchi faayidaalee kana galmaan gahuudhaaf nu fayyada. Sababni isaas, ilaalchi karaa hawaasni tokko addunyaa naannoo isaanii jiru ittiin ibsu waan ta'eef. Yaada kanas hayyuun Woofitt (2005: 140) irratti yaaduma kana cimsuun haala armaan gadiitiin kaa'ee jira.

> *The concept of ideology is crucial in CDA. Ideologies are taken to be organized sets of beliefs which mobilize practices and view points which sustain inequalities a cross society. Ideologies thus serve to protect the interests of powerful groups. They perform this function in subtle ways because they inform how we come to interpret the world around us.*

Qaaccessa waallee keessatti ilaalcha namoonni waan hojjetamu sanaaf qaban kan ittiin qaacceessinu illaanya akka ta'e ibsa. Bifuma kanaan Geengoo qulqullina barnootaa keessatti ilaalcha Barattoonni, Barsiisonni, Hawaasni naannoo fi Hojjetoonni waajjiraa qaban qaaccessuun komii, inaaffaa, jibba, balaaleffannaa fi tuffii qaban karaa mul'isan qaacceessuufiidha.

Haalawwan armaan oliikana ammoo karaa adda addaa ibsatu. Jechamootatti fayyadamuun waan jechuu barbaadan kaa'u. Malleen dubbii garaagaraa fayyadamuun komiifi jibba geengoo barnootaa irratti qaban ibsatu. Mammaaksota addaa addaa karaa aariifi quuqama isaanii ittiin ibsachuu danda'aniin afaan fayyadamanii dhaamsa dabarfatu. Qorannoon kunis guungummiiwwan karaa garaa garaa dhaga'aman kana bifa waalleen qaacceessee kaa'ee jira.

### 2.3.5. Waalleefi Aangoo

Qaaccessa waallee gadifageenyaa keessatti aangoon iddoo guddaa qaba. Hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti seera ittiin buluufi akkaataa aangoo itti walii kennutu jira.Yaada kana ilaalchisees hayyuun Wooffit (2005) haala kanaan yaada isaa kenneera. "… the ways in which we talk and write about the world reflect wider ideological pressures and ultimately, particular constellations of power relations. Discourse then, is the site of power" jedha. Akka yaada kanaatti, akkaataan nuti waa'ee addunyaa naannoo keenyaa itti dubbannuufi barreessinu, ilaalcha keenya irratti dhiibbaa uuma. Akkasumas dhuma irratti aangoo hawaasni tokko qabu murteessa. Kanaafuu, waalleen  aangoo keessattis iddoo guddaa qaba jechuudha.

### 2.3.6. Maleenya Qaaccessa Waallee (Approaches To DiscourseAnalyisis)

Waalleen tokko yeroo qaacceeffamu maleenyaalee adda addaa hordofuudhaan qaacceeffama. Maleenya kanneenis hayyoonni adda addaa haala adda addaatiin dhiheessanii jiru. Maleenyaaleen qaacceessa waallee isaan ijoo ta'an, maleenya waallee akka gochaawwan hawaasa guyyaa guyyaatti, maleenya walqunnamtii sanyaabaa, maleenya qabatamaa, maleenya yaaxxina garagaraafi maleenya qaaccessa waallee gadi fageeenyaati. Maleenyi kun tokkoon tokkoo isaa haala armaan gadiitiin dhiyaataniiru.

Maleenya waallee akka gocha Hawaasaa guyyaa guyyaa keessaa tokko waallee akka taateewwan hawaasaatti kan jedhuudha. Kana jechuun haalli fayyadama afaanii yookaan waallee tokko kan ilaalamu karaa hojii hawaasatiin malee karaa hojii dhuunfaa nama tokkootiin miti jechuudha. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Faircluough (1992:63) "in using the term discourse, I am proposing to regard language use as a form of social practice, rather than a purely individual activity or a reflex of situational variables." Waallee yookaan fayyadama afaanii akka taateewwan hawaasaatti yeroo jennu, gareen hawaasa tokkoo addunyaa kanarratti waan tokko akkamitti akka hojjetu yookaan raawwatu ilaalchisee fayyadama afaanii isaan achi keessatti uuman ibsuu ilaallata. Akkasumas, waalleefi caasaa hawaasaa tokko gidduu walitti dhufeenyi afaanii kan jiru ta'uusaa ibsa.

Maleenya qaaccessa waallee inni lammaffaan maleenyaa walquunnamtii sanyaabaati. Maleenyaan walqunnamtii sanyaabaa haala waallee tokko ittiin dhihaatu keessa isa tokkoodha. Kanas hayyuun Schiffrin (1994) akka jettetti, "The ethnography of communication is an approach to discourse that is based in anthropology and linguistics". Akkuma yaada kanarraa

hubachuun danda’amutti, walqunnamtiin sanyaabaa haala maleenya qaaccessa waallee keessa tokko yoo ta’u kanirratti xiyyeeffatus xinmadda hawaasaafi xinqooqa ta’uusaati. Maleenyaan kun odeeffannoo haaraa barbaaduudhaan akkasumas, gaaffilee haaraa gaafachuudhaan yaaxxina haaraa maddisiisuudhaaf hojjata. Kana galmaan gahuudhaaf immoo walqunnamtii hawaasa gidduutti adeemsifamu tokko akka aadaa hawaasa sanaafi amala hawaasa sanaati fudhatee qaacceessuudha.

Maleenyaan yaaxxina garaagaraa haala waalleen tokko itti dhihaatu keessaa isa birooti. Yaaxinni kun irra caalaa waallee barreeffamaa giddugaleessa godhata. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan, barreeffama keessatti wanta barreeffame tokko karaa xinawaasanis ta’ee xinqooqa keessatti kan wanta dubbatame yookaan wanta barreeffame tokko wajjin walfakkaatu barbaadurratti xiyyeeffata. Schiffrin (1994) akkana jetti, “varationists try to discover patterns in the distribution of alternative ways of saying the same thing”. Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda’amutti namoonni yaaxina kanaan waallee qaacceessuurratti hirmaatan yaada yookiin dubbii tokko karaa gara garaatiin dubbachuu akka danda’amu fakkeenya uumuudhaan filannoo adda addaa dhiheessu. Kanaafuu, yaaxxinni kun kallattii adda addaatiin xiinxaluudhaan waallee balballoomsa.

Maleenyaan qabatamaaa maleenyaalee qaaccessa waallee keessa isa birootiifi isa bal’aadha. Dhihaannaan kun yaadrimeewwan sadeen qo’ata. Isaanis: hiikaa, yoomessaafi walqunnamtiidha. Kana jechuunis walqunnamtii godhamu keessatti jechi tokko mallattoo maal akka bakka bu’uufi hiika akkamii akka qabu ilaala. Kanas hayyuun Schiffrin (1994: 194) haala kanaan ibsitee jirti, “…pragmatics is the study of the relation of sign to interpreters.” Akka yaada kanaatti maleenyaan qabatamaan kun yoomessa dhugaa keessatti hiika mallattoon tokko qabu nama isa fayyadame sana wajjin walbira qabee kan qo’atuudha. Haaluma kanaan namni qorannoo tokko irratti hirmaatu, yaaxxina kaayyoo qorannoo isaa waliin deemu yoo filate milkaa’ina qorannoo isaaf barbaachisaadha. Kanuma irraa ka’uudhaan qorataan tokko walitti dhufeenya mallattoofi nama mallattoo sanatti fayyadamu gidduu jiru bu’uura godhachuun kan xiinxaluudha.

### 2.3.7. Qaaccessa waallee liixaa

Qaaccessa waallee gadifageenyaa(Critical Discourse Analysis(CDA) yoo jennu aadaa hawaasa tokkoo keessatti faayidaa afaan yoomessa dubbatame keessatti qabu gadi fageenyaan kan xiinxaallu jechuudha. Hayyoonni adda addaa sakatta’a qaaccessa waallee gadifageenyaa karaalee

adda addaatiin hiika adda addaa itti laataa turaniiru Wodak and Meyer (2001 :2) irratti Habermas (1977:259) waabeffachuun akka armaan gaditti ibsanii jiru.

> *CDA may be defined as fundamentally concerned with analyzing opaque as well as transparent structural relationships of dominance, discrimination, power and control as manifested in language. In other words, CDA aims to investigate critically social inequality as it is expressed, signaled, constituted, legitimized and so on by language use (or in discourse).*

Akka ibsa armaan oliitti qaaccessa waallee gadi fageenyaa jechuun hariiroo hawaasa gidduu jiru kanneen akka wantoota aadaa sana keessatti beekaman, aangoo, haala itti fayyadamiinsa aangoo, haala itti walyakkaniifi kan kana fakkaataan akkamitti afaanitti fayyadamanii hojii irraa akkamitti akka oolchan kan qo'atuudha. Karaa biraatiin immoo gadi fageenyaan qaaccessi waallee kan kaayyeffameef, hawaasni afaan sanatti fayyadamu akamitti walqixummaa isaanii akka kabajan, seeraafi heera isaanii seera qabeessa akkamitti akka taasisan kan sakatta'uudha. Kanaafuu, gadi fageenyaan qaaccessi waallee aadaa hawaasa tokkoo keessatti waallee hawaasa sanaa kallattiiwwan adda addaatiin gadi fageenyaan qaaccessuudhaaf kan gargaaruudha.

Walumaagalatti namni qorannoo tokko gaggeessuudhaaf jedhu yaaxinni itti gargaaramee qorannoo sana gaggeessu murteessaadha. Kana jechuun qorataan yaaxxina kaayyoo qorannoo isaa wajjiin deemu filata.

## 2.4. Waalleefi Barnoota

Waalleen dandeettii namni tokko yoomessa itti fayyadama afaanii sirrii ta'e keessatti afaan tokko gahumsaan fayyadamuun yaada sammuu isaa keessa jiru tokko akka ofii yaadutti namni biraan akka hubatu gochuuf qabu kan agarsiisuudha. Barnootni ammoo ilma namaatiif adeemsa inni ittiin dandeettii, beekumsaafi hubannoo ittiin argachuu danda'u, jiruufi jireenya isaa keessatti yeroo yeroon wantoota mul'atan kan ittiin adda baasee ofitti amanamummaadhaan jiraatuudha. Yaaduma kana Erich Fromm (1979) yeroo gabbisu, Barnootni akka namni ofitti amanu, garraamiifi waa bal'isee yaadee akka fudhatu, ofirra deebi'ee gara boodaa akka yaaduu kan nama godhuudha jechuun ibsee jira. Akkasumas, Williams (2002), barnootni akka namni dhugaa hojjetu, dhugaa yaaduu, dhugaatti amanu kan taasisuudha jechuun ibsee jira.Dabalataan, John Dewey (1916), barnoota yeroo ibsu, barnootni karaa ittiin dhugaa argataniifi ittigaafatamummaa ofii ittiin ba'an, akkaataa itti yeroo ofiitti fayyadamanii hojii bu'a qabeessa ittiin hojjetan kan nama dandeessisuudha jedha.

Waalleen ammoo dhugaa hawaasa keessa jiru afaaniitti fayyadamuudhaan yaada sammuu ofii keessa jiru tokko dhaggeeffataa, dubbisaa yookaan daawwataaf ittiin dabarsuu yookaan akkaataa itti ergaa afaaniin, barreeffamaafi mallattoolee garaagaraa gargaaramuun  dhiyaate tokko hubataniifi hiika itti kennaniidha. Kanaaf waalleefi barnootni walkeessa akka jiraniifi barnoota keessatti hawaasni waallee bifa garaagaraan yoomessa hunda keessatti guyya guyyaan akka gargaaraman ni mul'ata. Haaluma kanaan, Mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Haroo Naadoo keessatti barnoota kennamu  mala baruufi barsiisuu geengoo qulqullina barnootaan karaa afaan dubbii wantootni jedhaman haala kamiin akka ilaalaman sakatta'a waallee barnootaan maal akka fakkaatu karaa ittiin ilaalluudha.

## 2.5.Yaaxxinaalee Qo'annoon Kun Bu'uureffate

Qorannoo tokko geggeessuudhaaf yaaxxinni itti gargaaramanii qorannoo sana geggeessan murteessaadha. Kanummarraa ka'uudhaan yaaxxinni qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'aman yaaxxina haasgochaafi yaaxxina hariiroo xinqooqa hawaasaati. Yaaxxinnoonni kunneen bu'uurumaan hawaasni afaaniin maal akka hojjatu faayidaa afaanii wajjin qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

### 2.5.1. Yaaxxina Haasgochaa(Speech Act Theory)

Yaaxxinni haala dubbiifi gochaa nama John Austin (1962) jedhamuun eegalamee nama maqaan isaa John Searle jedhamuun karaa xinqooqaatiin babal'ataa dhufe. Yaaxxinni kun bu'uurumaan hawaasni afaaniin maal akka hojjatu faayidaa afaanii wajjin qaaccessuudha. Akka hayyuun Austin jedhutti jechootatti fayyadamuudhaan akkamitti waan tokko hojjachuun akka danda'amu ibsa.Kana jechuunis jecha tokko (utterance or locutionary act) yoomessa tokko keessatti uumuudhaan hawaasni akkamitti itti fayyadamee akka hojiirra oolchu qaaccessuudha. Karaa biraatiin yoomessa jechi tokko keessatti dubbatame jecha sana dhugaafi mijaawaa ykn sirrii taasisa.Akkasumas,jechi tokko akkamitti akka dubbatameefi maaltu akka dubbatame wanta hojjatame sana wajjin walbira qabamee ibsama jedha. "…..the dismanting of the constative performative distiniction can help to reveal Austin's view of two aspects of conditions underlying speech acts:(context what makes an utterance 'true' and 'appropriare' and text (how what is said convey what is done)" (Schiffrin 1994:51).

Akka hayyuu kanaatti jechoonni dubbataman hundinuu haala dubbiifi gochaa kan wantoota armaan gadii ofkeessatti qabate uuma. Sagalee hiika isaa wajjin uumuu,jecha sanatti fayyadamanii dubbachuudhaan walqunnamtii uumuu keessatti rakkina ykn gaaffiiwwan karaa seerlugaan ka'an akkasumas bu'aa dhugaa kan jecha dubbatame sanaan mul'ateedha. "All utterance performs speech act that are comprised of locutionary act (the production of sound with meaning), an illocutionary act (the issuing of an atterance with conventional communicative force achieved in saying) and prelocutionary act (the actual effect achieved by saying)" (Schiffrin 1994).

Hayyuun Searle (1969) jedhamu immoo yaaxxina kana fayyadamnee yeroo waallee qaaccessinu yoomessa jechi tokko keessatti dubbatame irraa kaanee gara seera afaan sanaatti dhufuu qabna jechuudhaan yaada isaa dhiheessa. Haalli dubbii walqunnamtii tokkoof isa bu'uuraati.Akka hayyuu kanaatti qaaccessa waallee keessatti haalli dubbii, wanta dubbataan jedhu,karaa xinqooqaatiin jechi dubbatamu sun maal akka ta'e dubbataan maal dabarsuu akka barbaade,dhaggeeffataan akkamitti akka hubateefi seerri xinqooqaa maal akka jedhu walitti hidhata cimaa qabu jedha. "…..there is a series of analytic connections between the nation of speech acts,what speakers means,what the sentences(or the linguistic element) uttered means,the speakers intend,what the hearer understand,and what the rules governing the linguistic elements are"(Searle 1969:21).

Kanaafuu, akka yaaxxina kanaatti yeroo waallee tokko qaaccessinu wantoota armaan olitti ibsaman kana xiyyeeffannoo keessa galchuu qabna jechuudha.Walumaagalattimaleenyaan yaaxxina dubbiifi gochaa kun kan irratti xiyyeeffatu jechoota adda addaatti fayyadamanii dubbachuudhaan maal akka hojjetaniifi walqunnamtiin namoonni waliiwajjin taasisan akkamitti milkaa'uu akka danda'u kan keessatti qaaccessaniidha.

### 2.5.2. Yaaxxina Hariiroo Xinqooqa Hawaasaa (Interactional Sociolinguistics Theory)

Yaaxxinni hariiroo xinqooqa hawaasaa kun nama maqaan isaa John Gumperz (1982) jedhamuun eegalame.Yaaxxinni kun wantoota hedduu giddugaleessa godhachuudhaan waallee tokko balballoomsa.Yaaduma kana deggaruudhaan hayyuun Schiffrin (1994) jedhamtu haala armaan gadiitiin ibsitee jirti. "…It is based in anthropology, sociology and linguistics and shares the concerns of all the field with culture, society and linguistics" jetti.

Akkuma ibsa armaan olii irraa hubachuun danda'amutti,yaaxxinni hariiroo xinqooqa hawaasaa kan irratti hundaa'u ykn kan irratti xiyyeeffatu xinmadda hawaasaa, xinhawaasaafi xinqooqa irratti yoo ta'u wantoota sadeen kunneen kallattii aadaa, hawaasaafi xinqooqaatiin kan balballoomsuudha.Hayyoonni xinmadda hawaasaa kanneen akka John Gumperz kan jedhan yaaxxina kana fayyadamnee hawaasni beekumsa akkamittii waliif qooduu akka danda'uufi wanta dubbatame tokko yoomessa keessatti dubbatame sanaa wajjin walbira qabnee akkamitti akka ilaalu kan ittiin balballoomsinuudha jedhu. Haala kanaan yoomessa garaagaraa keessatti wanti walfakkaatu dubbatamee ergaan garaagaraa uumamuu danda'a akkasumas, hubatamuu danda'a jedhu.Kana jechuun walqunnamtii hawaasaa keessatti faayidaa afaan hawaasaaf qabu kan keessatti ilaallu jechuudha.

Hayyoonni xinqooqa hawaasaa kanneen akka Erving Goffman immoo kan jedhan yaaxxina kana fayyadamnee jireenya hawaasummaa keessatti afaan akkamitti yoomessa tokko keessatti akka hojiirra ooluu danda'u ibsuufi hiikniifi caasaan afaan sanaa immoo maal akka fakkaatu kan ittiin ilaalluudha jedha.Yaadni hayyoota kanneen lachuutuu karaa afaaniitiin hojiirra oola.Yaada kana hayyuun tun ammas dabaltee haala armaan gadiitiin ibsitee jirti.

> *The conturibution of* interactional *sociolinguistics made by the linguistics anthropologist John Gumperz provides in understanding of how people may share grammatical knowledge of a language,but differently contextualize what is said-such that very different messages are produced and understood.The conturibution made by the sociologists Erving Goffman provides a description of how language is situated in particular circumstances of social life, and how it reflects, and adds, meaning and structure in those circumstamces.The idea of both these scholars have been applied extensively within linguistics*.(Schiffrin (1994:97)

Walumaagalatti yaaxxina hariiroo xinqooqa hawaasaa keessatti xinmaddi hawaasaa, xinhawaasniifi xinqooqni gargar bahanii ilaalamuu hindanda'an jechuudha. Akkasumas, immoo yeroo wantoota kana balballoomsinu, waallee keessatti kallattii aadaa, ilaalcha, hawaasaafi afaaniifxiyyeeffannoo kenninee balballoomsuu qabna jechuudha.

### 2.6. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Kutaa kana keessatti waraqaalee qorannoo kana waliin kan walitti dhufeenya qaban yookiin walfakkaatan kan keessatti dhiyaatuudha. Kanaaf, mata-dureen kallattiin Qaaccessa waallee Geengoo qulqullina barnootaa irratti hojjetame hinargine. Haata'u malee qorannoowwan

mataduree kanaa wajjin walitti dhufeenyaafi garaagarummaa qaban kan digirii 2ffaafi digirii 3ffaa(PhD) ittiin guuttachuuf hojjetame sakatta'uu yaaleera.

Tigist (2008) "Sakatta'a hojiirra oolmaa mala baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhatee" kan jedhu irratti hojjetame. Kaayyoon qorannoo ishee hojiirra oolmaa mala kanaa sakatta'uudha. Walfakkeenyi qorannoon kanaafi Tigist lameen isaa gurmaa'insa barattootaa kan bu'uureffateedha. Barataa giddugaleessa kan jedhu keessatti tokko shanee kan ofkeessaa qabuudha. Qorannoon kunis gurmaa'insa irratti kan b'uureffate geengoo qulqullina barnootaati. Kanaaf gurmaa'insaan walfakkaatu. Garaagarummaan isaanii ammo qorannoon Tigist mala baruufi barsiisuuti, akkasumas mana barumsaa sadarkaa lammaffaa irratti hjjete . Qorannoon kun garuu waallee geengoo qulqullina barnootaa mana barumsaa sadarkaa 1ffaa irratti.

Martin(2013) "Factors Affecting the Provision of Quality Education" kan jedhu kaayyoon qorannoosaa rakkoolee ga'umsa qulqullina barnootaa irratti fidan adda baasuufi furmaata barbaadamu kaa'uudha. Ga'een barsiisotaa qulqullina barnootaa keessatti, ga'een hoggansa barnootaa, naannoofi maatiin barataa qulqullina barnootaa keessatti ga'ee isaan qaban kaasa. Qorannoon kun ammoo waallee geengoo qulqullina barnootaa keesatti namoonni ilaalcha isaan qaban, maal akka jedhan mormiifi komii, jibba namoonni ijaarsasaa irratti qaban sakatta'uudhaan kaa'eera. Walfakkeenyi qorannoolee kanaa xiyyeeffannaan isaanii qulqullina barnootaa mirkaneessuudha. Rakkoo jiru adda baasuufifurmaata kaa'uudha. Garaagarummaan isaanii qorannoon Martin wantoota qulqullina barnootaa gufachiisan, rakkoowwan mul'atan sakatta'e ka'a. Garuu qorannoon kun namoonni geengoo qulqullina barnootaa kana akkamittu akka ilaalan, maal akka jedhan, komii, inaaffaa, jibba qaban qaaccessee ka'a.

Kan biroon hojii Margaa (2007) "Sakatta'a rakkoolee raawwii hojii garee" jedhu wajjin walbira qabamee yeroo ilaalamu, kaayyoon qorannoo Margaa rakkoolee dalagaa hojii garee barnoota afaan oromoo gufachiisan sakatta'uudha. Rakkooleen kunneenis, fedha dhabuu barataa, leenjii dhabuu barsiisotaa, meeshaaleen gahoon dhibuun akka madda rakkootti kaa'ee jira. Walfakkeenyi qorannoo Margaafi qorannoo kanaa,tooftaa mala baruufi barsiisuuti. Gareen barachuufi geengoon barachuudha. Mala walfakkaatu qabu. Lamaan isaaniiyyuu Gurmaa'insa irratti bu'uureffatu.

Garaagarummaan isaanii ammo qorannoon margaa rakkoo marii garee gufachiisan adda baasa, qorannoon kun garuu waallee isaa geengoo barnootaan qaaccessa. Waan namoonni gurmaa'insa kanarratti jedhan(guunguman) sakatta'ee ka'a.

Kan dhumaa Abrah(2015) "Quality of primary education in Ethiopia" jedhu irratti hojjetameedha. Kaayyoon qorannoo isaa qulqullina barnootaa mana barumsaa sad 1ffaa ilaaluudha. Kaayyoon isaa qulqullinni barnootaa manneen barnootaa sadarkaa tokkooffaa keessatti maal akka fakkaatu jiraachuufi dhibuusaa sakatta'uudha. Walfakkeenyi qorannoo kanaa, Abrah qulqullina barnootaa mana barumsaa sadarkaa 1ffaatti keessatti hojjete. Qorannoon kunis qulqullina barnootaa kan ilaalu mana barumsaa sadarkaa 1ffaa keessatti kan hojjetameedha. Garaagarummaan isaanii qorannoon Abrah qulqullina barnootaa sadarkaa biyyaatti maal akka fakkaatu ka'a. Qorannoon kun garuu qulqullina barnootaaf mala dhihaate irratti maaltu akka jedhamu qaaccessuudha. Dabalees Abrah gosa barnootaa tokko duwwaa irratti xiyyeeffate, qorannoon kun garuu gosa barumsaa hunda hammata

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALLEEN QO'ANNOO KANAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun saxaxa ibsaan (descriptive design) kan gaggeeffameedha. Sababni qorataan ibsaatti fayyadameefis kaayyoon qorannichaa Qaaccessa waallee Geengoo Qulqullina Barnootaa sakatta'uu irratti kan xiyyeeffate sababa ta'eefidha. Ragaalee Waallee geengoo qulqullina barnootaa irratti mala garaagaraan sakatta'uun argamanis addeessuun ibsamaniiru. Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Addunyaan (2011:63) yoo ibsu, "Saxaxni Qorannichaa waliigala qorannichaa to'ata. Kunis, qorannichi maal fakkaata, maalirratti bu'uure gaaffiiwwan jedhan irratti saxaxa kana jalatti deebii argachuu qabu," jechuunkaa'eera. Haala ibsa kanaa irratti hundaa'uun, saxaxa qorannichaa murteessuuf qorannichi akkaataa waallee geengoo qulqullina barnootaa hojiirra oolmaa isaa keessa jiru waallee dubbiin sakatta'amanii ibsamaniiru.

Walumaa galatti qorannoo kana keessatti waallee dubbii fayyadamuun Geengoon qulqullina barnootaa Mana Barumsaa sadarkaa 1ffaa Aanaa Mana sibuu Haroo Naadoo maal akka fakkaatu ibsameera.

## 3.2. Mala Qorannichaa

Qorannoon kun mala akkamtaatti fayyadamuun gaggeeffame. Qorannoo kana keessatti odeeffannoon guurame lakkoofsaan osoo hintaane ibsaan hiika kan argate waan ta'eefiidha. Kana irratti Abiyyiifi kaawwan (2009:36) yoo ibsan, "Qualitative research involves studies that do not attempt to quantify their results through statistical summary or analysis," jedhu. Dabalataan, Dastaa (2002:20) "qorannoon mala akkamtaatiin gaggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessaatiin ykn ibsaatiin dhiyeessa," jedha. Yaada kana irraa wanti hubannu, malli kun gadi fageenyaan xiinxaluu irratti humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal'isuufis haala kan mijeessu ta'uusaati. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaas qaaccessa waallee Geengoo qulqullina barnootaa wantoota jedhamaniifi raawwatan ergaasaa sakatta'ee kaa'uuf mala kanatti fayyadamee jira.

### 3.2.1. Mala Iddatteessuu

Qorannoo gaggeessuuf kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun iddattoo filachuun barbaachisaadha. Iddattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofatti otoo hintaane sadarkaa adda addaatti ilaalamee filatama. Flick (2002:61) yoo ibsu,

*The issue of sampling emerges at different points in the research process. An interview study is connected to the decision about which persons to interview (case sampling)…Furthermore, it emerges with the decision about which of the interviews should be further treated i.e. transcribed and interpreted (material sampling). Finally, it arises when presenting the findings; which cases or parts of texts are best used to demonstrate the finding (presentation sampling).*

Akka yaada kanaatti qorannoon tokko yemmuu geggeeffamu iddattoon namoota afgaaffiif dhihaatan ittiin filachuuf qofa kan itti fayyadamnu otoo hintaane bakka sadiitti itti gargaaramna. Jalqaba namoota odeeffannoo kennuu danda'antu filatama; Achiis wayita odeeffannoon funaaname hiikamuufi qaacceffamu itti fayyadamama. Ragaan qaacceffamee bu'aan qorannoo erga beekamee boodas firii qorannoo sanaa qaama dhimmichi ilaaluuf dhiheessuufi agarsiisuuf kamtu akka dhihaatu kan ittiin filamuudha. Iddattoonis adeemsa kanaan kan filatamu yoo ta'u innis jamaa qorannoon irratti geggeeffamu keessaa namoota filachuu jechuudha. Iddaattoo jechuun namoota qorannoo sanaaf filataman jechuudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef ammoo, yeroo, maallaqa, humna namaafi kan kana fakkaataan qusachuuf yaadameeti. Malli iddatteessuu itti fayyadames tooftaa iddatteessuu miti-carraa (non probability) jedhamutti. Tooftaa iddatteessuu miti-carraa keessaa Akkaayyoo (purposive sampling) filaeera. Haala kanaan Barsiisota Mana Barumsaa Haroo Naadoo 18 keesaa (4), Barattoota kutaa shanii hanga saddettiitti jiran 305 keessaa (30), hoggantoota waajjiraa 8 keessaa (2) mala iddatteessuu miti carraan filatamaniiru.

### 3.2.2. Madda odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda odeeffannoo tokkoffaati. Sababni isaas odeeffannoon kan irraa argame Barattootafi Barsiisota Mana barumsaa Haroo Naadoofi Itti gaafatamaafi itti aanaa gaafatamaa waajjira barnootaa Aanaa mana sibuuti. Jarreen kun ammmoo dhimmichaaf odeeffannoo kennuu irratti akka madda ragaa tokkoffaatti ilaalamu.

### 3.2.3. Mala Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Odeeffannoo barbaadamu argachuuf malleen ragaa ittiin funaannuuf filataman afgaaffii, daawwannaafi marii garee xiyyeeffannooti. Qabanni qorataan malleen odeeffannoo ittiin funaanamu garaa garaatti fayyadameefis, odeeffannoo mala tokkoon argamuu hindandeenye tooftaa birootiin bira gahamuu waan danda'amuufi.

### 3.3.3.1. Afgaaffii

Afgaaffiin dhugummaa qorannichaa mirkaneessuuf odeefkennitoota dhimmicha gadi fageenyaan beekan gaafachuudha. Bu'uuruma afgaaffii qorataan gaaffii afaaniin iddattoowwan filatamaniif gaaffannoo dhiyeessuudha. Kunis iddattoowwaniifi qorataan fuulleetti wal arganii odeeffannoo walii kan itti kennaniidha. Afgaaffiin, malli funaansa ragaa kun odeeffannoo baay'ee murteessaa ta'e bifa gaaffii banaan qophaa'an gaafachuudha. Hayyoonni adda addaa faayidaa mala kanaa kallattii gara garaatiin balballoomsu.

Punch (1998:29) barbaachisummaa meeshaa kanaa haala itti aanuun ibseera. "The interview is one of the main data collection tools in qualitative research. It is a very good way of assessing people's perceptions… of situations and construction of reality. It is also one of the most power ways we have of understanding others." Gaaffilee banaa kan jedhaman odeeffannoo kennaan osoo hindhiphatin taphachaa waan gaafatame sana bu'uura godhatee hanga beeku muuxannoo ofiifi namootaa eeraa deebii kennuudha. Faayidaa afgaaffii kanaa Addunyaa (2011:64) yoo ibsu, "Malli kun warra odeeffannoon irraa argamu sana qaamaan yookiin sagalee isaanii waan dhiyeessaniif odeeffannichi argamu aslii ta'a." jedha.

Af-gaaffiin namoonni lama yookiin isaa ol walitti dhufuun yaada sammuudhaa qaban tokkorratti kan waliin dubbatan ta'uu Kumar (2005:123) yoo ibsu "Any person-to-person interaction between two or more individuals with specific purpose in mind is called an interview," jedha. Dabalees meeshaan odeeffannoo funaanuu kun gaaffii afaaniin dhiheessuufi afaaniin deebii kennuurratti kan hundaa'eefi caalmaadhaan qorannoo gadi fageenya barbaaduuf kan oolu ta'uu ibsa.

Haaluma kanaan, qoratichi af-gaaffii caaseffamaarratti hundaa'uun gaaffilee dursa qopheeffachuudhaan, jechoota wal-fakkaataafi duraa duuba wal-fakkaataadhaan odeef-kennitootaaf dhiheessuudhaan odeeffannoo guurrateera. Kana ilaalchisee, Kumar (2005:126) haala kanaan ibsa *"In a structured interview the researcher asks a pre determined set of questions, using the same wording and order of questions as specified in the interview schedule."*

Kaayyoon qoratichi afgaaffiitti fayyadameef, qoratichiifi deebikennitoonni qaamaan walarganii yaada isaanii bal'inaan walii ibsaa waan deebii deebisaniif, haaluma kanaan iddattoo akkaayyoo fayyadamuudhaan Barsiisota mana barumsaa Haroo Naadoo afur ta'aniifi itti gaafatamtoota

waajjiraa lama hirmaatoota afgaaffii kanaa taasisee kan filate yoo ta`u, isaanis: itti gaafatamtuu wajjira barnootaa aanaa mana sibuufi itti aanaa itti gaafamaa waajjirichaa hubannoo isaan geengoo qulqullina barnootaa irratti qaban adda baafachuudhaaf gaaffiin dhihaatuuf torba yemmuu ta’an, gaaffileen kunis, gaaffiilee banaafi odeeffannoo bal’aa argamsiisuu danda’aniidha. Kana malees, odeeffannoon itti gaafatamtoota wajjiraa irraa funaaname turtii guyyaa sadii fudhachuun deebii quubsaafi iddoo deebiin shakkisiisaa ta’etti irra deebi’uun gaafachuun odeeffannoo qulqulluun argamee qorannoon kun akka gaggeeffamuuf jedhameeti. Kanas meeshaa funaansa odeeffannoo kanaatti gargaaramuun gosa gaaffilee banaa raabsuun odeeffannoo gaafa guyyaa (07/08/2011-20/08/2011) walitti qabateera. Akkasumas, barsiisonni arfan filaman barattoota kutaa shanii hanga saddetii jiran kan maqaa waaman yemmuu ta’an, sababa akka isaan filaman ta’eefis daree keessatti sababii maqaa waamaniif geengoo qulullina barnootaatti barattoota kan ijaaru isaan. Sababa kanaaf, waa’ee geengoo qulqullina barnootaa irratti warra daree seenanii maqaa hinwaamnee caalaa hubannoo qabu jedhamee waan yaadameefiidha. Akkasumas, barsiisota kutaa tokkoo hanga afuriitti mana barumsaa sana keessaa maqaa waamanis bakka ni bu’u jedhamee waan itti amanameef akka filataman ta’eera. Kanaaf, hubannoo isaan geengoo qulqullina barnootaa irratti qaban adda baafachuudhaaf, gaaffileen banaafi odeeffannoo bal’aa ta’e ofkeessatti qabate Torba dhihaachuufiin yaadni isaanii walitti qabamee qaacceffaameera.

### 3.3.3.2. Marii Garee

Ragaalee gahaa qorannoo tokkoof barbaachisu meeshaalee funaansa odeeffannoo tokko qofaan argachuun rakkisaadha. Waan kana ta’eef, af-gaaffii gareedhaaf mijataa ta’eefi kaayyoo qorannichaa bu’uura godhatee qopheessuun barbaachisaadha.

Yaaduma kana fakkaatu David,E. (2004:230) yemmuu ibsu, “Fucos groups can be alow cost way of collecting data; but require aconsiderable amount of coopration and enthusian from participants.” Akka yaada waraabbii kanaatti, af-gaaffiin garee xiyyeeffatamee karaa baasii gadaanaatiin odeeffannoo walitti qabachuuf hedduu gargaara. Tahus tokkummaafi fedhii cimaa od- himoota (namoota garicha keessatti hirmaatan) kanneenirraa barbaachisa.

Neuman (2007:88) akka ibsetti isa namni tokko beeku inni biraan hinbeeku; kan tokko dagate inni biraan itti dabaluu ni danda’a. Kanaaf, odeeffannoo gahaa ta’eefi amansiisaa ta’e argachuuf qorataan kun mala kanaan odeeffannoo kenname dhaggeeffachuun yaadannoo qabatee ragaalee

funaane. Kanaaf qoratichi namoota waa'ee geengoo qulqullina barnootaa irratti hubannoo gahaa qaban jedhame yaadamu namoota/barattoota/ 30 garee lamatti qoodamanii maree gaggeessan hordoofuun yaadannoo barbaachisaa ta'e funaannateera.

### 3.3.3.3. Daawwannaa

Daawwannaan ragaa bu'uuraa qorannichaa cimsuu danda'an funaannachuuf, mala qaamaan argamuun yoomessa uumamaa keessatti hirmaachaa odeeffannoo funaanataniidha.Yaada kana Dastaan (2002:90) irratti akka ibsetti, "daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannichaa irratti gaggeessu sana hordafaa waan arge tokko ragaa akka sassaabatu kan taasisuudha" jedha.

Haaluma kanaan qoratichis meeshaa funaansa ragaa kanatti gargaaramuun odeeffannoo barbaachisu kallattiin madda ragaa tokkoffaa irraa qaamaan mana barumsaa Haroo Naadoo keessatti yeroo barattoonni ijaarsa geengoo qulqullina barnootaan mari'atan irratti argamuun odeeffannoo waa'ee waallee geengoo qulqullina barnootaa funaannateera.

## 3.4. Mala Qaaccessa Ragaa

Odeeffannoon walitti qabaman mala qorannoo qulqullinaan (qualitative) qaacceffameera. Sababni isaas,odeeffannoo hirmaattootarraa irraa afgaaffii, marii garee xiyyeeffannaafi daawwannaadhaan walitti qabamuun qindaa'an, gosa gosaan qoqqooduun dhiyaateera.Malli takkattiin qofti qophooftee qorannoo ittiin qaaccessan hinjiru. "Researchers who conduct critical discourse analysis often utilizies diverse methods of analysis in there attempt to critically examine a text from different persepectives," (Rogers, 2004:7-8).

Ragaa walitti qabuufi qindeessuu keessatti adeemsi qulqullinaan ragaa sana ibsu jiraachuun barbaachisaadha. Qulqullina gosa qorannoo kamiiyyuu qulqullina adeemsa ragaa sassaabbachuufi qindeessuun kan walqabatu ta'uu danda'a. Ragaalee walitti qabuufi adeemsa filannoo iddattoorraa jalqabamee mala odeeffannoo funaanuun ragaa walitti qabuuti. Ragaan afgaaffii, marii garee xiyyeeffatamaa fi daawwannaan erga walittiqabamee booda haala walitti dhufeenya isaaniin walitti qabuun jechaan ibsuun kan gaggeeffamuudha.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE

### 4.1. Seensa

Boqonnaan kun, bakka itti odeeffannoon funaanaman itti xiinxalamanii dhiyaataniidha. Mana barumsaa qorannoon kun irratti gaggeeffame keessatti, Qaaccessa waallee Geengoo qulqullina barnootaa ilaalchisee, odeeffannoo afgaaffii, marii garee xiyyeeffaafi daawwannaan argame mala qorannoo akkamtaadhaan funaanamee jiru akkaataa walitti dhufeenyaa yaada isaaniin armaan gaditti xiinxalamanii ka'amanii jiru. Haaluma kanaan duubeen odeefkennitootaa, dhimmootni ijoon qorannoo kanaa kanneen akka waan hawaasni mana barumsaa Haroo Naadoo mammaaksaan, geerarsaan, jechamaafi malleen dubbiitiin fayyadama afaaniitiin qabatee dhimma ba'uun karaalee komii, gaabbii, tuffii, mormii, hawwii hindhugoomin hafe karaa ibsatan akkaataan itti dhiyaate duraa duubaan, bifa itti aanuun dhiyaateera.

## 4.2. Duubee Odeeffannoo Kennitootaa

### A. Barsiisotaafi Hoggantoota

Qorannoo kanaaf odeeffannoon kan irraa funaaname barsiisota afuriifi Hoggantoota lama yoo tahan, duubeen odeefkennitoota kanneenis, gabatee gadii keessatti ibsamaniiru.

Gabatee 4.2.1.duubee odeefkennitoota barsiisotaa

| Saala | Baay'ina | Umurii | | | | Sadarkaa barnootaa | | | | Muuxannoo hojii | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 30-35 | 36-40 | 41-45 | 46 ol | TTI | DIPP | DIG | MAST | 1-10 | 11-20 | 21-30 | 30 OL |
| Dhi | 4 | 1 | - | 3 | - | - | - | 4 | - | - | | 4 | - |
| Dub | 2 | 1 | 1 | - | - | - | - | 1 | 1 | - | 1 | 1 | - |

**C. Barattoota**

Qorannoo kanaaf barattootni odeeffannoon irraa funaaname soddoma yo ta’an isaannis gabatee gadii keessatti ibsamaniiru.

Gabatee 4.2.2. Duubee odeefkennitoota barattootaa

| Saala | Baay’ina | kutaa | Umurii | | | | | | Ida’ama |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 fi isaa ol | |
| Dhi | 3 | 5ffaa | 2 | 1 | - | - | - | - | 3 |
| Dub | 4 | 5ffaa | 2 | 2 | - | - | - | - | 4 |
| Dhi | 5 | 6ffaa | - | 5 | - | - | - | - | 5 |
| Dub | 2 | 6ffaa | - | 1 | 1 | - | - | - | 2 |
| Dhi | 3 | 7ffaa | - | 2 | 1 | - | - | - | 3 |
| Dub | 3 | 7ffaa | - | 3 | - | - | - | - | 3 |
| Dhi | 5 | 8ffaa | - | - | 3 | 2 | - | - | 5 |
| Dub | 5 | 8ffaa | - | 3 | 2 | - | - | - | 5 |
| | | | | | | | | | 30 |

### 4.3. Waan Hawaasni Mana Barnootaa Haroo Naadoo Geengoo Qulqullina Barnootaa Irratti Jedhan

Ragaaleen waan hawaasni Mana Barnootaa Haroo Naadoo Geengoo Qulqullina barnootaa irratti jedhan ibsan karaa adda addaa funaanamaniiru. Ragaaleen kunneen akka agarsiisanitti fayyadamtoonni barnootaa mala geengoo qulqullina barnootaa kennamaa jiru irratti wantoota addaa addaa dubbatu. Dubbiilee kannneenis sababa sodaa adda addaa qabaniif, yo dubbatan hidhamuu, yo morman qaammaan aangoo qabaniin reebamuufi kanneen biroo waan jiraniif bifoota dubbii garaagaraatti dhimma ba’uun waan jechuu barbaadan komii qaban, jibba qaban, quuqama qaban, mormii qaban, hawwii qaban bifa garaa garaatiin afaan fayyadamanii ibsatu. Fayyadamni afaanii akkaataa namoonnii haasaa keessatti afaanitti dhimma bahuun karaa afoolota garaagaraa ergaa qaban dabarfataniidha. Hawaasni mana barumsaa kanaa ammoo wantoota jechuu barbaadee jireenya isaa guyya guyyaa keessatti ibsaa adeema.

Ragaaleen funaanaman karaalee adda addaa: mammaaksaan, dubbii qolaan, jechamaafi geerarsaan walqabsiisuun rakkoowwan mul'atan tuffii, jibbiinsa, muffiifi komii karaa dhiheeffataniin qaacceffameera.

### 4.3.1. Mammaaksa

Mammaaksi gosa afoolaa keessaa tokko yommuu ta'u wiirtuu cimina dubbiiti. Maalummaa mammaaksaa ilaalchisee Misgaanuun (2011:46) akkas jedha, "mammaaksaaf hiika kana jedhamee laachuun ulfaataadha. Haata'uutii garuu, mammaaksi gosa ogafaanii ta'ee, kan unka gaggabaaboofi bifa walalummaanillee dhiyaachuu danda'aniidha." Dabalataanis Geetachoo (2007:142) akka ibsutti, "mammaaksi yaada yookaan dubbii dheeraa hima gabaabaan mala kurfeessanii teessisan". Akkasumas Fedhasaa (2013:57) akka ibsetti maalummaa mammaaksaa yommuu ibsan, "mammaaksi gosa qareeyyii keessaa tokko ta'ee bu'aa ba'ii jiruufi jireenya ilma namaa haala udumamaa ta'een kan ibsuudha" jedha. Mammaaksi jecha gabaabaa ogummaa hawaasaa kan darbeefi kan dhufu karaa miira keenyatti dhagahamuun kan ibsuudha. Kana malees mammaaksi dubbii fixuufi dubbii fiduu kan danda'uudha. Kana jechuun namni tokko haasawa tokko eegaluufi mammaaksatti dhimma baha. Akkasumas dubbii eegalame tokko xumuruuf mammaaksi bakka olaanaa qaba. Kanaafuu, mammaaksi dubbii dheeraa ta'e tokko yeroo gabaabaa keessatti walitti cuunfee kan ibsuudha. Yaadannoo (2014:17) dhimmoota mammaaksa keessatti xiyyeeffannoo argachuu qaban haala armaan gadiitiin ibsameera. "Mammaaksi yeroo itti mammaakamu qaba, waan mammaakamuufis qaba. Kunis haasa'a haasa'amaa jiruufi mammaaksi mammaakamu kan walcimsuu ta'uu qaba. Kana jechuun mammaaksi yeroo gaddaa, gammachuu, jibbaa, mormii, waldhabbii yookiin tuffii yaada keenya karaa ifa, gabaabaafi qulqulluu ta'een ibsuuf nugargaara." Yaadni kun kan mul'isu mammaaksi mataduree dubbii wajjin kan deemuufii waan dubbatamaa jiru wajjin kan walfakkaatu ta'uu qaba. Kana jechuun immoo mammaaksi mammaakamu sun dubbii haasa'amaa jiru sana wajjin walsimuu qaba. Kanamalees, hiikaa matasaa danda'e kennuu qaba jechuudha. Fakeenyaaf "Aak jedhan waatufan, mammaaksaan waa himan" jedhan. Mammaaksa kanarraa kan hubatamu, namni tokko akkuma itti dhufetti mammaaka osoo hintaane dhimma yookiin dhaamsa wayii dabarfachuu qaba jechuudha. Mammaaksi dubbii dubbatamu hunda keessatti cal jedhamee hinmammaakamu.

Haaluma kanaan Geengoo qulqullina barnootaa kana namoonni karaa morman, jibban, inaaffaa qaban tuffii jiru ibsachuuf yeroo guunguman bifa mammaaksaan haala garaagaraatti fayyadamanii ibsatu. Mammaaksonni kunis haala itti aanuun qaacceffamaniiru.

**Ragaa 1ffaa** fuula irratti qaacceffame

| | |
|---|---|
| A. *Sunsuma geddaraniif hittoon hinmi'aawu* | [47] |
| *B. Maqaan erbaniif haarawaa hintaatu* | [47] |
| *C. Adurreen keessi bineensa* | [49] |
| *D. Osoon gubadhuun kolfa jette akaayiin* | [49] |
| E. *Bitaan yaabaniis, mirgaan yaabanis, walgayiin kooruma jette gaangeen* | [53] |
| F. *Sagal elmamus sagaltami elmamus koo qiraacuma jette adurreen* | [55] |
| *G. Simbirri laboobaa wolfakkaatu qabdu woliin balaliiti.* | [60] |
| H. *Firri gara firaa jennaan erbeen gara loonii ceete* | [60] |
| I. *Rakkataan dubartii ulfoofte fuudha*. | [46] |
| *J. Qoraattii ofirra tursuun madaa ofitti bal'isuudha* | [47] |
| *K.Mana hormaa bareedaarra godoo ofii wayya* | [51] |
| *L.Bara humna qaban sagaliin lolu, bara humna hin qabne sagalee tolu* | [56] |
| *M. Sanyiin buqqee miicaniitu hadha'a* | [47] |

(Barsiisota)

### 4.3.2. Geerarsa

Geerarsi gosoota Afoolaa keessaa tokko yommuu ta'u, dhimmoota adda addaa irratti hundaa'uun waan namootni naannoo jiran keessatti itti gargaaramaniidha. Yaada kana kan deggaru Fedhasaan (2013:49) geerarsa yommuu ibsu, "Geerarsi aadaa Oromoo keessatti baay'ee beekamaadha. Sababni isaas, namoonni dhaggeettii keessoo isaanii, aarii, gaddaafi gammachuu qaban ittiin ibsatu." jedha. Yaada kanarraa wanti hubachuun danda'amu hawaasni geerarsa dhimmoota adda addaa irratti hundaa'uun kan itti gargaaramu ta'uu isaa nu hubachiisa. Dhimmi geerarsi geeraramuuf irratti hundaa'uun gosa geerarsaa himuun ni danda'ama. Fedhasaan (2013)irratti yommuu ibsu, dhimma geeraramuuftu gosa geerarsichaa murteessa. Nama qabeenya hinqabne/deegaatu geerara taanaan geerarsa hiyyeessaa, kan ajjeesee dhufetu geerara taanaan geerarsa ajjeesaa, komii jiru ibsachuuf, mormii jiruufi jireenya keessatti guyya guyyaan mudatan ibsuufi kkf geeraramа. Kanaafuu, geerarsa dhimma geeraramuuf bu'uureffachuun qaaccessuun ni danda'ama. Yaadni yaada kana deeggaru kan biraa Addunyaan (2016:173) yommuu ibsu, "geerarsa qabiyyee isaa bu'uureffachuun xiinxaluun kan danda'amuu yoo ta'u, isa kanas bakkaafi yeroo tokkotti qaaccessanii fixuun rakkisaadha"jedha. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu geerarsi dhimma hedduu irratti geeraramа waan ta'eef, wantoota hunda sana iddoo tokkotti fiduun yeroo tokkotti xiinxaluun rakkisaa ta'uu isaa hubachiisa.

Walumaa galatti, geerarsa hawaasni dhimmoota adda addaafi haalota garagaraa keessatti geerara waan ta'eef, qorannoo kana keessatti qabiyyee geerarameef haala komii, jibbiinsaafi mormii ummatni geengoo qulqullina barnootaa irratti qaban akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

**Ragaa 2ffaa** fuula irratti qaacceffame

*Yaa shanee, yaa garee* [46]
*Yaa raayyaa yaa geengoo*
*Yaa jaalallee yaa sirna koo*
*Yaa jaallallee yaa barumsakoo*
*Diina faana michoomtee*
*Carraa ijoollee keenyaa fixxee*
*Kan carraa biroo bantee*
*Gumaan dhaloota hinhafuu*
*Maal godhu garuu haa teessu*
*Garaa nu hammeesuu( x2)*

**Ragaa 3ffaa**

*Raafuun galaa ta'aa ree* [52]
*Nyaatan garaa ga'aaree*
*Otuu akka garaa kootii*
*Qajeelfamni kun kan oromooti*
*Geengoon maqaa taphaatii*
*Shaneen abaarsa jeraatii*
*Raayyaan humna waraanaati*
*Itti himuu akka koo hinta'uu*
*Akka garaa koo hinta'uu jedha*

*Kan nyaannu garaatti* [48]
*Kan baannuu mataatti*
*Maa nurakkisu akka alagaatti*
*Ni beekna qabna beekaa*
*Kan baasuu beekumsaasaa*
*Kan qopheessuu ogummaasaan*
*Kan dhaalchisuu dhalootasaa*

**Ragaa 4ffaa**

*Maal carraa hamaan gurbaa,* [54]
*Irreen irree nyaataa*
*Moo, irreen irree baataa*
*Irree hinfakkaanne tasaa*
*Hoolaan hoolaa tiksaa*
*Moo hoolaa cumaa jigsaa?*
*Taayitaan geengoo tachachiisaa*
*Tapha ajaa'ibsiisaa kan ijabaasaa*
*Barattootuma waliin wal taphachiisiisaa*
*Dhiiraafi dhalaan walitti kofalsiisaa*
*Hiree isaanii waliin wal dadhabsiisa*
*Biyya abbaa isaanii dhabsiisa*

*Yaa warra keenyaa warra laga gamaa* [57]
*Boris iftaanis tooftaan keesan lamaa*
*Cubbuu dhalootaa nutti hambistanii*
*Waaqa uumaasaaniin wallolchiistanii*
*Guyyaan nidhumaa guyyaan nidhufaa*
*Haamurteessuu guyyaan inni dhumaa*

(Barsiisota)

### 4.3.3. Jechama

Jechama jechuun jechi tokko yookiin jechoonni lama yookiin jechoonni sadii walitti qindaa'anii hiika ummanni bare kan kennaniidha. Jechamni irra caalaa ergaa ifaa osoo hin taane ergaa dhokataan beekama. Yaaduma kana kan deggaru Fedhasaan(2013:61) yoo ibsu, "jechamni yaada dhokataa of keessaa qabuun sammuu namaa kan qaruudha. Kanaafuu, jecha, gaaleefi hima qofaa dhaabbatee yaada bal'aa sammuu namaa afeeru jechuun ni danda'ama." Akkuma yaada kanarraa hubatamutti jechamni hiika ifaan osoo hin taane hiika dhokataan kan beekamuudha. Jechamni hawaasni dubbii ifaafi ifatti dubbachuu hinbarbaanne maddii qabuun ergaa isaa dabarfachuuf itti gargaarama. Dubbii dubbataniif rakkinni akka irra hingeenyeef yaada dhoksaan jechamatti fayyadamee waan jechuu barbaade ibsata. Hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti waan isa mudate, waan yaraas ta'ee gaarii, bara hamaas ta'ee gaarii, sirna bulchiinsa siyaasaa yeroo keessa turee, aariisaa, jibbasaa, mormii fi kkf jechamatti gargaaramuun ibsata. Kanaafuu jechamni hiikni isaa hawaasicha biratti beekamaadha.

***Ragaa 5ffaa*** fuula irratti qaacceffame

*Dabbasaa haaraa biqilchitee* [50]
*Buqqee duwwaa kan galchitee* [50]
*Bosona biyyaa kan hiriyyaa* [50]
*Mitihoo silaa argaa dhabaa*
*Kan jijjiiruu qalbii hojii dhabaa* [51]
*Hittuu balleessee jireenya barataa* [51]
*Odaa jala jirraa garuu akka waaqaaf jirraa*

(Barattoota)

### 4.3.4. Malleen dubbii

Malleen dubbii dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuu irraa wanta hawaasa keessatti kalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti kan mul'isu yookaan kaa'uudha. Malleen dubbii waallee keessatti gahee olaanaa qaba. Kana ilaalchisee, Addunyaan (2014:208) irratti yoo ibsu, "Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsuudha," jedha. Dabalataan Ebi (2012), haala itti fayyadama

malleen dubbii akkas jechuun ibsa. “Figurative language acts as semantic signifiers in texts and also helps the literary artist in achieving beauty in form. The critical fact that emerges from the foregoing is that, figurative language constitutes the cornerstone of the literariness or ornamental nature of literary language, as it enables the writer to exploit and manipulate the latent potentials of language, in miscellaneous ways, for specific stylistic effects.”

Yaadni kun kan nu hubachiisu malleen dubbii ergaa  dabarsuu barbaade tokko haala miidhagaa fi humna qabuun ergaa dabarsuu barbaade tokko jechootaan awwaalee humna itti horee bifa nama arkisuun dhi’eessuu danda’a. Kana waan ta’eef namootni dhaamsaafi ergaa geengoo barnootaa irratti qaban dubbii ijoo isaanii malleen dubbiitti fayyadamuun dabarfatu.

Gama biroon ammoo, Reyes (2012) akka ibsutti malleen dubbii yaada dhuunfaas ta’e kanneen gama hawaasaatiin jiru bifa bilchina qabuun dhageettii itti horee yookaan ammoo namoonni dhimmicha akka gad fageenyaan itti yaadaniif haala kan mijeessu ta’uusaa yammuu ibsu akkas jedha;

> *Figurative language is a means to express the social dimension either to refer to the self, feelings and emotions, or to conceptualize the components of the virtual learning setting. It can be found on almost every website in a variety of guises and with varying degrees of obviousness. Hence there are reasons that initiate people touse figurative language patterns on social media since language is not a static phenomenon; rather it is continuously changing. In this respect, social media are the best examples concerning the impact of such technologies on language and social habits.* Reyes (2012 :11).

Yaada armaan oliirraa hubachuun akka danda’amutti faayidaaleen malleen dubbii haalota adda addaa keessatti mullachuu danda’a. Kunis yoo ilaallee yaada keenya bifa dhoksaa ta’ee fi humna qabuun dabarfachuun kan itti dhimma baanuudha. Faayidaan malleen dubbii kun gama barnootaafi hawaasaatiinis ga’ee inni qabu olaanaadha. Malleen dubbii kun gosa adda addaatu jiru. Isaannis:

Akkasaa, gosa dubbii qolaa keessaa isa tokko ta’eewantoota walhinfakkaanne lama jechoota kanneen ‘akka’fi ‘fakkaata’ jedhan gargaaramuun kan waldorgomsiisuudha. Bakka buusa/Iddeessuun wantoota amalaan walfakkeessanii ibsuun amala waan tokkoo isa birootiin bakka buusanii ibsuudha. Malli dubbii iddeessa jedhu gaalee ‘iddoo isaa’ jedhurraa ijaaramee waan tokko guutumaan guutuutti amala waan biraa gonfachiisuun kan dhiheessuudha.

Kanuma deggaruun Addunyaafi Kaawwan (2005:82) yoo ibsan, "Akaakuun dubbii qolaa kan tokkummaa wantoota lama fudhachuun isa tokko iddoo isa biraa buusuun keessootti waldorgomsiisuudha. Jechichis kan uumame jechoota 'iddoo fi isaa'jedhaniirratti jechuun ibsaniiru. Nameessuun amala dhala namaa lubbu-qabeeyyii yookiin lubbu-maleeyyii biroof kennuun dandeettii dhala namaa gonfachiisuun kan ibasmuudha. Yaaduma kana deggaruun Addunyaa (2014:211) yoo akkasiin ibsa.

> *Akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu-maleeyyii yookaan lubbbu-qabeeyyii biroo amala namaa gonfachiisuudha. Haala kanaan akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan, dhiyaatanii akka hiiqaniifi wkf akka dalagan kan taasisu fayyadama afaaniiti,"* jechuun barreesseera.

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, ogummaafi dandeettii dhala namaa akkaataafi yeroo addaa addaa keessatti wantoota garaagaraaf kennuun malleen dubbii keessaa nameessuu akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

Mitiheen yaada faallaa fakkaatee yeroo itti siqamu dhugaa ta'ee argamuudha. Hiiknisaa isa mul'atuun garasitti dhugooma. Kanaafis miti jedhama. Wanti jedhaamu fuggisoo waan fuulduraan jiruuti. Haaluma armaan olii bu'uureffachuun malleen dubbiitti gargaaramanii namootni geengoo qulqullina barnootaa irratti komii , jibba, mormiifi hawwii qaban karaa ibsachuu danda'an kan agarsiisuudha. Gurra guddeessa/Arbeessuu, malli dubbii kun amala wanti tokko qabu garmalee ol kaasuun yookiin garmalee gadi buusuun ibsuuf kan gargaaruudha. Kana jechuun yaada tokko arbeessuufi xiqqeessuun ibsuuf kan tajaajiluudha. Addunyaafi kaawwan (2005:83), "Malli dubbii kun waan tokko garmalee arbeessuun ykn xinneessuun dhiyeessuu ilaallata" jedhu. Arbeessuun dhugaa jiru tokko irratti garmalee dabaluudha. Fakkeen akaakuu dubbii qolaa keesssaa isa tokko ta'ee wantootni caasaafi hiikaan walgitan yemmuu irra deddeebi'anii galan kan itti gargaaramnuudha. Maalummaa fakkee ilaalchisee Yaadannoo (2014) yoo ibsu, fakkeen yemmuu gaalee hiikaafi caasaan walfakkaatu irra deebi'uudha.

**Ragaa 6<sup>ffaa</sup>** fuula irratti qaacceffame

A. *Bareedni maqaasaa aduu barii golgoleessa* [56]
B. *Fuula waaqatu namaa tolcha, deemsa abbaatu tolfata jedhe jaldeessi* [56]
C. *Kan garaa malee kan maqaa yoom nadhibe jedhe waraabessi* [57]
D. *Oromoon achii kaanaan akka qeerransaati* [57]
E. *Oromoo sobanii afaaniin kan garaacha saawwaa uffate godhanii himu* [56]
F. *Jaarsillee gaafa nama eebbisu hambaa godhadhu namaan jedha* [57]

*G. Hojiin mootummaa kanaa duubaan hallayyaadha.* [48]
(Barattootarraa)

### 4.4. Geengoo Qulqullina Barnootaa ilaalchisee ergaa wanta namoonni jedhaniin darban

Namni waan naannoosaatti jedhamuufi godhamuun ergaa garaagaraa dabarfata. Haala keessasaa jiru mul'inatti imachuun kan isa rakkisu ergaa qabu bifa komiin, mormiidhaan, xiiqii, quuqama qabu, gadaantummaa, jibbiinsa, hawwii hindhugoomin hafe ibschuuf, deggersa kennuuf, gaabbii keessa jiru karaa ibsachuu danda'uun afaanitti fayyadamee mul'isa. Kana ammoo yeroo ibsatu ergaa mataasaatii qaba.

#### 4.4.1. Komii

Komiin waan hawaasni tokko yaadee argachuu dhabuun qaama dhowwate sana komatuudhu. Kanas, Geerarsa ragaa lakk (2) jalatti dhiyaate kana keessatti ilmaan oromoon diinatti michoomuu isaanii geerarsaan kan komatantu mul'ata. Shanee fi garee gaafa barbaadan gooxii gaafa barbaadan raayyaa boodammoo geengoo kan nuun jechisiisee warra diinatti firoomeedha.Osoo beekanii sirna qajeeltoo hintaanee ummata irratti kan fidan namoota dhimma hawaasaa hinqabne jechuun komata. Yaa jaalallee yaa sirnakoo, sirnichi osoo kan namoonni haqaafi fedhii uummataan hojiirra oolchanii kan jaallatu ture. Barumsa akka jaalallee ofii jaallatanitti sababii jaallataniif keessa ofii waan jiru geerarsa kanaan himatu. Hormaan kan nurratti jijjiiramtu ilaalcha namoota biroo baattee kan deemtu kanaaf sijibbine, diina nutti taate jechuun barumsa lubbuu itti horanii komatu. Ragaan mammaaksa lakk(1,I) irraa akka ibsutti, rakkataan dubartii ulfa fuudha kan jedhameef waan goonu hinqabnu silaa sila garboomnee waanuma nutti fidaniin baranna. Osoo mirga argannee akkas hintaanu jechuun komii qaban ibsatu. Carraa ijoollee keenyaa fixxee kan jedhame barumsa fuudhanii siyaasaan walqabsiisuun akka barattootni ga'umsa gaarii hinqabaanne, cimaa ta'anii jireenya ofiisaaniifi biyyasaanii akka hindagaagsine, ofta'anii gaaffii mirgummaasaanii akka hingaafanneef karaa addaa addaa carraa kan itti cufaniidha. Warra biroof carraa bante. Kan keenya nu miidhaa kaan akka baratan, ofbeekan, cimaa ta'an goote jedha. Tooftaa barumsa isaan itti amananiifi isaan milkeessuufiin isaan barsiista. Garuu kun hundaa osooma ta'uu guyyaan ni dhufu yeroon itti gaafataman, namni dhaloota miidhe osoo gatii isaa hinargatin hinhafu, hundaasaa hindubbannu ofumaa garaan nu mooga'a jechuun komatu. Gocha irratti raawwatame gamni hinirraanfatu garuu kan sirna mootummaa daangeffatanii carraa ijoollee keenyaatti taphatan dhalootni akka hinirraaffanne geerarsaan mormii geengoo barnootaa irratti qaban dabarfatu. Geerarsi kun karaa adda addaa

mala jijjiiruun sammuun barattootaa akka miidhamu, barnootni qulqulluun ijoollotaaf akka hinkenname namoonni qaama dagaagina barattootaa kana jibban akka jiran agarsiisa. Ummatnis barumsa akka jaal'atu 'yaa jaalalleeko yaa barumsako' kan jedhe sana akka hinmilkoofneef namootni diinatti hidhatanii dhaloota kana dadhabsiisan akka gaafatamanis ni akeeka.

Mammaaksi ragaa lakk (1,M) jalatti ka'amee jiru Sanyiin buqqee miicaniitu hadha'ajedha. Kun qopheessitoota mala kanaarraa komii cimaa akka qabu mul'isa. Duras kan qopheessaa ture isaanuma waan ta'eef yo irra deddebi'aniiyyuu jijjiirama hinmul'isu. Yaadnisaa kanuma duraa sana haaromanis keessoon kan qulqullaa'ee miti jechuun komatu. Mammaaksi ragaa lakk (1,J) qoraattii ofirra tursuun madaa ofitti baay'isuudha. Hawaasni kan jedhu nuun yo barbaadan zooniin, gooxiin, gareen, shaneen nu gurmeessuun siyaasa mataasaanii nutti fe'atu, akka isaanii mijachuu danda'utti siyaasa biyyaa hordofuuf nurratti mala malaa bulu. Ammammoo ijoolleen keenya bor barattee garbummaa kana nurraa kaasti kan jennus qulqullina barnootaa jedhanii mala garaagaraa itti jijjiiruun nuduraa jaanjessu jechuun hawaasni komii qabu akka kaasu bifa walfakkaataan dubbatu.

### 4.4.2. Mormii

Mormiin waan hojjetamaa jiruufi godhamaa jiru ilaalchisuun yaada ofii kan waansanaan mormu dhageessisuudha. Hinfudhannu jechuun kan mormuudha. Kunis ergaa mataasaatii kan geengoo qulqullina barnootaan mormamu kan mul'isuudha. Qaamoleen fayyadamtoota geengoo qulqullina barnootaa mammaaksa karaa adda addaa mormii qaban ibsachuuf gargaaramu. Mammaaksa ragaa (1,A) jala jiru kan agarsiisuu sunsuma geddaraniif hittoon hinmi'aawu kan jedhu maqaa addaa addaa itti jijjiiraniif qulqullinni barnootaa hin eegamu. Egaa mammaaksi kun hittoon haala gaariin qulqullinni isaa eegamee, wantootni hittoof barbaachisan yo guutamuu baatan iddoo itti hittoo hojjetan sunsuma isaa jijjiiruun hoomaa kan hinjijjiirre, namni hittoo sana hojjetu ogummaa hittoo qabachuu akka qabu mul'isa. Yeroo addaa addaatti qulqullina barnootaa jedhanii kan maqaa addaa addaa itti moggaasan altokko garee, yeroo biraa raayyaa, yeroo kaan shanee ammammoo geengoo kan jedhamu kun bu'aa qulqullina barnootaaf waan deemu hinfakkaatu. Waan barbaachisu osoo hinqopheessin dura calluma jedhanii maqaa jijjiiruun kun waan barattoota keenyaaf dhimmames hinfakkaatu faayidaamasaaniif yoota'e malee jechuun deebiisaa kenne.

Ergaan mammaaksa (1,B) ammoo maqaa waan tokkoo itti jijjiiraa oolaniif galma hinga'u. maquma jalqaba mogga'eefiin kan waan ittiin moggaafameef fiixaan baase malee itti jijjiiruun akka hin milkeessine nama hubahiisa. Mimmiidhegsaniif, itti bareechaniif waan sana hinjijjiiru maqaa jalqabaan hojjetee kan haarawu yo ta'e malee jechuudha. Ijaarsi kun kaayyoo inni yaadamee qophaa'eef sana galmaan kan ga'aa jiru miti. Maqaamasaa jijjiirrachaa oola. Sababni isaas, barattoonni geengoo sanaan waliin mari'achuun kan isaanii hin galle walgaafachuun bakka itti wal arganii hundi of danda'ee hojjechuun itti walirraa baratan jedhanii kan yaadan osoo hin taanee akka waliin taphachuufi haasa'uun ittiin baratamuuf qophaa'efitti ilaalu. Kun ammo kan agarsiisu ijaarsi dura tures bu'aa akka hinqabne, kunis maquma haareffatee dhufe malee keessoonsaa qulqullina barnootaa kan haaressu miti. Kan haaressu osoo ta'ee jiraatee isa duraa maaltu akka dadhabsiisee, maaliif galma ga'uu dide, barattoonni maaliif jibban, barsiisonni haalaan maaliif itti hinfayyadamne kanneen jedhaniifi wantoonni biroon mala sana gufachiisan qoratamanii erga adda ba'anii booda jijjiiranii fidu turan. Garuu hamma akkuma isa duraa sana hojiirra oolchaa jedhamee maqaasaa haareffatee dhufe malee maal fayyaduu akka dhufe namni beeku hinjiru. Akka ragaa kanaatti geengoon barnootaa kun ittumaa barattoota laaffisa malee kan cimsu natti hinfakkaatu. Yeroo qormaataas walirraa garagalchuun hojjechuuf geengoo kanatti waan fayyadaman fakkaata kan jedhuudha yaadni isaa. Barsiisonni hafan lamaanis gaaffiima walfakkaataa kana irratti yaadni isaan kennan kanuma asii olitti ibsameen kan walfakkaatu ta'ee, geengoon kun ilaacha gaariifi kan fudhatame hinqabne akka ta'etti kaasu. Barataan akka taphatuufi akka walirraa hatuuf haala mijeessa jechuun mormii geengoo barnootaa irratti qaban ibsu.

Akka ragaa lakk (6,G) jalatti dhihaateen malleen dubbii keessaa mitihee fayyadamuun mormii qaban yeroo ibsatantu mul'ata. Kunis hojiin mootummaa kanaa duubaan hallayyaadha kan jedhu keessatti waan hojjetamuufi dubbatamu yeroo ilaalan gaarii fakkaata. Garuu oolee bulee kan jireenya namaa miidhu, guddina ofiifi biyyaa kan quucarsu ta'ee mul'ata. Kanaaf duubaan hallayyaadha jedhu. Amma hinmul'atu malee dhumarratti gaafa bu'aasaa bira ga'an kan barattoota kanneen barumsa mala bareedaan baratanii wajjin iddoo barbaadame ga'uu dhiisan nama miidhuu hubatu.

### 4.4.3. Jibbiinsa

Jibbiinsi waan hojjetame yeroo namatti toluu diduufi miira kaka'umsaa kan namatti hinhorre yeroo dhaga'an kan waan sana tuffataniifi karaa biroommoo kan qaamni biro gocha badaafi hamaa nama sana jibbuun beekaamaa osoo beekanii irratti raawwataniidha.

Geerarsi ragaa lakk (3) jalatti kennamee jiru tuffii namoota geengoo qulqullina barnootaa irratti qaban kan agarsiisuudha. Qabna beekaa yeroo jedhu kanneen sana tuffachuu mul'isa. Waan jiru garaatti ni qabanna. Miidhaan nurra ga'aa jiru waan hinraanfatamu sababa hintaaneef, tuffii qabaniin kan raawwatamaa jiru mataa keessa nu jira. Beektonni keenya kan lammiisaanii jaallatan akka jiran ibsaa, beekumsa qabaniin dhaloota jiran kan guddisan, kan jajjabeessan, kan barsiisan ta'uu mul'isa.

Mammaaksi ragaa (1,C) jalatti kenname kan ibsu, adurreen mana keessa namaa wajjin jiraatti. Foonis ta'e buddeena ni nyaatti. Akka eegduu manaatti ammo tajaajilti. Hantuuta mi'oota mana keessaa balleessitu ittisti. Osooma kana hundaa namaaf fayyaduu garuu gaafa nama ciniintu yookaan baddee adala taatu akka bineensaatti lukkuu nama fayyaddu nyaatti. Gara bosonaattis galti. Kanaaf ooltee bultee bineensuma irraa sababa madaqteef keessishee bineensa jedhamte. Geengoon qulqullina barnootaas qaamuma dura raayyaa, tokko shanee qopheesseen qophaa'ee sababa ta'eef keessisaa siyaasumaaf jedhameeti. Sababni isaa maquma isaa jijjiiran malee maaltu bade jennaan malli inni duraa bu'aa buusuu dide, kanarratti ammoo maal fooyyessina kan jedhu waan qoratme hinjiru. Ga'umsa barsiisaa olguddisuun, himaammata barnootaa keessa deebi'anii ilaaluun, meeshaalee deggersa barnootaa qopheessuun, naannoo mana barumsaa hawwataa taasisuun, maatii barattootaaf hubannoo uumuufi kaka'umsa keessatti uumuun silaa hojii jalqabaa ture. Garuu hojichi keessatti keessa waan qabuuf akkasumaan maqaa jijjiiranii nu rakkisu jechuun yaada kennu. Kanarra wanti hubatamu mala kana keessa hojiin siyaasaa akka jiru, keessoon geengoo barnootaa barbaadamummaansaa siyaasa ta'uu namatti mul'isa.

Mammaaksi ragaa lakk (1,D) irra jiru akaayiin yeroo ammachan ibiddaan gubatti. Akka waan itti tolaa jiruutti ammoo qaama duraa qabdu baqaqsitee adii of gooti. Kan gammadde fakkaata, garuu jaallattee miti adii ta'uunshee. Sababa ho'i itti cimeef kan boosse ta'a, gamnummaashee agarsiisuuf akka waan kolfiteetti of fakkeessite malee. Geengoon kunis kan dhaloota keenya miidhaa jiru natti fakkaata, waan jiru garaama kaawwannee barattoota walitti naannessinee gidduu oolla malee oolee bulee milka'aa waan ta'u hinfakkaatu.

Bu'aan argamu yo jiraate barattootni dareetii dareetti osoo hoomaa hinbeekin wal irraa galagalchuun akka darban gargaara. Barattoota fedha barnootaa qaban fedha dhabsiisaa dhufa. Warri hindubbisneefi hinhojjenneyyuu hindarbu jechuun abdii kutannaan itti dhufaa deema jechuun aarii qaban dabarsu.

Yaada kanarraa kan hubatamu, geengoon qulqullina barnootaa kan barattootni itti hinamanin, kan barsiisonniifi maatiiwwan barattootaa abdii irraa hinqabaatin jibbaama keessasaaniitti dhukkubsataama kan itti fayyadamaa jiraatan ta'uu mul'isa.

### 4.4.4. Gaabbii

Gaabbiin yaada waan tokko osoo ta'ee jedhanii erga darbee yaada nama keessatti uumamuudha. Akka ragaa lakk (5) jalatti ka'amee jiruutti jechamoota jiran dabbasaa haaraa: keessummaa, Barattootni mala barnootaa kanaaf haaraadha. Kana jechuun keessummaadha. Kanaaf ilaalcha adda addaa qabu. Kanneen dandeettii qaban akka waan isaan miidhuuf ijaarameetti mormu. Nuti of dandeenyee barachuu dhufne malee walga'ii maalii taa'uu dhufne kan walitti galagallee teenyu jedhu. Kaan ammo gaariidha isa nuuf wayya taphachuufis nutti tola ijoollee durbaa taphachiisuuf mala gaariidha jedhu. Barattoonni dandeettii barnootaa hinqabnes ni jaallatu. Hojii kenname dhimma qabxiisaatii inni danda'u hojjeta nuuf jedhee miti nuti ammo ni fayyadamna jechuun ilaalcha qaban dabarfatu. Jechamni ragaa lakkoofsa (5) Buqqee duwwaa: wallaalaa, buqqee duwwaa kan jedhameef ammo barattoonni sammuunsaanii banaadha. Waan itti himamee baay'een isaanii waan amananiif mala kanaaf ilaalcha gaarii qabu. Kaan ammo akkasuma waan hamaa mala kanaa hadheessu qabu. Warri ilaalcha gaarii qaban baay'een isaanii warra barnoota hinjaallanneefi hindandeenyeedha. Sababni isaa mala kanaan warra kaan irraa hojjetanii waan darbaniif kanaaf wallaalaa jenne. Kaan garuu qofaa dubbisuu, qofaa hojjechuu, qofaa taa'uu irra filatu, kan qulqullina jedhanii mala adda addaa nutti fidan wallaalummaa keenyaan nu tuffataniitu jedhu. Otoo kan dandeenyu taatee tooftaa nutti toluun baranna, waliigaluu dadhabuu keenyaan bara baraan garboomaa hafne jechuun gaabbii isaanii ibsatu. Jechamni ragaa lakkoofsa (5) Bosona biyyaa: gaaddidduu biyyaa, jechamni kun barattoonni gaaddisa biyyaa ta'uusaanii mul'isuuf. Ilaalchi isaan qaban gara fuulduraatti barnoota qulqulluu argatanii ofiifi biyya isaanii tajaajiluu fedhu. Kanaaf mala dhugumatti qulqullina barnootaa eegsisa jedhamee qorannoofi qo'annoodhaan adda ba'ee argatanii osoo baratanii yaada dhiheessu. Hubannoosaan mala geengoo barnootaa kanaan walqabsiisee qabanis garuma dubbii siyaasaa malee hiika akka

hinqabne dudubbatu. Barsiisonni biroonis yaaduma kana yeroo deebisan achiis dhufteen mala barnootaa kun sababa siyaasaa wajjin walqabatuuf, barattoonnis siyaasa biyya kanaan baay'ee waan miidhamaa turaniif ilaalchi barattootaa gaarii akka hintaane kaasu. Amma kana barbaachisa jedhamee waa'een geengoo qulqullina barnootaa kanaas waan hubannoon hin uummamneef barattoonni shakkii irraa qabu.

Gaaffii Geengoo qulqullina barnootaa irratti wanti jedhamuufi godhamu ergaa maalii qaba kan jedhuuf yaada isaanii yeroo kennan kaayyoon geengoo qulqullina barnootaa dandeettii, beekumsaafi ilaalcha barattootaa olguddisuun harcaatiifi irra deebii xiqqeessuu ture. Garuu faallaasaa ta'e, akka ragaa lakk (5) hoji dhabaa: kan harka namaa eegu, barnootni qulqullinni isaa eegameefi himaammata gaarii qabu kan barateefi barachaa jiru ni milkeessa ture. Garuu muka gogaa kan gaaddisa hinqabne ta'e, waan qophaa'ee dhufu akka waan gaariitti gadi bu'a. Kun garuu sadarkaa barreeffamaafi jechaati. Haata'u, malee haala qabatamaa mana barumsaa keenyaan kaayyoon kun galma kan ga'e miti. Sababni isaas, geengoo kanaan haalli itti ijaaramanii jiran eenyuutu keessa hir'iate, maaliif oole, eessa oole gaaffilee jedhaman deebisuuf mijataa kan ta'eedha malee bu'aa barnootaaf miti. Barattoota geengoo sanaa keessaa eenyuutu mootummaan morma, eenyutu qaama biroo deggara kan jedhu adda baasuuf mijata jedhu. Yaada barsiisota kanarraa wanti hubatamu wanti jedhamuufi geengoo barnootaan ergaan darbu qulqullina barnootaa osoo hintaanee ergaa siyaasaa akka ta'etti gaabbii irratti qaban agarsiisu. Akkuma maloota kanneen duraa nu goyyoomsuumaaf maqaa itti jijjiiruu malee qulqullina barnootaa eeguu osoo ta'ee kaan illee haafuu barattoonni kitaaba afaan oromoo malee hinbaratan. Teessumni isaaniis kan nama tokko teessisu osoo hin taane baay'atanii taa'u waan ta'eef rakkisaadha kana dura fooyyessu ture, daree tokko keessa barataa 60-80 ta'anii hinbaratan ture. Garuu Warri biiroo barnoota olaanoofi hoggansa manneen barnootaa gabaasa bareechachuufi sadarkaa bulchiinsaa olaanoo birootti ofii darbuuf hiree barattootaatti taphatu jechuun yaada adda addaa kennu. Ragaan lakk (5) jireenya barataa: barbaadaa, jechamni kun barataan yeroo baratutti kan dubbisu, kan adda baafatu, kan waakalaqu, kan hordofu, kan jireenyaa rakkinaa beeku ta'uusaa mul'isa. Haata'utii barataa jireenya akkasii jiraatuuf yeroo hunda waan galma hinqabne maqaa adda addaa itti moggaasuun kan burjaajessan kun kan barattoota miidheedha. Mammaaksi ragaa lakk (1,k) mana hormaa bareedaarra godoo ofii wayya jedha. Kan achii isaan nutty fidannirra kan nuti asitti walgargaarru wayya.

Hubannoon namoota gurmaa'insa kanatti fayyadaman qaban maalfakkaata? Isa durii raayyaa jijjiirama barnootaan ilaalumoo isarraa adda gaaffii jedhuuf deebii yeroo kennan barsiisonni dhiiraa tokkoofi dubaraa tokko qaamoleen itti fayyadama geengoo qulqullina barnootaa harki caalu eenyuu waliin akka ijaaraman iyyuu hin beekan kanaaf gurmaa'insa kanaan rakkoo isaanii furachaa jiru jechuun hin danda'amu. Hoggantootni waajjira barnootaafi hoggansi manneen barnootaa geengoo qulqullina barnootaa akkamitti ilaalu kan jedhuuf deebiin isaanii, akka yeroo ammaatti naannoo keenyatti hoggansi daldala sababa ta'eef hundinuu fedha isaanii eeggachuuf waan mootummaanis ta'e hoggansi barnootaa dabarsu sirriidhuma jedhanii kaa'u, hanqinasaa osooma beekanii yo morman, hojiirra hinoolchinu yo jedhan ilaalcha qabda jechuun sababa hoggansa irraa buusaniif miidhaa isaa osooma beekanii dubbachuu hindanda'an. Kanaaf ilaalcha isaan geengoo qulqullina barnootaaf qaban olka'aadha. Haala qabatamaa mana barumsaa keenyaan kun yoo ilaalamu, geengoo sanaan ijaaramuun amma yaadame ta'uu yoo baateyyuu eenyu akka jeeqe adda baasuun nama hinrakkisu.

Akka walii galaatti deebii isaanii irraa hubachuun akka danda'amu kaayyoo geengoon kun qophaa'eef haala barbaadamuun akka inni hojiirra hin oolle kan taasisu haala qabatamaa manneen barnootaa baadiyyaa keessa jiran giddu galeessa godhatee kan hin qophoofne ta'uu isaati. Akkasumas, ilaalcha barsiisonni afgaaffiin kun dhihaateef geengoo qulqullina barnootaa irratti qaban haaluma isa duraan ture raayyaa jijjiirama barnootaan siyaasa waliin walqabsiisnii kan ilaalaniidha. Sababni isaas, ijaarsuma qofaan waan mul'atuuf ofumaa altokko tokko shanee altokko immoo geengoo qulqullina barnootaa jechuun nu jeequ malee, jijjiirama inni fide hin beeknu jechuun yaada isaanii kennaniiru.

Karaa biroo hubannoo namoonni gurmaa'insa kanatti fayyadaman qabanii, raayyaa jijjiirama barnootaa irraa waan geengoo qulqullina barnootaa adda godhu kan hin beeknee ta'uusaati. Akkasumas, siyaasa irraa walaba ta'uun qorannoon deggeramee kan hindhihaanneefi isuma dhihaateef ammo hubannoo kan hinqabne ta'uu kaasu. Sababni isaas, gurmaa'insa kanaaf haala barbaadameen leenjii ga'aan kenname waan hinjirreefidha. Geengoon qulqullina barnootaa hojiirra oolee jijjiiramni jiru unka gabaasaa jijjiiruu irraa kan hafe qaamni dhimmi isaa ilaallatu hundi waan isarraa eegamu ittiin hojjechaa kan hinjirreedha.

### 4.4.5. Hawwii hindhugoomin hafe

Namootni jiruufi jireenya guyya guyyaan jiraatan keessatti hawwii garaagaraa qabu. Hawwii qaban kana hunda argachuu kan dadhabsiisan wantootni hedduun ni jiru. Hawaasni barnootaa ammo barnoota qulqullina qabu argatee hawwii isaa dhugoomsuu barbaadu. Kun garuu milkaa'uufii hindandeenye. Hawwii hindhugoomin hafe kana bifa geerarsaan yeroo ibsatu geerarsi lakk (3) jalatti dhiyaate kun hawwii hindhugoomin ibsachuuf geerarame. Namni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti waan baay'ee hawwa. Raafuun galaa ta'aaree, jechuun raafuun sababa yeroo dheeraa hinturreef galaa ta'uu hindanda'u. Galaan waan yeroo karaa dheeraa deeman qabatanii deemaniidha. Garuu raafuun kanaaf hinta'u, yo nyaatanis garaa keessa hinturu. Malli hammaa kun waan karaa dheeraa nama deemsisu miti. Egeree barattootaafis waan abdii qabu hinfakkaatu. Kan ittiin baratus waan milkaa'u hinfakkaatu. Geengoon kan daa'imman walitti naanna'anii maarabbaa ittiin taphataniidha. Taphiisa godhanii barumsa biyya keenyaafi hiree ijoollee keenyaa balleessan. Shaneen kan namoonni maqaa gad aanaan ittiin walwaamaniidha. Gad aantummaa keenya akka agarsiisuu danda'anitti maqaa kana moggaasanii ittiin nu burjaajessu. Raayyaa kan jedhame silumayyuu maqaa humna ittisa biyyaaf kennameedha. Kanammoo osooma irra hinjallisin siyaasni mana barumsaa keessatti iddoo akka argatu godhanii hojjechaa kan turaniidha. Wantoonni hawwinu kunis guutamuu yookiin guutamuu dhiisuu danda'a. Geerarsa kana keessatti barsiisaan hawwii isaa kan hindhugoomin hafe ta'uu isaaf akka ta'uu hin dandeenye otuu akka garaa kootii, qajeelfamni kun kan oromooti, geengoon maqaa taphaati, shaneen abaarsa jeraati, jechuun fayyadamuun hawwiin isaa kaan hindhugoominiiifi abdii kutannaan dhugoomuu akka hindandeenyetti fayyadameera. Sababni isaas qajeelfamni kun kan oromoo ta'uu hindanda'u. Osoo kan oromoo ta'ee ilmaan oromoof barnoota qulqulluu kenna. Akkasumas geengoon maqaa taphaati, ijoolleetu walitti naannaa'uun geengoftee tapha maarabbaa taphatti, shaneen abaarsa jeraati, kan qomoom biraa siyaasaasaa ittiin to'achuuf jedhee moggaafateen ijoollee keenya rakkisu, raayyaa humna ittisa biyyaati, sammuu barattoota keenya keessa waa'ee waraanaa akka jaallatamuuf maqaan waraanaan barattoota ijaaru waan ta'eef hawwii qulqullina barnootaa karaa ittiin argachuu dandeessu akka hin argatin ijaarsi duraas hammaa kunis kan wal irraa hinfagaanne ta'uusaa geerarsaan ibsata.Warreen biroos kan jedhan ijaarsi osoo geengoon qulqullina barnootaa hin eegalin dura ture raayyaan jijjiirama barnootaa  kallattiidhumaan siyaasa waliin walitti kan hidhame ture. Sababa kanarraa kan ka'e itti fayyadamni isaa ijaarsa qofa malee, bu'aa buusee argamuu waan

dadhabeef geengoon kun qophaa'e. Haalli qophii geengoo kunis qorannoon irratti adeemsifamee kan dhufe osoo hin taanee biyyoota ollaa warra waan hundumaa mijataa qaban irraa calliseema kan fudhatameedha. Akkasumas, qaama dhimmi isaa ilaallatuu maraaf leenjii osoo hin kennamin ibsuma gabaabaa qofa itti kennuun hojiirra ooluu isaatu argame. Kanarraa ka'uudhaan barsiisonnis barattoonis waa'ee isaa irratti hubannoo tasumayyuu waan hin qabneef akkuma isa dura tureedha jijjiiramas hin qabu jechuun siyaasaan walqabsiisu.

Akka ragaan mammaaksa lakk(1,E) irraa kaa'utti, yeroo abdii hindhugoomin hafe gara kuteenyaan ibsan bitaan yaabanis mirgaan yaabanis walgayiin kooruma yeroo jedhantu mul'ata. Kana jechuun shaneen baratanis, geengoon baratanis waan haaraan hinjiru. Kutaa kudhanitti kufuun, fixanii hojii dhabuun waanuma baratameedha. Kan biroos yo fidan keenya isuma sana jijjiiramti homtuu hinargamu jechuun abdii kutannaa isaanii himu. Yaada kanaa irraa hubachuun akka danda'amutti, akkaataa geengoon kun hojiirra ooluuf yaadamee qophaa'eef itti fayyadamtonni barnootaa itti hubatanii jiran gargar ta'uu hubachuun ni danda'ama. Sababni isaas, kan dursuu qabu hubannoo uumuufi leenjii kennuun hojiirra oolmaa isaaf maaltu danqaa ta'a kan jedhu ture. Haata'u malee, sun osoo hin ta'in hojiimarra ooluun isaa waan argameef hiikoo kana kennuufii danda'aniiru. Hawwiin hawwamus kan isaan gammaciisuufi kan dhugoomsuuf akka hintaane nama hubachiisa.

### 4.4.6. Aarii

Hojii tokko keessatti wantootni nama aarsan baay'een ni mul'atu. Geengoo qulqullina barnootaa keessattis maqaa garaa garaa moggaasuun barattoonniifi barsiisonni fedha waan irraa hinqabneef aariidhaan ofirraa dhiibu, akka hinhojjennes ni barbaadu. Geerarsa ragaa lakk(4) jalatti ka'amee jiruun,  Gahee hojii GQB muummee barattootaa (Barattoota qaxalee mana barumsaa)maal carraa hamaan gurbaa, kanjedheef waan ijoollota barattoota keessaa filatameef carraa ofii hojjechuu qabuufi dubbisuu qabutti waanuma isaa gale kanneen hingalaniif ibsuutiif yeroosaa fixa. Kana jechuun ga'ee irratti ijaaraman sana akka itti hingammanneefi osooma akka barattoota kanneen biroo ta'anii waan barsiisaan barsiisuu hordofanii kan jaallataniidha. Ga'ee hojii kennameefis beekuu hinbarbaadan. Akkaataa itti yaadamee qophaa'een geengoon kun barattoota qaxalee daree isaanii irraa 1[ffaa] bahaniinkan ijaaramu ta'ee gahee hojii armaan gadii qaba: Rakkoolee baruufibarsiisuu keessatti quunnaman mana barumsichaatiif ni dabarsu. Dhimmoota naamusaa, bulchiinsagaarii,dhiheessiifikkf irratti Manaajimentii, barsiisotaafi maatii barataa wajjin

qindoominaan akka hojjetaniif yemmuu ta'u barattoonni garuu, haalli isaan itti hubatanii jiran barattoonni waanuma tokkoffaa ba'aniif kan gurma'an malee ga'ee hojii kana qabaachuu isaanii waan beekan akka hin qabne deebii isaanii irraa hubachuun danda'amee jira.

Gahee hojii GQB barattoota qaxalee daree: Hirreen hirree baata barattootumti walii isaanii akka walgargaaraniif barattoota qaxaleen ijaarame. Garuu hirreen hirree baatamoo hirree nyaata kan jedhameef, barattootni kun dhuguma kan walgargaaraniidha moo kan walballeessaniidha kan jedhu ibsuuf. Barattootni yeroo geengoon ta'an nitaphatu malee hojiidhaaf kaka'umsa hinqaban. Kana jechuun barattootumaan barattoota miidhu kan jedhu ibsuuf hirreen hirree nyaata jedhame. silaa kan ta'uu qabu barattoota dura hubachiisanii, wantoota barbaachisoo ta'an ammo qopheessuun geengoon hojjetama ture. Geengoon kun barattoota daree isaanii keessaa $1^{ffaa} – 6^{ffaa}$ bahaniin kan ijaaramu ta'ee gahee armaan gadii ni qabaata, karoora qayyabannaa dareesanaa baasuu, rakkoo baruufi barsiisuufi deggersa addaa barsiisaan kennuu qabu adda baasee barsiisotaaf dhiheessuu, wayita barsiisaan hin jirre sagantaa qayyabannaafi walgargaaruu baasee hojiirra oolchuu, sagantaa tutooriyaalii baasee barsiisotaaf dhiheessuu,hanqina meeshaalee barnootaa kan akka kitaabilee furuuf sagantaa waldeggarsa baasee hunda fayyadamaa gochuu,rakkoo daree isaaniikeessa jiru adda baasuun barsiisaa Ab-daree irraa kaasee hanga dura bu'aa mana barumsichaatti beeksisuudha. Haaluma kanaan barattoonni qaxalee daree keessaa yeroo tokko tokko ga'ee isaanii daree keessatti niraawwatu jechuun yaada isaanii kennaniiru. Yaada kanarraa wanti hubatamu barattoonni caaseffama geengoo qulqullina barnootaa jiran keessa baay'ee isaa iratti hubanno akka hin qabne ilaalamee ture. Haata'u malee, caasaa kana keessatti ga'ee isaanii beekanii ba'uun kan mul'isu ilaalchuma duraanii tokko shanee sanaan walqabsiisuun kan itti fayyadamaa jiran ta'uu mul'isa.

Gahee Hojii GQB Barataa Bu'uuraa: Geengoon kun barattoota daree tokko keessa jiran 6-10 ta'an qabatee kan ijaaramu yoo ta'u, barattootni garee qaxalee keessatti hammatamanis akka fedhii isaaniitti bu'uura keessatti ni hammatamu. Mammaaksi ragaa lakka(1,F) kan agarsiisuu, sagal elmamus sagaltamni elmamus koo qiraacuma jette adurreen jette, barataa bu'uuraa, barataa qaxalee jechuun kan nu jaanjessan carraan keenya beekamaadha. Kan geengoos ta'e kan shanee hoomaa waan nufayyadu hinqabu. Maqaa addaa addaa kana itti moggaasuunis waan nufayyadu hinqabu jechuun aarii qaban ibsatu. Geengoon kun:- Sagantaa barsiisaan ykn gareen qaxalee baasuun waliin qo'atu;wal gargaaru; Haala baruu fi barsiisuu keessatti si'aayinaan ni hirmaatu;

meeshaalee barnootaa waliin itti fayyadamu;qulqullina dhuunfaa, dareefi mana barumsaa ni eegu;naamusaafi seeramana barumsaa isaanii akkasumas kan daree isaanii ni eegu.

Gahee hojii GQB Gamtaa maatii barataafi barsiisaa: GQB kun hojiiwwan qajeelfama bulchiinsaafi hoggansa mana barumsaa keessatti taa'e irratti kan hojjetuudha. Adda durummaan mana barumsaafi maatii walitti fiduudhaanrakkoolee hojii barnootaa mudataniifi kanneen hawaasaan hojjetamuu danda'an kan akka: daree dabalataa, mana jireenyaa barsiisotaa, teessoo barataafi leecalloo gara garaa guutuu fi naamusa barataa fooyyessuun qabxiin barataa daran akka ol-ka'ukaroora baafachuun cimee kan hojjetuudha. Geengoo kana haala barattoonni itti beekan garuu, muuxannooma qaban irraa ga'een isaanii barattoota rakkoo naamusaa qabu mana barumsaa irraa hari'uu qofa akka ta'etti deebii isaanii kennan.

Gahee hojii GQB hojjettoota deggarsaa**:** Hojjettoonni deggarsaa adeemsa hojii tokko keessa jiran ittiin ijaaramaniifi adeemsi hojii isaanii qulqullinaan, saffisaan, gatii xiqqaafi bu'a-qabeessa ta'een itti tajaajilaman kan haalaan itti quufe ta'uu ittiin sakatta'aa deemaniifi rakkoo isaanii mariin itti hiikkachaa deemaniidha. Iddoo hojjetaan lakkoofsaan jahaa (6) gadi ta'etti hojii hojjetan giddu-galeessa godhachuudhaan adeemsa walitti siqu walitti makanii maqaa moggaafatanii ijaaramuu ni danda'u. Ga'een isaanii kan armaan olii kana yoo ta'u ga'ee isaanii garuu, barattoota mitii warrumti caasichatti ijaaraman iyyuu ga'ee isaanii kana hin beekan.

Akka walii galaatti, ga'een caaseffama geengoo qulqullina barnootaa kanneen armaan olitti ibsame haala inni itti yaadamee qophaa'eefi barattoonni itti hubatanii jiran garaagarummaa kan qabu ta'uusaa hubachuun nidanda'ama. Akkasumas, haala caaseeffama kanaan namoonni gurma'an ga'ee isaanii ba'aa jiruu kan jedhuuf namni ofii ga'ee isaa hin beekne waan isarraa eegamuyyuu hin beeku waan ta'eef, ijaarsa kanaan haala yaadameen akka qabatamaa mana barumsaa Haroo Naadootti ba'ama kan hinjirreedha

### 4.4.7. Quuqama (miidhama)

Miidhaa nama irra gahe tokko calluma jedhanii hindhiisan, baataaniis hinta'an. Miidhaa malli baruufi barsiisuu kun hawaasa fayyadamtoota barnootaa irraan ga'aa jiru kana yeroo bifa mammaaksaan dubbatan, mammaaksa ragaa lakk(1,L)Bara humna qaban sagaliin lolu, bara humna hin qabne sagalee tolu jedha. Warri aangoo qaban karaa barbaadan nu miidhu, barnootaan, siyaasaan, dinadgeen, hawaasaan, aadaafi duudhaadhaa, afaanniifi wkf taniin nu

miidhu hunduu harkasaanii sababii jiruuf. Nuti ammo humnas hinqabnu sagaleema tollee jiraanna osooma miidhamnu kan jedhu ofkeessaa qaba.

Miidhaa qaqqabaa jiru kan bifa malleen dubbii addaa addaanis ibsanii jiru. Kanas arbeessuun yeroo cimsanii miidhamasaanii mul’isan, malleen dubbii ragaa lakk(6) Bareedinnimaqaansaallee aduu barii golgoleessa jedhan. Olguddisuuf malee tasumayyuu maqaan bareedes aduu dhowwuu hindanda’u. aduu barii jechuun kan namatti toluufi guyyaaf abdii kanta’uudha. Olkaasaanii yeroo ibsan dhugaa fakkeessuun nu miidhu. Yeroo geengoo qulqullina barnootaa jedhan baay’ee miidhaga. Maqaansaas bareedaadha damee adda addaa itti baasuun kan tarreessan kun garuu waan nu gales hinqabu hojii hojjechaa jirus hinqabu jedhanii komatu. Himni (6,B) irraa fuula waaqatu nama tolcha, deemsa abbaatu tolfata jedhe jaldeessi. Amala bineensaa namaaf kennuun yeroo ibsataniidha. Sababni akkas jedhameef toora kamiinuu haadhufu maqaa addaa addaas fudhatee yo dhufe nutu walii galee akka nufayyadutti gargaarama malee isaantu nu duukkaa dhufee hojjeta miti. Kan achii moggaasanii nutti ergan kun geengoos haata’uu garee kan bu’aa nuuf qabu miti. Nutu tottolchata, akka nun miinee, akka lammiin keenya hinmiidhamnee gochuun gara bu’aa qabutti geessu, haala barumsa ga’aa argachuu dandeenyuun kan mijeeffatu barsiisota keenyaa wajjin waliigallee baratu nutu of tolfata isaan ammayyuu haa moggaasanii maaltu nuga’e jechuun dubbatu.Mala dubbii nama fakeessuun yeroon bineensaan qabanii nama arrabsan (6,C)Kan garaa malee kan maqaa yoom nadhibe jedhe waraabessi jedhu. Waraabessi akka namaatti hinhaasa’u garuu nama akka ta’etti amala namaa kennameef. Waan kun jedhameef ammo barattoonni yeroo marii’atan waa’ee geengoo qulqullina barnootaa irratti hoggantootni yaada akkamii qabu jettanii yaaddu kan jedhuuf ture. Warri hoggantootaa malli kun gaarii ta’es badaa yo ta’e isaan leenjiifi walga’iisaatti maallaqa fudhachuu malee waan isaan dhibu nutti hinfakkaatu. Osoo isaan sadarkaa gad aanaa irraa hanga oliitti jiran nurraa mormanii kan nu fayyadu nu qopheessanii hinmiidhamnu turre jechuun aariifi komii qaban haala waraabessaan walfakkeessanii ibsatu.

Kan biroon akka kan jedhu ibsuuf himni (6,D) Oromoon achii kaanaan akka qeerransaati,jedhu. Malli dubbii kun ‘Iddeessa’ ibsuuf waan tokko waan biraan bakka buusuuf kan tajaajiluudha. Tasumayyuu namni qeerransa ta’uu hindanda’u. garuu cimina oromoo ibsuuf akkuma qeerransi cimina qabu oromoonis cimaa ta’uu agarsiisuuf. Qeerransi humna qaba, namnis ta’e bineensonni ni sodaatu. Oromoonis kan sodaachisu ta’uu namatti agarsiisuuf jedhameetti. Yaada kanarraa

wanti hubannu geengoon qulqullina barnootaa barattoota duratti fudhatama akka hinqabne boodaan waa eeggachaa akka jiran maree isaanii kanarraa nihubatama.

Geerarsi ragaa lakk (4) buufatni sadaffaa miidhama hawaasaa yeroo ittiin ibsamu, yaa warra lagaa warra gamaa yemmuu jedhu, kan nu miidhu laga gamaa dhufee akka nurratti hojjechiisu akeeka. Duras miidhamneerraa ammas miidhamaa jirraa, cubbuu ilmaan keenyaa nu qabsiistan, nama ilmoosaa miidhe nugootan, jechuun miidhama qaban dhageessifatu. Barattoonni keenya yeroo baratanii qabxiifi sadarkaa barbaadamu dhaban karaalee addaa addaa miidhamu. Maatii wajjin mana keessaa nagaa waldhowwatu, hojii naamusa hinqabnetti bobba'u, waaqa isaan uume komatu. Miidhamnus guyyaan keessa jirru dhumuunsaa hinoolu, guyyaan itti mirga guutuu argannee itti barannus nidhufa jechuun abdii keessasaanii jirullee himatu.

### 4.4.8. Deggersa

Bu'aa barnootaa irraa argamu olguddisuuf qaamonni addaa addaa qulqullina barnootaaf karaalee mijachuu danda'aniin deggersa barbaachisu gochuun murteessaadha. Deggersa kanaaf ammo namoonni karaalee ga'ee isaan ilaallatu kan ba'an yota'eefi ga'ee isaanii beekaniidha. Geengoo qulqullina barnootaa keessatti kan raayyaa misooma barnootaa keessatti kan hin hammatamin kanneen akkaGahee ijaarsa sadarkaa sadarkaan jiru; Hojii qaamni tokkoon tokkoo isaa hojjetu; Adeemsa keessa darbu; Waan ittiin madaalamu;guca ragaan bu'uuraa ittiin qabamu; rakkoo qunnamuu danda'uufi mala ittiin hiikamee gabaafamu qabaachuun isaa adda ni taasisa. Ga'een GQB Manaajimentii mana barumsaa, akka walii galaatti, mana barnootaa sana hoogganuudha jechuun deebisan. Akkasumas, GQB barsiisota bu'uuraa ga'een isaanii maal akka ta'e kan hinbeekne ta'uu isaaniif barsiisota baay'inni isaanii 6-10 ta'e kan geengoo tokkotti ijaaramaniidha jechuun deebisan. Haata'u malee, ga'een GQB barsiisaa bu'uuraabarsiisota muummee/istiriimii tokko keessatti ijaaraman kan of keessatti hammate ta'ee rakkoolee qulqullina barnootaa, bulchiinsa gaarii, amala ykn naamusa barataa fi kkfirratti karoorfatee mariidhaan hiikuufi yaada furmaataa muummee isaatiif dhiyeessuudha.

Gahee hojii GQB Muummee Barsiisaa Miseensota Muummee hunda irraa walitti gurmaa'an ykn muummee/istiriimii irraa kan bakka bu'an hammata. Geengoon kun, rakkooleefi yaada furmaataa geengoo bu'uuraa irraa dhufaniif fala ni kenna, bulchiinsa mana barumsichaa waliin ta'uudhaan rakkoolee qulqullina, ga'umsa keessoo, waligitiinsaa fi carraa barnootaa irratti karoorfatee fooyya'iinsa fiduuf ni hojjeta,rakkoolee naamusaafi bulchiinsa gaarii waliin

walqabatan qoratee fala ni kenna,maatii barataafi hawaasa naannoo ykn dhimmamtoota qindeessuun fooyya'iinsa mana barumsichaa nimilkeessa. Garuu barattoonni caasaa kana ga'ee isaas ta'e, akkaataa ijaarsa isaas maal akka ta'e hinbeekan.

Akkasumas, qulqullina barnootaa eegsiisuuf siyaasa irraa walaba ta'uun isaa adda nigodha. Sababni isaas, raayyaan jijjiirama barnootaa afaanumti inni itti fayyadamame afaan siyaasaaf oolu ture. Innis, akka raayyaa ittisa biyyaatti waliin haa socho'an jechuun yaadame kan qophaa'e sababa ta'eef. Haata'u malee, kun sadarkaama barreeffamaatti adda taasisuu irra darbee sadarkaa waajjiraatii kaasee hanga mana barumsaatti guutumaan guutuutti akkaataa barbaadamuun kan hojiirra oolaa jiru miti.

Deebii itti aanaan itti gaafatamaa kenne ijaarsi duraan ture, haala qabatamaa barnootaa kan hin ibsine; hojimaatni ifa ta'e kan hin diriirreefi qulqullina barnootaa kan hin eegne ture, garuu Geengoon qulqullina barnootaa yeroo inni hojiirra oole gabaabaa sababa ta'eef garaagarummaan isaan qaban gochaan mul'achuu irratti hanqinni jira malee, garaagarummaa qabu. Gaaffii walfakkaataa hoggantootaaf dhihaate irra hubachuun kan danda'amu gochaan ta'uu baatus geengoo qulqullina barnootaafi raayya misooma barnoota gidduu garaagarummaa guddaan kan jiru ta'uu isaati. Geengoon qulqullina barnootaa akka siyaasa ofirraa hinqabnetti kaariikulemii barnootaa guutuun akka qophaa'eetti kan amananiifi amansiisaniidha.

Hubannoo namootni gurmaa'insa kana irratti qaban hanga barbaadame kan hubatan miti. Sababni isaa qajeelfamni kun bu'aa kan qabu yo ta'eeyyuu hubannoo namootni qaban walfakkaataa miti. Akkuma duraa sana ijaarsa siyaasaaf barbaadame akka ta'etti kanneen kaasan jiru. Garuu kun siyaasa irraa bilisa. Hubannoo uumuufinis hanga tokko leenjiin qindeessotaaf kennameera, isaannis akka barsiisotaafi barattoota akka leenjisan qajeelfamaniiru. Akkaataan ofii itti hubataniifi kanneen biro hubachiisan garuu bakkaa bakkatti gargar. Irra caalaas sadarkaa Biiroo Barnoota Oromiyaatii kaasee hanga mana barumsaatti leenjii ga'aan kenname waan hinjirreef akkuma isa duraan ture raayyaa misooma barnootaa siyaasaan kan walqabate godhanii hubachuun barsiisotaafi barattoota biratti mula'achuun hinoolu. Hanqinni hubannoo kanaa immoo kan uumamuu danda'e hoggansi sadarkaan jiru hubatee hubachiisuu irratti hanqina qabaachuu isaati. Deebii hoggantoota kanaa irraa kan hubatamu geengoon qulqullina barnootaa akka itti yaadamee qophaa'eetti hubatamaa kan jiru osoo hin taane akkuma qabatamaa naannoo ittiin hojiirra oolaa jirutti kan hubatameedha.

Afgaaffii geengoo qulqullina barnootaa irratti waan jedhamuufi godhamu ergaa maalii qabu kan jedhuuf, waan jedhamu wantootni baay'een akka kan duraa raayyaafi shanee sana hinmul'atu. Sababni isaa hamma barnootni akka qulqullinasaa eeggatee siyaasa irraa walaba ta'uuf hojjetamaa jira. Geengoon qulqullina barnootaas kan madaalamaafi barattoota giddu galeessa godhatee dhihaateedha. Darbee darbee namootni itti hinamanne ilaalchi duraa kan keessaa jiraachuu danda'u ni jiru, isaan kun waa jechuu danda'u, nu goyyoomsitu warri jedhanis nijiru garuu miti. Barsiisonni siluma dhimma barsiisuu hinqabne ammo barattootaan kun waan sirrii miti, ittiin isin hordofuuf, siyaasa isin barsiisuuf walitti isin naaneessu jechuun kanneen barattoota kakaasan nijiru. Ergaan isaanii barattoota gara barumsaa irraa deebisanii gara mormii mootummaa akka qabaatan gochuudha. Sammuun namoota baay'ees dura siyaasaan miidhamaa waan dhufeef waan mootummaan gadi buusu dhugummatti nu fayyada, barattoota keenyaaf yaadamee kan qophaa'ee jedhanii itti hin amanan jechuun deebisu. Deebiin isaanii kan agarsiisuu geengoon qulqullina barnootaa sirriifi bu'aa kan qabu qaamaan ta'e jedhanii dhimma dhuunfaa isaaniif akka barattootni ittiin hinhojjenne kan godha akka jiran ibsa.

Mammaaksi lakk (1,G) irra jiru akka agarsiisuttiSimbirri labooba walfakkaatu qabdu woliin balaliiti akkuma jedhame qaamni hunduu waan danda'een yo walbira dhaabatee deggersa walii kenne qulqullina barnootaa kana fiduu akka danda'u agarsiisa. Afaan tokko kan dubbatu, seenaa walfakkaatu kan qabu wal deggeruufi waliin deemuun murteessaadha. Waan namarraa barbaadamu kan raawwatan yota'e biyya tokko keessatti barumsa bu'a qabeessa fiduun kan danda'amu ta'uu agarsiisa.

Mammaaksi lakk (1,H) irra jiru akka agarsiisutti firri gara firaa jennaan erbeen gara loonii ceete, nyaadhu nyaadhuutii gara fira keetti galagali kan jedhu kun deggersa karaa kennuun danda'amu kan barattoota keenya keenya gargaarru mala kanaan ogummaa qabnu sirriitti ittiin barsiisuudhaan deggerra. Yo nuti walgargaarree malee ormi nungargaaru jechuun yaada isaanii kennu. Geengoon qulqullina barnootaa walitti hidhamiinsa siyaasaa kan hinqabne seekulaarii ta'ee of danda'ee kan dhaabbateedha jedhu. Barattoonni kan duraan tokko shaneefi raayyaa misooma barnootaa dhaan miseensa dhaabaafi miti miseensa jedhaman yeroo ammaa sun hafe, abbaan barbaade siyaasa hordofuu barbaadu bakka dhimmi isaa ilaallatutti akka deemee hordofu ta'eera. Akkasumas, leenjiin barsiisotaaf kennamu duraan dhimma siyaasaa irratti kan xiyyeefatu kan ture, amma garuu dhimma barnootaaf barnoota qofa irratti leenjiin kan kennamuufif walitti hidhamiinsa siyaasaa kan hinqabne ta'uusaa kaa'u.

Maqaalee addaa addaa yeroo yeroon jijjiiruun sababa barbaachiseef ammo qaamonni ijaarsa kana ijaaran dura callisaniima haala siyaasa biyyaan walqabsiisuun qopheessu turan. Hamma garuu xiyyeeffannoo guddaadhaan itti yaadamee karaa barattootni keenya barumsa ga'aa argachuu danda'aniin, fuuldurattis hojii hojjetaniif milkaa'aa kan isaan taasisuu argachuuf malli geengoo qulqullina barnootaa kun qophaa'e. Barattoonni raayyaa misooma barnootaaf geengoo qulqullina barnootaaf hiikkama tokko kennu jechuun deebisan. Garuu hubannoo barattoonni geengoo qulqullina barnootaa irratti qaban xiqqoo waan ta'eef, maqaa qofatu jijjiirame malee, raayyaa misooma barnootaa waliin tokkuma jedhu. Hiikkoo isaan kennaniifis, gurmaa'insi kun kan ittiin barnoota walirraa baran osoo hintaanee akka mootummaaf mijatutti siyaasaaf haala mijeessuun barattootnni geengoo keessaa abbaa siyaasa mootummaa mormu adda baasanii akka kennaniif ittiin haala mijeeffachuuf jedhanii kaasu gaaffileen kanneen hafanis yaaduma walfakkaataa armaan olitti kaasneen kan walirraa hinfagaanneedha.

Walumaa galatti afgaaffii hoggantootaaf dhihaaterraa wanti hubatamu geengoon qulqullina barnootaa barattoota ga'oomsuufi barnoota qulqullina qabu kennuuf kan ijaarame ta'uusaafi siyaasa mootummaa irraa walaba akka ta'etti yaadasaaniirraa hubatama.

### 4.5. Daawwannaa Daree

Haala waliigalaatiin gaafa ilaallu, adeemsa ittiin qorataan qorannoo isaa geggeesse keessatti afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannootti dabalee daawwannaa dareettis gargaaramuun ragaalee funaanamanii jiru. Hanqinoota mul'atan ilaalchisees barsiisotaafi barattoota daawwatamaniif af-gaaffii dhiyeessuudhaan deebii isaan irraa argate jechuun barataa irraa kaasee hanga barsiisaa jiru walduraa duubaan xiinxalee jira.

#### 4.5.1. Daawwannaa Daree kan barsiisaa ilaallatu

Kutaa barsiisaa ilaallatu jalatti qabxiileen daawwataman qabxii ijoo barsiisaan gabatee irratti barreessuufi ibsuu, barattoota kutaatti hirmaachisuufi geengoon hojjechiisuu, barattootni yeroo geengoon mari'atan jajjabeessuu, hojii dareefi hojii manaa hojjachuu isaanii mirkaneessuu, wayitii kenname sana keessatti barattoonni geengoo hundi hirmaachuuf yeroon kenname ga'aa ta'uuf dhiisuu isaa xiinxaluu, meeshaalee deeggarsa banootaa fayyadamuu, kitaaba barataan ala kitaabilee biroo barsiisuuf fayyadu dabalataan kutaatti fiduun itti gargaaramuu, malleen afaan barsiisuuf tajaajilan itti fayyadamuu, kanneen jedhaman guca mirkaneeffannaa daawwannaa golaa keessatti hammatamanii turan.

Haaluma kanaan wanti daawwannaa daree kanarraa qorataan mirkaneeffachuu danda'e, qabxii ijoo gabatee irratti bareessuufi ibsa itti kennuu gubbaatti kutaa tokko tokko keessatti haalaan olaanaafi kutaa tokko tokko keessatti immoo olaanaa akka ta'e ragaa irraa hubachuu danda'eera. kunis kutaa daawwataman saddettan keessattuu barsiisonni dalagaalee kana lamaan haalaan raawwatanii jiru.

Barattoota kutaa keessatti hirmaachisuudhaan gareen akka hojjatan taasisuu irratti immoo darbee darbee haalli fooyya'aa ta'e jiraatus, sirriitti hirmaachisuu gubbaatti hanqinni kan mul'atuufi sadarkaa giddu- galeessa irra kan jiru ta'uun hubatamee jira. Sababni isaas, akkuma qorataan daree keessatti hojii baruu-barsiisuu irraa hubacuufi mirkaneeffachuu danda'etti kutaa tokko tokko keessatti barsiisonni barattoota qaxalee yookiin GQB Muummee keessatti ijaaramanii sochii gaarii kutaa keessatti qaban qabatanii yeroo deeman hubachuun danda'amee jira. Kun immoo, keessattuu barattoonni ijaarsa geengoo qulqullina barnootaa keessatti ofta'uun ofdanda'anii ga'ee isaanii akka hin bahanne taasisa.

Gama barattoota jajjabeessuu, akkasumas hojii manaafi hojii daree dabtara barattootaa ilaaluun mirkaneessuu irrattis haaluma wal-fakkaatuun ammas warruma hojjateefi dafee dabtara agarsiifate qofa duukaa bu'uun warra kaan dagachuun nimul'ata. Kunis barattoota kutaa sanaa wal-qixa hirmaachisuu irratti qaawwa ta'ee argamee jira. Waan kana ta'eef, hanqinni mul'ate kun yoo dafee hinfuramne ijaarsi geengoo qulqullina barnootaa maqaa qofaan kan itti fufu malee, gochaan mul'achuu irratti gufuu ta'uu akka danda'u qorataan irra ga'eera.

Meeshaalee deeggarsa barnootaa fayyadamuunis daawwannaa godhame keessatti baay'ee hinmul'atu. Barnootichi osoo meeshaalee deeggarsa barnootaatiin deeggaramee garuu, caalaatti barattoonni akka kaka'umsa horatan isaan taasisuufi hubannoo yaad-rimee barnootichaa akka gabbifatan ni taasisa ture.

Walumaagalatti daawwannaa daree kan raawwii barsiisaa ilaallatu kana keessatti hojjileen kutaa keessatti barsiisaan gama dhuunfaa isaatiin baruu-barsiisuu ilaalchisee, raawwatu gaarii ta'ee osoo jiruu, gama barattoota waliin wal-qunnamee hojii baruu-barsiisuu kana milkeessuuf taasisu keessatti garuu, hanqinoonni tokko tokko yoo mul'atan qorataan kun arguu danda'eera.

Fakkeenyaaf, barattoota yeroo barsiisaan barsiisu wanta biraa dalagan, barattoota hojiin garee yeroo kennameef haasawa biroo haasa'an, barattoota hirmaannaa laafaa qaban yookiin

hinhirmaanne dadammaksuu dhabuu irraatti, barattoota hirmaannaa qaban qofa qabatanii deemuu, hojii daree barattootuma dafanii fixaniif qofa dabtara sireessanii kanduubatti hafan ittuma dhiisuufi barattoota hin hirmaannee ilaaluun hirmaachisuu dadhabuun ni mula'ata.

Akkasumas, barattoota deebii afaaniin gaafatamanii deebii sirrii argachuu dadhaban garuu, kan yaalan jajjabeessuu dhabuufi kan kana fakkaatu hanqinoota daree keessatti gama barsiisaatiin mul'atan ta'uu qorataan daawwannaa daree godhame irraa hubachuu danda'ee jira. Kun immoo daree keessatti raawwatamuu yoo baateef kaayyoo ijaarsi geengoo qulqullina barnootaa yaadameefi qophaa'e akka bakka hin geenyeef wantoota danqaa ta'an keessaa barsiisaan ga'ee isarraa eegamu akka qajeelfama GQB ba'uu dhiisuun barattoonnis akka hin baane waan taasisuuf rakkoo guddaadha. Sababni isaas barattoonni waan hundumaa kan isaan baratan barsiisaa irraa waan ta'eef, kaayyoon barbaadame akka galma yaadame ga'uun barattoonni geengoo isaaniin hojjechuun rakkoo isaanii furatanii qabxii isaanii fooyyeffataniif ga'ee barsiisaan daree keessatti ba'u guddaadha. Waan kana ta'eef hanga danda'ametti barsiisaan tokko hanqinaalee asii oliitti mul'atan yoo kan fooyyeffatu ta'e barattootni ijaarsa geengoo isaaniitiin bu'aa qabatamaa agarsiisuu danda'u.

### 4.5.2. Daawwannaa kan daree barnootaa ilaallatu

Haala dareeilaalchisee dareen barnootaa arfanuu teessoon isaanii dalgee kan barataan Afur ta'ee akka irra taa'uuf hojjetame ta'ee, sababa baay'ina barattootaan teessoon dalgee kun barattoonni shan akka irra ta'aniif kan dirqama itti ta'eedha. Kunis, yeroo hojii gareefi marii garaagaraa barattoonni walitti naanna'uun geengoo isaaniin akka hojjetaniif barsiisaan isaan ajaju bakka tokko irraa bakka biraatti akka fedhii isaaniitti socho'anii hojjechuuf kan isaan rakkisuudha. Kun kan nutti argisiisu teessoowwa jiran bifa geengoo uumuun gareen hojjechuuf kan mijatan miti.

Tarreeffamni teessoowwaniis fuulduraa gara duubaatti tartiibaan kan hiriiraniidha. Barsiisaan hojii garees ta'e cimdii kennee, akka mari'atan ajajus, marii tokkoo tokkoo geengoo keessa deemee ilaaluuf yookiin to'achuuf teessoowwan gidduu bakki daddarbuuf mijataan hinjiru. Kun immoo milkaa'ina ijaarsa geengoo qulqullina barnootaan barattoota giddu galeessa taasisuun akka baratamuuf yaadamee qopha'e irratti gufuu guddaadha.

Gaaffii daawwannaa oliin walqabatee, dareewwan barnootaa haala qabatama barattoota amma jiraniin walbira qabamanii yemmuu ilaalaman, rakkoo guddaatu mul'ata . Sababbiin isaa, baay'inni barattootaa yeroo yerootti kan dabalu waan ta'eef, dareewwan jiran keessa barattoota

baay'eetu mul'ata. Baay'ina isaaniirraa kan ka'e, barattootni daree keessatti waldhiphisanii taa'u. Kanaaf, bal'inni daree barnootaafi baay'inni barattootaa kan walsimu miti. Kun immoo, barattoonni barnoota isaanii seeraan akka hin hordofne dhiibbaa irraan gaha.

Fakkeenyaaf teessoo nama Afur akka qabatuuf hojjetameerratti Shan ta'anii yemmuu taa'an, barataan shanaffaarra jiru dhiibamuun yaadannoo adda addaa barsiisaan kennamu kan barreessu dabtara isaa jilba isaarra kaahuun yeroo barreessuu kan mijatuuf miti. Kun immoo, hubannoo barataa barumsarraa salphaatti hatuu danda'a. barattoota haala kanaan ta'anii baratan keessatti ijaarsi geengoo qulqullina barnootaa gochaan mula'atee bu'aa ni buusa jechuun hin danda'amu.

Gaaffiidhuma kana jalatti, kaka'umsaafi fedhii barnootaa, barattootatti keessatti horuuf, dareen barnootichaa ifaafi qilleensa gaarii argachuu qaba. Haala kana ilaaluuf, qorataan yemmuu dareewwaan kana daawwatetti, dareewwan barnootichaa foddaa gurguddaa waan qabaniif, ifni gahaan kan jiru yoo ta'u, baay'ina barattootaa humnaa ol daree keessa jiranirraa kan ka'e, qilleensi daree keessaa ukkamamaafi foolii gaarii kan hinqabnedha.

Haalota kanarratti hundaa'uun, qorataan, haalli qilleensa daree keessaa miijataa ta'e kan hin jirree ta'uu hubateera. Kun immoo, barsiisaarrattis ta'e, barataarratti dhiibbaa waan qabuuf, barnoota isaanii mala hirmaachisaadhaan barattoonni geengoo isaaniin gareedhaan mari'achaa akka hin barsiisneefi hin baranne gufuu itti ta'uu danda'a.

Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu geengoon qullina barnootaa hojiirra ooluu isaa dura wantonni hojiirra oolmaa isaaf gufuu ta'uu danda'an kanneen akka gaaffilee armaan olii jiranii kun osoo xiyyeeffannoon itti kennameera ta'ee gungummii barsiisotaaf barattootaa kan hinkaasne ta'uu danda'a ture.

### 4.5.3. Daawwannaa meeshaalee deggersa barnootaa ilaalchisee

Meeshaalee deggarsa barnoota, barnoota kennamutti lubbuu horuun qabatamaa taasisu. Barattootni, waan baratan akka hin daganneef gargaara. Haa ta'u malee, guca mirkaneeffannaa daawwannaa keessattti, meeshaaleen deeggarsa barnootaa kan akka fakkiilee, chaartiiwwaniifi poostarootni keenyan irratti maxxanfamanii jiruu? kan jedhuuf, meeshaaleen kun keenyan irratti maxxanfamanii kan hin argamnedha. Akksumas, meeshaakee deggersa barnootaatti dabaluun osooma barattoonni itti ni fayyadamu ta'ee fakkiin geengoo qulqullina barnootaa ille maxxanfamee hinjiru.

Akkasumas, guca mirkaneeffannaa daawwannaa keessatti, barsiisaan kitaaba barnootaan alatti meeshaalee deeggarsaa daree keessatti fayyadamee barsiisaa? kan jedhuuf, barsiisaan meeshaaleen deeggarsaa inni fayyadamee barsiise tokkolee kan hin jirre ta'uusaa, daawwannaa irraa hubatameera. Afaan barsiisuu keessatti, meeshaaleen deeggarsa barnootaa barsiisaanis ta'ebarataan yookiin immoo mana barumsaatiin qophaa'ee otoo jiraatee, qalbii barattootaa gara dhimma baratanitti luuccessuuf, akkasumas, akka salphaatti hubatan taasisuu danda'a. Haa ta'uyyuu malee, barsiisonni meeshaalee deeggarsa barnootaa daree keessatti fayyadaman hin jiran. Kun immoo malli barataa giddugaleessa godhate daree keessatti barattoonni geengoo isaanii keessatti hirmaachuun ga'ee tokkoo tokkoo ofii qaban akka ba'atan kun, hojiirra akka hin oolle gufuu ta'uu danda'a.

Gaaffii guca mirkaneeffannaa irratti ibsame, raabsaa kitaaba barnootaa ilaalchisee daawwannaa qorataan daree seenuun taasiseen, kitaabni barataa barattoota hundaaf kan walhin geenye ta'uu hubatameera. Kitaabileen gosa barnootaa barattoonni baratanii, lakkofsa barataan walsiman haa jiraataniyyuu malee, kitaabni Afaan Oromoo kan barattoota tasuma daree keessa kan hinjirreefi kanneen biroo kan lakkoofsa barataa waliin walhinsimnes jiru. Kitaabilee lakkoofsaan xiqqoo ta'anis, hanguma isaan gahee, carraadhaan kan argatan yoo tahu, sababa barattoonni hundi fidanii hin dhufneef, daree keessatti kitaaba barnootaa fayyadamanii adeemsa baruuf barsiisuu adeemsisuuf, rakkisaa ta'uun daawwannaarraa hubatameera.

Yaada kanarraa wanti hubannuu, sababa hanqina kitaaba barataatiif kan barattootaa tasuma kan hinjirre ta'uu irraa kan ka'e, barattoonni baay'een hojii manaa, hojii daree, hojii cimdiifi hojii garee, akkasumas, haala qabatama naannoo isaaniirratti hundaa'anii gilgaalota kitaabarraa hojjechuuf rakkisaa akka taheedha. Gaaffileefi yaadota olii meeshaalee deggarsaa waliin walqabatee irratti  Farrant (1980) yoo ibsu, kitaabileen barnootaa, baay'ina barattootaa waliin walsimuu dhabuun, fakkiileen, poostaroonni, chaartonni fi kkf dhabamuun, hojiirra oolmaa barnootaa milkaa'uu hindanda'u. Kanarraa wanti hubatamu, daree keessatti malli baruu barsiisuu barataa giddu galeessa godhate kan hin adeemsifamne yoo ta'e, gurmaa'insi geengoo barattootaa ijaarsa qofaan kan hafu ta'a. sababa kanaaf, wantootni mala baruu barsiisuu barataa giddu galeeffate akka hojiirra hin oolleef danqaa ta'an yoo furaman ijaarsa geengoo qulqullina barnootaatiin bu'aa qabatamaan argamuu danda'a.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun hojiiwwan qorannoo kana keessatti hojjetaman cuunfuufi gabaabsuun bakkaitti ibsamuudha. Haaluma kanaan cuunfaan kaayyoo qorannichaafi ka'umsa qorannichaa qaaccessa boqonnaa afur jalatti xiinxalameen walsimsiisuun yaada dimshaashatiinibsameera. Argannoon immoo hojii qorannoo kana keessatti qorataan ragaawwan Geengoo qulqullina barnootaa irratti funaane erga qaaccessee booda argannoo achi keessaa argame iddoo itti ibsame ta'ee, isarraa ka'uun immoo yaboon qorannichaa ibsameera. Egaaboqonnaa kana jalatti cuunfaa, argannoofi yaboon qorannichaa walduraa duubaandhiyaataniiru.

## 5.1. Cuunfaa

Mata dureen qorannoo kanaa Qaaccessa Waallee Geengoo qulqullina barnootaati. Qorannichi kan gaggeeffame Godina Wallagga Lixaa Aanaa Mana Sibuu Mana Barumsaa Sadarkaa 1ffaa Haroo Naadooti. kaayyoon qorannichaa akkaataa namoonni afaan dubbiitti fayyadamuun maal akka jedhaniifi ergaa maalii akka dabarsan sakatta'uun hojii qorannichaa isa bu'uuraati.
Maddi ragaalee qorannichaa fayyadamtoota geengoo qulqullina barnootaa barattoota, barsiisota mana barumsichaafi hoggantoota waajjira barnootaa aanichaati. Malli iddattoo qorannichi dhimma itti bahes mala iddatteessuukaayyeffannoo fayyadamuun ture. Meeshaaleen funaansa ragaaleetiif qoratichi dhimma itti ba'es, afgaaffii, mariigaree xiyyeeffannoofi daawwannaa dareetiin. Afgaaffiin karaa barsiisotaafi hoggantoota waajjiraa irraa ragaa funaaname, mariin garee xiyyeeffannaa barattoota irraa karaa ragaan funaameefi daawwannaan ammoo yeroo barattootni daree barnootaa keessatti baratan ragaawwan karaa sassaabameedha.

Wantoota GQB keessatti ilaalcha barsiisotaa, barattootaafi hoggantootaa ibsan fayyadama afaaniitti gargaaramuun waallee dubbii keessatti akkaataa ergaawwan dabarfachuu barbaadan karaa afoola addaa addaa kan fayyadamaniidha. Afoolan kunis; mammaaksa, geerarsa, jechamaafi malleen dubbiitti dhimma ba'uun wantoota naannoo isaaniitti mul'tan kan dabarsaniidha. Karaalee kunneenis hawaasni mormii, tuffii, komii, gaabbii, hawwii hindhugoomin hafe ibsuu, aariifi quuqama qaban akkaataa dabarfachuu danda'anitti afaanitti fayyadamuun ergaasaanii dabarfatu.

Qorannichi qorannoo xiinqooqa hawaasaa waan ta'eef dubbiiwwaniifi ilaalcha namoota iddattoof filatamanii ragaaleen irraa funaanaman xiinxaluuf mala qorannoo akkamtaatti dhimma baheera. Ragaalee afagaaffii, marii garee xiyyeeffannaafi daawwannaa daree irraa argaman akka walfakkeenya isaaniitti walitti qindeessuun qaaccessa waallee Gee (2008) bu'uura godhachuun dabalee jalatti tartiiba lakkoofsaa itti kennuun kanneen mata duree tokko jalatti dhufuu danda'an walitti fiduun qaacceffamanii qabiyyeewwan afaan dubbii mala geengoo qulqullina barnootaa keessati dhimma itti bahamnii adda bahanii hiika argataniiru.

## 5.2. Argannoo

Mata dureen qorannichaa Qaaccessa Waallee Geengoo qulqullina barnootaa jedhuuf ragaaleen qorannichaa funannaman erga qaacceffamaniin booda ragaawwan afaan dubbii 46 qorannichaan kan addaan bahan ta'eet bu'uura ibsoota xiinqooqa hawaasaatiin (sociolinguistic expressions) qabiyyeewwan afaanii mammaaksonni, jechamoonni, dubbiiwwan qoolaafi geerarsi dhimma itti bahamaniiru. Qabiyyeewwan afaanii kanaan waan ibsuu barbaadan kallattumaan osoo hin taane akkaataa hirmaattonni xiinxaluun akka hubataniif aarii qaban, jibba qaban, mormii qaban, mufii isaanii karaa miira isaaniitti ijaan mul'atee, yaada naanneffachuun hiikkatanitti fayyadamaniiru.

Qaaccessi ragaalee qorannichaa akka agarsiisuutti qaamonni fayyadamtoota geengoo qulqullina barnootaa kanneen hoggansa waajjiraafi hoggansa manneen barnootaa malee barattoonni,barsiisonniifi maatiin barattootaa mala kana kan mormaniifi hojii siyaasaan kan walqabsiisaniidha. Walumaagalatti argannoowwan itti aanan argamaniiru.

- ✓ Ilaalchi barsiisonni geengoo qulqullina barnootaa irratti qaban kan mala kana hinjaallanneefi siyaasaan walqabsiisaniidha.
- ✓ Ilaalchi hoggantootaafi barsiisotaa, barattootaafi maatiiwwan barattootaa qaban kan wal hinfakkaannee ta'uufi hoggantoonni duwwaan akka mala gaariitti kan fudhataniidha.
- ✓ Keessoon geengoo qulqullina barnootaa siyaasaan kan walqabateefi malawwan dura turan irraa kan hinfagaanne ta'uusaati.
- ✓ Akka ragaa 1$^{ffaa}$-6$^{ffaa}$tti jiruun namootni jibba, mormii, aariifi komii GQB qaban karaalee adda addaa afaaniitti fayyadamanii akka dabarfataniifi dhaamsa guddaa dabarsuu keessatti waalleen dubbii ga'ee olaanaa akka qabuhubatameera.
- ✓ Mala baruufi barsiisuu GQBtti fayyadamuun laafaafi kan bu'aa buusaa hinjiraanne kan mul'isu ta'uusaa adda ba'eera.

### 5.3. Yaboo qorannichaa

Argannoowwan gurguddoo qorannichaa irratti hundaa'uun, geengoo qulqullina barnootaa keesatti qaaccessa waallee dubbiisaatiin yaboowwan armaan gadii qophaa'anii jiru.

1. GQB ilaalchisee yaadota bifa adda addaan jedhaman akkaataa isaan itti walitti firoomuu danda'anitti haala hawaasa barnootaa hunda walqixa hirmaachisuufi hubachuu danda'uun osoo Biiroon Barnoota Oromiyaa qopheessee gaariidha.
2. Mala baruufi barsiisuu qopheessuuf qorannoofi qo'annoo manneen barnootaa keessatti gaggeessuun haala mijaataafi manneen barnootaa giddugaleessa godhachuun ministeerri barnootaa yoo qopheessan bayeessa.
3. Haallan mala baruufi barsiisuu gufachiisan kanneen yoo guutamanii malli baruufi barsiisuu mijataa qophaa'e qulqullinni barnootaa eegamuu akka danda'u ministeerri barnootaa hojjechuu akka qabu ni barbaachisa.
4. Ilaalchonni dhimma barnootaa keessatti siyaasa ofkeessaa qaban qulqullina barnootaa irratti gufuu waanta'aniif barnootni osoo ofdanda'ee seekulaarii ta'ee dhaabbatee qulqullinni barnootaa kan eegamuu ta'uusaa mootummaan osoo hubatee gaariidha.
5. GQB sirriitti akka qulqullina barnootaa eegamu gochuuf ammo dura wantoota akka daree barnootaa, teessuma barataa, meeshaalee barnootaa, barsiisaa ga'aafi hubannoo gaarii hawaasa barnootaaf kennuun Biiroon Barnoota Oromiyaa yoo itti adeeme dhamsa kooti.

**Wabiilee**


Abiyyii. Zegeye etal. (2009). *Introduction to Research Method:* Preparatory module for Addis Ababa University Graduate Programmes Graduate Studies and Research Office. AAU.

Addunyaa Barkeessaa.(2010).*Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. *Finfinnee*: Mega Printing Press

________(2011*)Akkamtaa:* Yaadirmee Qorannoo Hujoo. Finfinnee: EfficiencyPrinting press

________(2014). *Semmoo : Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo.* Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Far East Trading PLC.

________(2016). *Semmoo.* Finfinnee: Far East Trading Plc.

Austin, John L. (1962). *How to Do Things with Words*, Clarendon, Oxford

Bekele, T. (2004). *ICT Integration at Addis Ababa University,* MA Thesis. University of Oslo.

BBO (2009). *Qajeelfama Geengoo qulqullina barnootaa:* Oromiyaa, finfinnee.

Chowdhury, A. and Chowdhury R. (2002) Preschool children development care and education. New delhi: new age international publisher.

Clark, H. (1996). *Using Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Cook, G. (1989). *Discourse*. Newyork: oxford university press.

Coombs, P. H. (1985). *The world crises in education: The view from the eighties.* Oxford: Oxford University Press.

Dastaa Dassaalany, (2002). *Bu'uura Qorannoo.* Addis Ababa: Dhaabbat.a Maxxansaa Boolee.

David E. Gray. (2004). Doing Research in the Real World. London: SAGE publications Ltd.

Derebsa Dufera.(2004). "*Fundamental of Curriculum Development."* (A Teaching Material For Post Graduate).A.A.U.

Delors, J. (1996*). Learning, the treasure within*. Report to UNESCO of the international commission on education for the twenty-first century: Highlights, UNESCO Publications.

Desforges, C. (2003). *The impact of parental involvement, parental support and family education on pupil achievement and adjustment*. A literature review. Queen's Printer.

Dewey, J. (1916), *Democracy and Education*. An introduction to the philosophy of education (1966 edn.). New York: Free Press.

Ebi, Y. (2012) Figurative Language and Stylistic Function in J.P. Clark- Bekederemo's Poetry; Journal of Language Teaching and Research, Vol.3 , No.1 pp180-187

ETUCE (2002) *Quality in Education: Presentation of ETUCE´s work 1995 – 2001*. Brussels: ETUCE

Farrant,J.S.(1980).*Principles and Practice of Education*.New Edition.Longman:Longman Group Ltd

Faircllough, N. (1992 ). *Discourse and Social change*. London: Black Well Publishing Ltd.

FedhasaaTaaddasaa (2013) *Subii.Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*.Finfinnee, Oromiyaa: Subi Printing Press.

Fishman, J. A. (1971). *Advances in the sociology of Language*. Hague: Mouton and Co.

Flick,U.(2002). *An Introduction to Qualitative Research, (2nd Ed*.) .New Dehli:SAGE Publications Ltd.

Freire, P. (1972). *Pedagogy of the Oppressed.* Harmondsworth: Penguin.

Fromm, E. (1979). *To Have or To Be. London*: Abacus. (First published 1976).

*Garee Qormaata Afaan Oromoo*. (2005). *Wiirtuu Jildii-10, Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*, Biiroo Aadaafi Turuzimii Oromiyaa, Finfinnee.

Getaachoo Rabbirraa,(2007).*Furtuu:Seerluga Afaan Oromoo*. Kuraz International Publishing Enterprise,Addis Ababa:Ethiopia.

Goddard, D. & Leask, M. (1992). *The search for quality*: Management in education. London:Paul Chapman.

Grisay, A. & Mahlck, L. (1991). *The quality of education in developing countries*. IIEP, Paris: APreview of Some Research Studies and Policy Documents.

Gumperz, John J. (1982). *Language in Social Groups: Essays* Selected and Introduced by Anwar S. Dil, Stanford: Sanford University Press.

Halliday, M. A. K. (1994). *An Introduction to Functional Grammar (2nd edition )*London Arnold.

Hodge, B. and Kress, G. (1993).*Language as Ideology (2nd ed.).* London and New York: Routledge.

Hoy, C. Bayne-Jardine, C. & Wood, M. (2000). *Improving quality in education*. London: FalmerPress

Khaliotis, E. (2010). *Parental involvement in child's education.*British Educational ResearchJournal. 36 (6), 210-213.

Kubow, P. K. & Fossum, P. R. (2003). *Comparative education: Exploring issues in international context.* Upper Saddle River New Jersey: Merrill Prentice Hall.

Kumar,R.(1996). *Research Methodology*. A step Guid for Bingers. London: SAGE Publication

James Paul Gee.(2008). Social Linguistics and Literacies: *Ideology in Discources.3rd ed.* Routledge: Taylor & Francis Group

Lozano R. and Philip C. Thomson (1980): "Qc Implementation in the space shuttle External Tank program at the michoud Marietta corporation," 1980, ASQC 34th Annual Technical Conference Transactions.

Lue, E. (1998)."*Understanding the concept of Curriculum"*The Basis of Improving Quality"BESO,Project Addis Ababa.Ethiopia(unpublished)

Malinowsiki, S. (1923*).Advances in spoken discourse analysis*. Newyork:Oxford University press.

Misgaanuu Gulummaa (2011). *Dilbii*: Bu'uura Afoolaa, Ogafaanifi Afwalaloo Oromoo. Finfinnee, Oromiyaa. (MO2-HAL5068-02-SE-C02:31)

MoE (2008). *General Education Quality Improvement Package (GEQIP),*Addis Ababa: Ministry of Education.

Moore ,K.(2001).*Classroom Teaching Skills***.** Newyork: Mc Graw Hill.

Neuman, L.W. (2007). Basic Social Research: Qualitative and Quantitative Approaches (2nd ed.). Bost peason Edu. Cailiral IC.

Punch. F. (1998). *Introduction to social research*. New Delhi: Sage Publications Indian pvt Ltd.resolution of disputes (ACCORD).

Qajeelcha Qophii qo'annoofi Qorannaa Sirna Barnootaa. (B.B.O).(1995). *Silabasii Barnoota Afaan Oromoo*:Oromiyaa,Finfinnee.

Reyes A, (2012) *Building Corpora for Figurative Language Processing*: The Case of Irony Detection in: Processing of the 4th International Workshop on Corpora for Research on Emotion Sentiment & Social Signals Istanbul, Turkey. PP94-98

Richards, J. (2001) *Curriculum Development in Language Teaching.* Cambridge:Cambridge University Press

Rehder R. (1981); "*What American and Japanese managers are learning from each other,"* 1981, Business Horizons 24 march _April, 68.

Rogers R. (2004). *An Introduction to Critical Discourse Analysis in Education.* London:Laurence Erlbaum Associates.

Schiffrin, D. ( 1994 ). *Approaches to Discourse Analysis*. London: T.J Ltd Press, Padstow Corn Well

Searle,John R.(1969). *Speech acts: A essay in the philosophy of language*. Newyork: Cambrige University press

Shank,Cruick.(1999).*The Act of Teaching*.Boston:Mc Graw Hill Companies,Inc.

Smith, H. and Smith, M. K. (2008).*The Art of Helping Others.* Being Around, Being There, Being Wise. London: Jessica Kingsley.

Stubbs, M. (1983).*Discourse Analysis*: *The Socio Linguistics Analysis of Natural Language.* Horshman: Unicus graphics L. t. d

Teubert, W. (2010).*Meaning, Discourse and Society*. Newyork: Cambridge University Press.

Tudor, I.(1996).*Learner Centeredness as a Language Education*.Cambridge:CUP. Classroom.

Udupa S.R (1986): "Quality circles, progress through participation," MCGraw –Hill publishing Company limited, New Delhi.

UNESCO. (2004). ―*Education For All: The quality imperative." EFA Global Monitoring Report 2005.*Paris: UNESCO Publishing.

________(2005). *Understanding education quality*. EFA global monitoring report 2005.

________(2009). *World conference on higher education*: The new dynamics of higher education and research for societal change and development held in Paris, 5–8 July 2009. Draft Communiqué (1st Draft 26 June 2009), ED.2009/CONF.402/2.

UNICEF. (June 2000). *Defining quality in education*. A paper presented by UNICEF at themeeting of the international working group on education florence, Italy, Working Paper Series Education Section, Programmed Division, United Nations Children'sFund UNICEF, USA.

Van disk,T.A.(2009). *Society and discourse:how social context influence text and talk*. NewYork: Cambridge university press.

Warnock, M. (1986). The education of the Emotions. In D. cooper (ed.) Education, values and mind. Essays for R.S. peters, London: Rout ledge and keegan Paul.

Williams, B. (2002).*Truth & truthfulness*: An essay in genealogy. Princeton, N.J: Princeton University Press.

Wodak, R and Meyer, M. (2001).*Methods of Critical Discourse Analysis:* London: Sage Publications Ltd.

Wolff, E. (2000). "*Language and Society". In Heine, B. and Nurse, D. (eds.) African Languages: An Introduction*.Cambridge University Press.

Wooffit, R. (2005). *Conversation Analysis and Discourse Analysis: A Comparative and Critical Introduction.*London: SAGE Publications Ltd.

World Bank ( 2000). *Can Africa Claim the 21$^{st}$ Century*; Washington, D.C

World Education Forum (2000). *The Dakar framework for action and millennium development goals*. Senegal: Dakar.

Yaadannoo Gaaromsaa.(2014).*Hora Obaa:* Kuusaa Afoollan oromoo, finfinnee: oromiyaa Dhaabbata maxxansa Elleeni.p.p.plc

Yule, G. (2010). *The Study of Language. (4th ed.).* New York: Cambridge University Press.

**DABALEE-A**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII,
JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

Af-gaaffii Barsiisotaaf Qophaa'ee

**Barsiisota kutaa 5-8 daree maqaa waamaniin kan deebi'u**

Gaaffileen armaan gadii Waallee Geengoo Qulqullina Barnootaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Mana Sibuu Mana Barumsaa Haroo Naadoo sadarkaa Tokkoffaa keessatti Gurmaa'insa Geengoo Qulqullina barnootaa irratti maaltu akka jedhamaa jiruufi haala kamiin ilaalamaa akka jiru qorachuuf odeeffaannoo adda addaa walitti qabuuf kan dhiyaataniidha. Kaayyoon qorannoo kanaa waallee gurmaa'insa Geengoo Qulqullina Barnootaa sakatta'uun argannoo tokkorra gahuu dha. Odeeffannoo dhugaa ati naaf kennitu, bu'aa qorannoo kanaa ni murteessa. Kanaaf, af-gaaffii siif dhiyaate kana bilisa ta'uun akka naaf deebiftu kabajaan sigaafadha. Odeeffannoon sirraa argadhu iccitiin kan qabamu akkasumas hojii qorannoo kana qofaaf kan oolu ta'uusaa siif mirkaneessa.

Galatoomaa

Kutaa tokko qajeelfama waliigalaa

1. Maqaa mana barumsaa ___________
2. Saala __________
3. Umurii:_____________
4. Sadarkaa barnootaa ___________
5. Barnoota ittiin leenjifaman __________
6. Bara tajaajilaa ____________

Kutaa Lama: Af-gaaffii Dhiyaate

1. Geengoo qulqullina barnootaa gaalee jedhu kanaaf barsiisonni ilaalcha akkamii qabdu?
2. Hawaasa biratti geengoon qulqullina barnootaa haala akkamiin ilaalamaa jira?
3. Barattootni waa'ee geengoo qulqullina barnootaa kana ilaalchisee hubannoofi ilaalcha akkamii qabu?

4. Ijaarsi geengoo qulqullina barnootaa walitti hidhamiinsa inni siyaasaa waliin qabu bifa maaliin ilaaltu?
5. Geengoo qulqullina barnootaa irratti wanti jedhamuufi godhamu ergaa maalii qaba?
6. Hubannoon namoota gurmaa'insa geengoo qulqullina barnoota gurmaa'insa kanatti fayyadaman qaban maal fakkaata? Haaluma isa durii raayyaa jijjiirama barnootaan ilaalumoo isarraa adda?
7. Hoggantootni waajjira barnootaafi manneen barnootaa geengoo qulqullina barnootaa irratti ilaalcha akkamii qabu?

Galatoomaa!

**DABALEE-B**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**Gaaffiifi Deebii Hoggantootaaf dhihaate**

Hoggantoota Waajjira Barnootaa Aanaa Mana Sibuutiin Kan Deebi'u.

Kaayyoon gaaffiifi deebii kanaa kallattiidhaan waallee geengoo qulqullina barnootaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Mana Sibuu Mana Barumsaa Haroo Naadoo Sadarkaa Tokkoffaa keessatti haala inni itti hojiirra oolaa jiruun maal akka jedhamu sakatta'uuf odeeffannoo gara waajjira keessaniitiin argamuu danda'u walitti qabuudha.

Gaaffilee

1. Geengoo qulqullina barnootaa raayyaa jijjiirama barnootaa irraa maaltu adda godha?

2. Hubannoon namootni gurmaa'insa kana irratti qaban maal fakkaata?

3. Geengoo qulqullina barnootaa irratti waan jedhamuufi godhamu ergaa maalii qabu?

4. Ijaarsi geengoo qulqullina barnootaa walitti hidhamiinsa inni siyaasaa waliin qabu bifa akkamiin ilaaltu?

5. Maqaalee adda addaa barnootaaf yeroo yeroon jijjiiruun maaliif barbaachise?

6. Barsiisonniifi barattoonni geengoo qulqullinaa kana irratti ilaalcha akkamii qabu?

7. Hawaasni maal jedha, ilaalcha akkamii qabu, amanamummaan isaan mala kana irratti qaban akkamiin ibsitu?

Galatoomaa

**DABALEE-C**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**Af-gaaffii marii garee xiyyeeffannoo Barattootaaf dhihaate**

Gaafannoo waa'ee geengoo qulqullina barnootaa ilaalchisee maaltu akka jedhamaa jiruufi haala itti ilaalamaa jiru barattoota kutaa 1-8 ffaaf qophaa'an.

Galatoomaa.

Kutaa tokko qajeelfama waliigalaa


1. Maqaa mana barumsaa ____________
2. Saala ___________
3. Umrii:______________

**Kutaa Lama: Af-gaaffii Ragaaf dhiyaate**

Gaaffileen armaan gadii Qaaccessa Waallee Geengoo Qulqullina Barnootaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Mana Sibuu Mana Barumsaa Sadarkaa Tokkoffaa keessatti Gurmaa'insa Geengoo Qulqullina barnootaa irratti maaltu akka jedhamaa jiruufi haala kamiin ilaalamaa akka jiru qorachuuf odeeffaannoo adda addaa walitti qabuuf kan dhiyaataniidha. Kaayyoon qorannoo kanaa gaafilee bu'aa gurmaa'insa Geengoo Qulqullina Barnootaa irraa argamu asiin olitti eerame irratti xiyyeeffatan kan armaan gadii giddugaleeffachuudhaan hojiirra oolmaa gurmaa'insichaa sakkatta'uudha:

Hubannoon namoota gurmaa'insa kanarratti qaban maal fakkaata? Geengoo Qulqullina barnootaan maal jedhu? Haaluma raayyaa jijjiirama barnootaan ilaalumoo Haala kamiin ilaalaa jiru? Osoo gurmaa'insi kun hojiirra hin oolin dura kan turee raayyaa jijjiirama barnootaaf geengoo qulqullina barnootaaf hiikaa maalii kennu? Isa kamtummoo hojiirra oolaaa jira? Osoo gurmaa'insi kun hojiirra ooluu dhiiseera ta'ee rakkoo maaltu mudata?fi kan kana fakkaatan. Deebiin ati gaaffilee kanneeniifi kan birootiif laattu galma gahinsa qorannoo kanaaf shoora guddaa laata.

1. caaseffama fakkii geengoo qulqullina barnootaa kan mana barnootaa kana akkamitti hubattan hiikaa maalii kennituuf?




Madda (BBO: 2009)

2. Akkaataa caaseffama fakkii lakkofsa tokkoffaa kanaan ga'een tokko tokko ijarama kana maalii?
3. Wanti jedhamuufi geengoo kanaan hojjetamu ergaa akkamii dabarsu?
4. Ilaalcha, beekumsaafi hubannoo baratan olguddisuuf nigargaaraa?
5. Geengoo Qulqullina barnootaan maaltu jedhama?
6. Haaluma raayyaa jijjiirama barnootaan ilaalumoo Haala kamiin ilaalaa jiru? Isa kamtummoo hojiirra oola jira?
7. Osoo gurmaa'insi kun hojiirra hin oolin dura kan turee raayyaa jijjiirama barnootaaf geengoo qulqullina barnootaaf hiikaa maalii kennu?

Ammas Galatoomi!

**DABALEE-D**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**Daawwannaa Daree Keessaa**

Guca mirkaneeffannaa, daawwannaa qaaccessa waallee geengoo qulqullina barnootaa irratti wanti jedhamuufi godhamu maal akka ta'e ittiin adda baasuuf qophaa'e. Daawwannaan kun, filannoowwan gosa lama of keessatti kan qabate yoo ta'u, gabatee keessatti gaaffii fuulduratti mallattoo (√) kaahuun deebiin ibsama.

Maqaa mana barumsaa_____________________________________________

Kutaa__________________________

Daree__________________________

Guyyaa________________________

| lakk. | **Dhimmoolee daawwannaan irratti geggeeffame** | Eyyee | lakki |
|---|---|---|---|
| 1 | **Gahee barsiisaa** | | |
| 1.1 | Mataduree barnoota guyyichaa barattootaaf beeksiseeraa? | √ | |
| 1.2 | Qabxii ijoo gabatee gurraacharratti barreessuun jiraa? | √ | |
| 1.3 | Barattoota kutaa keessatti hirmaachisuun jiraa? | √ | |
| 1.4 | Geengoon hojjachiisuu keessatti barattoonni geengoo hundi ni hirmaatuu? | | √ |
| 1.5 | Barattoonni osoo hojii geengoo hojjachaa jiranuu akka hirmaatan jajjabeessuun jiraa? | √ | |
| 1.6 | Barattoonni hojii dareefi mana hojjachuusaanii sirreessuun mirkaneessuu | | √ |
| 1.7 | Meeshaalee deeggarsa barnootaatti ni fayyadamuu? | | √ |
| 1.8 | Kitaaba barataatti gargaaramuun dabalataan kitaaba biroo kutaatti fiduun barnoonni kennamaa jiru akka qabatama ta'u taasiisuun jiraa? | | √ |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 2 | **Baratattaa** | | |
| | Barattoonni geengoon mari’achuu irratti fedhii qabuu? | | √ |
| | Yaada wal-jijjiruuf carraa argachuun jiraa? | | √ |
| | Yaadannoo ni qabatuu? | √ | |
| | Barattootni hojii daree keessatti kennamuufii hojjechuuf kaka'umsa qabuu? | | √ |
| | Garee uumame keessatti tokkoon tokkoon baratataa gahee qabaa? | √ | |
| | **Haala daree barnootaa** | | |
| | Barattoota daree keessa jiraniif teessoon gahaa jiraachuufi dhiisuu | | √ |
| | Teessoowwan jiran bakkaa bakkatti kan socho’aniidha? | | √ |
| | Teessoowwan gidduu daddarbuuf bakki gahaan jiraa? | | √ |
| | Baay’inni barattootaafi bal’inni daree barnootichaa walsimataa? | | √ |
| | Teessoowwan daree keessaa haalaan tarreeffamoo dha? | | √ |
| | Dareen barnootichaa ifaafi qilleensa gahaa qaba? | | √ |
| | **Meeshaalee deggarsa barnootaa** | | |
| | Fakkiwwan garagaraa, poostaroonni, gabateewwan,fi k.k.f barnooticha qabatamaa taasisuuf keenyan irratti maxxanfamanii jiruu? | | √ |
| | Barsiisaan kitabaa barnootaan alatti meeshaalee deegarsa barnootaa daree keessatti fayyadameeraa? | | √ |

**DABALEE: E**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**Qaaccessa ragaalee waallee dubbii geengoo qulqullina barnootaa**

A, **Mamaaksota:**

**Ragaa 1ffaa** A. *Sunsuma geddaraniif hittoon hinmi'aawu*
*B. Maqaan erbaniif haarawaa hintaatu*
*C. Adurreen keessi bineensa*
*D. Osoon gubadhuun kolfa jette akaayiin*
E. *Bitaan yaabaniis, mirgaan yaabanis, walgayiin kooruma jette gaangeen*
F. *Sagal elmamus sagaltami elmamus koo qiraacuma jette adurreen*
*G. Simbirri laboobaa wolfakkaatu qabdu woliin balaliiti.*
H. *Firri gara firaa jennaan erbeen gara loonii ceete*
I. *Rakkataan dubartii ulfoofte fuudha.*
*J. Qoraatii ofirra tursuun madaa ofitti bal'isuudha*
*K.Mana hormaa bareedaarra godoo ofii wayya*
*L.Bara humna qaban sagaliin lolu, bara humna hin qabne sagalee tolu*
*M. Sanyiin buqqee miicaniitu hadha'a*

**B, Geerarsoota**

**Ragaa 2ffa** *Yaa shanee, yaa garee*
*Yaa raayyaa yaa geengoo*
*Yaa jaalallee yaa sirna koo*
*Yaa jaallallee yaa barumsakoo*
*Diina faana michoomtee*
*Carraa ijoollee keenyaa fixxee*
*Kan carraa biroo bantee*
*Gumaan dhaloota hinhafuu*
*Maal godhu garuu haa teessu*
*Garaa nu hammeesuu( x2)*

**Ragaa 3ffaa**

*Raafuun galaa ta'aa ree*
*Nyaatan garaa ga'aaree*
*Otuu akka garaa kootii*
*Qajeelfamni kun kan oromooti*
*Geengoon maqaa taphaatii*
*Shaneen abaarsa jeraatii*
*Raayyaan humna waraanaati*
*Itti himuu akka koo hinta'uu*
*Akka garaa koo hinta'uu jedha***.**

*Kan nyaannu garaatti*
*Kan baannuu mataatti*
*Maa nurakkisu akka alagaatti*
*Ni beekna qabna beekaa*
*Kan baasuu beekumsaasaa*
*Kan qopheessuu ogummaasaan*
*Kan dhaalchisuu dhalootasaa*

**Ragaa 4ffaa**

*Maal carraa hamaan gurbaa,*
*Irreen irree nyaataa*
*Moo, irreen irree baataa*
*Irree hinfakkaanne tasaa*
*Hoolaan hoolaa tiksaa*
*Moo hoolaa cumaa jigsaa?*
*Taayitaan geengoo tachachiisaa*
*Tapha ajaa'ibsiisaa kan ijabaasaa*
*Barattootuma waliin wal taphachiisiisaa*
*Dhiiraafi dhalaan walitti kofalsiisaa*
*Hiree isaanii waliin wal dadhabsiisa*
*Biyya abbaa isaanii dhabsiisa*

*Yaa warra keenyaa warra laga gamaa*
*Boris iftaanis tooftaan keesan lamaa*
*Cubbuu dhalootaa nutti hambistanii*
*Waaqa uumaasaaniin wallolchiistanii*
*Guyyaan nidhumaa guyyaan nidhufaa*
*Haamurteessuu guyyaan inni dhumaa*

## C, Jechamoota

***Ragaa 5 ffaa***

*Dabbasaa haaraa biqilchatee*
*Buqqee duwwaa kan galchitee*
*Bosona biyyaa kan hiriyyaa*
*Mitihoo silaa argaa dhabaa*
*Kan jijjiiruu qalbii hojii dhabaa*
*Hittuu balleessee jireenya barataa*
*Odaa jala jirraa garuu akka waaqaaf jirraa*

**D, Malleen dubbii**

**Ragaa 6ffaa**

A. *Bareedni maqaasaa aduu barii golgoleessa*
B. *Fuula waaqatu namaa tolcha, deemsa abbaatu tolfata jedhe jaldeessi*
C. *Kan garaa malee kan maqaa yoom nadhibe jedhe waraabessi*
D. *Oromoon achii kaanaan akka qeerransaati*
E. *Oromoo sobanii afaaniin kan garaacha saawwaa uffate godhanii himu*
F. *Jaarsillee gaafa nama eebbisu hambaa godhadhu namaan jedha*
G. *Hojiin mootummaa kanaa duubaan hallayyaadha.*

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uu isaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Qixxaataa Tottoobaa Yaadataa

Mallattoo: ____________________

Guyyaa: ______________________